

XIINXALA MAQAALEE DHAABBILEE DALDALAA: XIYYEEFFANNOON
BULCHIINSA MAGAALA SABBATAAFI BURAAYYUU

FIREHIWOOT ABBABAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO
BARSIIISUU GAMISAAN GUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII
ADDIS ABABAAKOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA

WAXABAJJII 2011/ 2019

FINFINNEE

XIINXALA MAQAALEE DHAABBILEE DALDALAA:
XIYYEEFFANNOON BULCHIINSA MAGAALA SABBATAAFI
BURAAYYUU

QORATTUUN: FIREHIWOOT ABBABAA

GORSAAN: ADUNYAA BARKEESSAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO
BARSIIISUU GAMISAAN GUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII
ADDIS ABABAAKOLLEEJII NAMOOMAA, QO' ANNOO AFAANII,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA

WAXABAJJII 2011/ 2019

FINFINNEE

DHAABBATA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuu gamiisaan guuttachuuf Firehiwot Abbabaatiin Mata duree “*Xiinxala Maqaalee Dhaabbilee Daldalaa: Xiyyeeffannoon Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Buraayyuu*” jedhu irratti qophaa’e, adeemsa barbaachisu guutee dhiyaateera.

Koree Qormaataa

QoraaAlaa: _____ Mallattoo : _____ Guyyaa: _____

QoraaKeessaa: _____ Mallattoo: _____ Guyyaa: _____

Gorsaa: _____ Mallattoo: _____ Guyyaa: _____

Dura Taa’aa Muummee Yookaan Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

Axeraara

Qorannoon kun maqaalee dhaabbilee daldala Bulchiinsa Magaalaa Burayyuufi Sabbataatti maal akkafakkaatu xinxaluu irraatti xiyyeeffata. Kaayyoowwan qorannichaa maqileen dhaabbilee daldalaafi omisha daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa keessatti afaan kamiin akka moggaafamaniifi afaan kamiin akka barreeffaman xiinxaluun dhiibbaa isaan eenyummaa hawaasa magaalichaa irratti qaqqabsiisaa jiran addaan baasuudha. Kaayyoo kana galmaanga'uufis iddatteessuu miti carraatti gargaaramuun odeeffattoonni filatamanii jiru. Odeeffattoota kanarraas meeshaalee funaansa ragaa af-gaaffii, daawwannaafi mariigareetti dhimma bahamee ragaan walitti qabamee jira. Ragaaleen walitti qabamanis kan qaacceffaman mala akkamtaafi ammamtaan yoo ta'u, kunis jechaafi lakkoofsaan ibsuun hiikni itti laatamee jira. Argannoon qorannichaa akka mul'isutti, dhaabbilee daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa maqaalee dhaabbata daldalaafi omisha isaanii moggaafachuuf Afaan Ingilizii, Afaan Amaaraafi Afaanoota biroon walmakaa baldhinaan kan fayyadaman yoo ta'u, Afaan Oromoo qofa kan fayyadaman kan hinjirre ta'uu, moggaasa maqilee dhaabbilee daldalaa ilaalchisee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin qajeelfamniifi labiin bahe jiraatus, xiyyeeffannoo kan itti hinkennine ta'uun bira gahamee jira. Rakkooleen kun ammo AfaanOromoo Afaan daldalaa ta'uun akka dagaagu gochuu irratti dhiibbaa guddaa kangeesisuudha. kanaaf qorattuun, moggaasa maqilee dhaabbilee daldalaa ilaalchisee Biirtoon Aadaaf Turiizimii Oromiyaa haala qabatamaa ammatti jiru irratti hundaa'ee labiifi qajeelfama aangoon kennameef itti fayyadamuun, caasaaleen hanga gadiitti isa jalatti hogganaman abbootii qabeenyaaf hubannoo gahaa akka kennan taasisuun, akkasumas akka hordofaniifi to'atan gochuun irratti yoo hojjate, rakkoo kanaaf furmaata nita'a jettee amanti.

Galata

Waan hundumaa dura nagaafi fayyaa naaf laachuudhaan kaayyookoo akkan galmaan gahuuf sadarkaa kanaan isa nagahe Waaqayyoon baay`een galateeffadha.

Itaansee, yeroon waraqaa qorannoo kana qopheessu jalqabaa hanga xumuraatti beekumsaafi gahumsa qaban daangaa malee naaf gumaachuudhaan kan nagorsaa turan Adunyaa Barkeessaa (PhD) baay`een galateeffadha.

Dabaltaanis, hiriyoota koo iddoo hojiitti yaadaafi beekumsa qabaniin; kallattii adda addaan waraqaa qorannoo koo galmaan gahuuf ragaalee funaanuu keessatti kanneen nagargaaran Ogeessa Qorannoo Afaanii GAO Dirribaa Tarrafaafi Baqqalaa Buko gargaarsa natumsaa turaniif nangalateeffadha.

Xumurarrattis , nuffii tokko malee gaaffii kootiif deebii kan naaf kennan, ragaalee ani barbaades kan naaf gumaachanifi odeef-kennitoota qaamoolee hawaasaa irraa akkan ragaa argadhuuf haala kan naaf mijeessan hojjetoota Waajjiraalee Adaafi Turizimii Bulchiinsa Magaala Sabbataafi Buraayyuu baay`een galateeffadha.

I. Gabaajeewwan

BATO =Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa

GAO = Giddugala Aadaa Oromoo

FDRE= Federal Democratic Republic of Ethiopia

A.O = Afaan Oromoo

A.A = Afaan Amaariffa

A.I = Afaan Ingilizii

B.M = Bulchiinsa Magaalaa

T.L = Tartiiba lakkoofsaa

Baafata

BOQONNAA TOKKO.....	1
SEENSA	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa	5
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7. Qindoomina Qorannichaa	5
1.8. Haala Waliigala Bakka Qorannichaa	6
BOQONNAA LAMA.....	11
SAKATTA’A BARRUU	11
2.0. Seensa	11
2.1. Faayidaa Afaanii	11
2.1.1. Fayyadama Afaanii	12
2.1.2. Muuxannoo Fayyadama Afaanii Biyyoota Addaa Addaa	13
2.1.3. Fayyadama Afaanii Biyya Itophiyaa.....	16
2.4. Afaan Daldalaa (Business Language).....	19
2.4.1. Maqaa Dhaabbilee Daldalaafi Omisha Daldalaa	20
2.4.2. Fayyadama Afaanii Barreeffama Beeksisa Daldalaa Keessatti.....	22
2.5. Enyummaa	25
2.6. Afaanfi Enyummaa	25
2.7. Sakatta’a Barruu Walfakkii.....	27
2.8. Yaaxina Qorannichaa	28
BOQONNAA SADI.....	29
SAXAXAAFI MALA QORANNOO	29
3.0. Seensa	29
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	29
3.2. Mala Qorannichaa	29
3.2.1. Mala Iddatteessuu	30
3.2.2. Irraawwatama Qorannichaa	31

3.2.3. Madda Ragaa	31
3.2.4.Meeshaalee Funaansa Ragaa.....	32
3.2.4.1Afgaaffii.....	32
3.2.4.2.Daawwannaa	33
3.2.4.3. Marii garee	33
3.2.5.Mala Qaaccessa Ragaa.....	34
BOQONNAA AFUR.....	35
QAACCESSA RAGAALEE	35
4.0. Seensa	35
4.1. Afaan Moggaasa Maqaa Dhaabbilee Daldalaafi Omishaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa	36
4.4.1. Dhaabbilee Bishaan Dhugaatii Omishan	36
4.4.2. Daakuufi Akaakuu Nyaata (Paastaafi Makaroonii) Omishan	37
4.4.3. Dhaabbilee Karameellaa, Biskutafi Juusii Omishan.....	39
4.4.4. Dhaabbilee Zayita Nyaataafi Mi'eessituu, Gosa Nyaata Ittoof Tajaajilan Omishan.....	40
4.4.5. Hoteelotaafi Bakkeewwan Bashannanaa Tajaajilaa Nyaataafi Dhugaatii Kennan.....	41
4.4.6. Dhaabbilee Abaaboo Omishan.....	43
4.4.7. Dhaabbilee Pilaastika Omishaan.....	43
4.4.8. Dhaabbilee Huccuu Omishan.....	44
4.4.9. Dhaabbilee Meeshaalee Ijaarsaa Omishanifi Ijaarsa Irratti Bobba'an.....	46
4.2. Dhaabbileen Daldalaa Dhaabbataafi Omisha Isaanii Beksisuuf Afaan Ittiin Barreessan....	48
4.2.1. Abbummaa Dhaabbatacha Ibsuu Irratti kan Hunda'an.....	49
4.2.2. Bakka Irraa Dhufanifi Eenyumma Keessaa Calaaqisiisan.....	53
4.2.3. Cimina Ykn Addumma Meeshaa Omishanii Ibsuu Irratti Kan Hunda'an	55
4.3. Qajeelfama Moggaasa Maqaalee Dhaabbilee Daldalaa Daangessu.....	56
4.4. Moggaasa Maqaa Dhaabbilee Daldalaa Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataatiin	
Dhiibbaa Gama Enyumma Hawaasa Oromoo Irratti Mullatu.....	58
4.4.1. Enyumma Dudhaa Hawaasaa Irratti Dhiibbaa Inni Qabu.....	58
4.4.2. Enyummaa Afaan Hawaasaa Oromoo Dhiibbaa Inni Qabu.....	60
4.5. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffiifi Marii Garee.....	61
4.5.1. Afgaaffii Abbootii Qabeenyaa Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataa Waliin	

Adeemsifame.....	61
4.5.2. Afgaaffii Waajjiraalee Mootummaa Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataa Waliin Adeemsifame.....	63
4.5.3. Marii Garee Maanguddoota Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataa Waliin Adeemsifame.....	66
BOQONNA 5.....	68
CUUNFAA.....	68
5.0. Seensa	68
5.1. CUUNFAA	68
5.2. ARGANNOO.....	70
5.2.1. Afaan Ittiin Moggaafatan Ilaalchisee.....	70
5.2.2. Barjaa/Omisharratti Afaan Ittiin Barreessan Isaanii Ilaalchisee.....	71
5.2.3. Qajeelfama Moggaasa Maqaa Dhaabbilee Daldalaa Daangessufi Barreeffamoota Beeksisa Afaan Oromoo Ilaalchisee Jiru Fayyadamuurratti.....	72
5.2.4. Dhiibbaa Gama Enyummaa Afaanii Irraan Gahe Ilaalchisee.....	73
5.3.GUDUUNFAA.....	73
5.4.YAADA YABOO	74
Wabiilee	76
DABALEEWWAN 1 ^{FFAA}	80
DABALEEWWAN 2 ^{FFAA}	90
DABALEEWWAN 3 ^{ffaa}	96

TARREE GABATEEWANII

G.1. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	36
G.2. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	38
G.3. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	39
G.4. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	41
G.5. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	42
G.6. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	43
G.7. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	44
G.8. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	45
G.9. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile.....	46
G.10. B.M Buraayyuutti Dhaabbileen Daldalaa Afaan IttiinMoggaafatan.....	47
G.11. B.M Sabbataatti Dhaabbileen Daldalaa Afaan Ittiin Moggaafatan.....	47
G.12. Magaala Sabbataatti Dhaabbileen Daldalaa Barjaa/Omisharratti Afaan Ittiin Barreeffatan.....	56
G.13. Magaala Buraayyuutti Dhaabbileen Daldalaa Barjaa/Omisharratti Afaan Ittiin Barreeffatan.....	56

BOQONNAA TOKKO

SEENSA

1.1. Ariirrata Qorannichaa

Hawaasni kamiyyuu akkuma aadaa isaatti namootaaf, bakkeewwaniif, wantootaa maqaa baasa. Maquma baasetiinis waamama. Maqichis eenyummaa dhuunfaa ykn waloo isaaniiti. Yaada kana ilaalchisee toorri interneetii [dictionary.reference.com m/browse/naming](http://dictionary.reference.com/m/browse/naming) akka ibsutti, “Naming is a word or combination of words by which a person, place, or thing, a body, or class, or any object of thought is designated, called or known.” jedha. Akka yaada kanaatti maqaan namoonni, bakkeewwan, wantoonni, qaamni wayii, kutaan hawaasaa kan ittiin waamaman, kanneen irraa adda ittiin bahanii beekkaman, muldhistuu eenyummaa ta’uu isaa argisiisa.

Yule (1996) ammoo maqaa haasgocha (speech act) waliin walqabsiisee yoo ibsu, “Names are speech acts that accomplish actions like “requesting”, “commanding”, “questioning” and “informing” jedha. Kunis maqaan tokko dalagaa hawaasaa guyyaa keessatti maal akka raawwatu argisiisa. Maqaan eenyummaa waan bakka bu’e tokko ijaaruu, ibsuufi daddabarsuu, tajaajiluu irra taree gochaa deeggaruu, mormuu, gaafachuufi wkf raawwachuun isaa ammo kallattii qo’annoo afaani isaa afaan akka dalgaa hawaasaatti “language as asocial practice” jedhu tumsuu isaa argisiisa. (Farclaugh, 1992; Austin 1992 & Wodak, 2001)

Maqaan qaama afaaniiti. Afaan ammo eenyummaa hawaasa tokkooti. Ijaartuu eenyummaa hawaasaa kanneen akka eenyummaa naannoo, eenyummaa aadaa, eenyummaa amantiifi wkf ta’uunis nitajaajila (Barth, 1969, Bloomart, 2005). Goshgarian (2001) ammo yaada kana yoo ibsu, “Language is the highest intellectual activity we practice. It is the way we define our selves who we practice. It is the way we define ourselves who we are as a species, as individuals, as society and as a culture. It is the bases of thought because it contains the symbols of thought.” jedha. Yaadni kunis, afaan mallattoo eenyummaa aadaa saba tokkoo kan ittiin ibsatan, bu’uura jireenya dhala namaa ta’uu argisiisa. Haaluma kanaan tajaajila afaan kennu kana keessatti tajaajilli maqaan kennu isa tokko ta’uu kan hubannu yoo ta’u, maqaan immoo dhimmoota addaa addaa inni keessatti tajaajilu keessaa daldalli isa tokko.

Daldala keessatti gahee maqaan tokko qabu ol'aanaa dha. Fayyadamni afaanii maqeessuun walqabatus abbuma moggaafate sana tajaajila. Biyyoonni diinagdeen hedduu guddatan gabaa biyya isaanii keessatti sadarkaa fedhii jiruun hunduu guutuu waan ta'eef, galii dabalataa baldhinaan argachuuf, omisha isaanii biyyoota biro keessatti babaldhisu. Adeemsa kanaan hawaasa addaa addaa waliin hariiroo daldalaa uumuun, carraa kanaan muuxannoo jireenya, aadaafi afaan isaanii babaldhifatu (Schmied, 2004 & Meyerhoff, 2006).

Babaldhifannaa taasifamu keessatti maqaaleen lafaa, aadaa, omishaa, ijaaramuu beekamtii kan argatan hunda caalaa affaaniini. Fakkeenyaaf "Tajaajilli ani kennu kana" jechuun hawaasa biratti beekamuufis ta'e fudhatama argachuuf maqaa argachuun dirqama waan ta'eef dhaabbileen daldalaas adeemsuma kanaan maqaa moggaafatu jechuudha. [Business - Simple English Wikipedia, the free encyclopedia](#) irraa, "A trade name, or business name is a pseudonym frequently used by companies to operate under a name different from their registered, legal name. The term for this type of alternative name is a "fictitious" business name. Registering the fictitious name with the relevant government body is often required." jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti, maqaan daldalaa dhaabbileen tokko tajaajilli isaan kennan ykn omishni isaanii kanneen biro biratti akka beekamuuf daldaltoonni kan isaan moggaafatan yoo ta'u, haalli moggaasuu isaas kalaqa irratti hunda'a. Maqaa kanaan beekamtii argachuun hojjechuuf qaama ilaallatu biratti galmeesisuun dirqama ta'a.

Gama biroottiin, maqileen kun barreeffamaan maxxanfamanii barjaarratti ykn omisha irratti yoo muldhatan hawaasa naannoo sanaa beeksisuu keessatti gahee ol'aanaa qabu. Yaada kana Gorter (2003) yoo ibsu, "The use of written city language includes street names, bars, restaurants, shops, banks, post offices, graffiti and anything else printed as part of a city promotion of creativity and respect of cultural and social difference." jedha. Yaada hayyuu kanarraa fayyadamni afaanii barreeffamaan, barjaalee irratti maqilee daandii, mana nyaataa, suuqii, baankoota, mana poostaafi kkf irratti maxxanfaman haala guddina hojii kalaqa magaalaa sanaa, garaagartummaa aadaafi garaagartummaa hawaasa gidduu jiru giddugaleessa kan godhatan ta'uu hubanna.

Haaluma kanaan qorannoon kun maqileen dhaabbilee daldalaatiin moggaafamanii, barreeffamaan barjaalee irratti ykn omisha irratti yeroo maxxanfamanii tajaajila beeksisaatiif oolaa jiran guddina Afaan Oromootiif gumaachi isaan taasisan maal akka fakkaatu, akkasumas

haalli afaanichatti fayyadamaa jiran fayyadama afaanii sadarkaa guddinni Afaan Oromoo amma irra gaheirratti dhiibbaa akkamii akka qabu addaan baasuu irraatti xiyyeeffata.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Barreeffamoonni beeksisaa barjaarratti maxxanfamanii magaaloota keessatti naannoowwan dhaabbileen daldalaa itti heddumaatan, akkasumas daandii konkolaataa irratti hedduminaan muldhatan, xiyyeeffannoo ol’aanaan yoo ilaalle, ergaa barreeffama sanaa qofa osoo hintaane hawaasni magaala sana keessa baldhinaan jiraatu eenyu akka ta’e nutti muldhisa. Barni & Machetti (2015) yaada kana yoo ibsan, “Linguistic landscape signs describe the identity of a city and almost ‘speaks the language’ of its inhabitants at a moment in time.” jedhu. Yaada kanarraa kan hubannu barreeffamni xinqooqa naannoo tokkoo eenyummaa magaala sanaafi yeroosanatti dubbattoonni afaan sanaa eenyu akka ta’an nutti muldhisa.

Kana malees, bareeffamni sun dhimmi biroo inni nutti muldhisu, Akindele (2011) yoo ibsu, “The use of different languages in the sign also reflects the power, status and economic importance of the different languages.” jedha. Akka yaada kanaatti, fayyadamni afaan addaa addaa barjaalee irratti muldhatu, humna afaanoonni kun qaban, sadarkaa isaan irra jiraniifi diinagee keessatti gahee afaanoonni garaagaraa gumaachaa jiran akka ilaallu nutaasisa.

Hata’u iyyuu malee haala qabatamaa Magaaloota Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti argaman yoo ilaalle, hawaasni Oromoo baldhaan duruma irraa eegalee abbumaadhaan gandoota magaaloota kana irra jiraachaa as gahe iyyuu, yeroo ammaatti bakka qubannaafi babaldhifannaa daldala saboota addaa addaa ta’aa bifa jijjiirrachaa waan dhufaniif, magaaloota kana keessatti Afaan Oromoo afaan daldalaa ta’uun diinagdee daldalaa keessatti gahee ol’aanaa qabaachuu waan danda’e hinfakkaatu. Dhiibbaan kun ammoo waliigalaan Ummanni Oromoo Afaan Oromoo sadarkaa naannoorra darbee hanga Federaalaatti afaan hojii akka ta’u arguuf, hawwii bara dheeraaf qabaachaa tureef haalduree mijeessaa waan jiru hinfakkaatu.

Labsii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk 46/1994 tiin Afaan Oromoo Afaan Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa erga ta’ee eegalees, jijjiiramoonni guddina afaanichaa argisiisan tokko tokko jalqabbii gaarii haata’an malee, Afaan Oromoo humna inni diinagdee biyyaa keessatti qabu cimsuu dhabuun, afaan dorgomaafi filatamaa, afaan hojii mootummaa Federaalaa akka ta’uuf akka ta’u gochuuf dhiibbaa irraan gahuu danda’a. Qorannoo kanaafis

qabxiin nakakaase yaaddooko kana kan bu'ureffatu yoo ta'u, qorannoowwan garaagraa mata duree kana waliin hariiroo qabanis yoo ilaalle, Milkeessaan (2015), Afaan Oromoo afaan walqunnamtii daldalaa kanneen akka suuqii, hooteela, mana shaayiif bunaa, sinimaafi kanneen biroo keessatti afaanichaan fayyadamuu irratti hanqinni guddaa kan jiru ta'uu isaa nidhugoomsa. Dabalataanis Daangaan (2018) , Magaaloota Oromiyaa keessaa kanneen Magaalaa Finfinneetti marsanii jiran kan akka : Magaalaa Sabbataa, Magaala Buraayyuu, Magaala Sulultaafi Magaala Laga Xaafoo Laga Daadhii keessattii barreeffamoota beeksisaa dhaabbilee daldalaa ilaalchisee itti fayyadamiinsi Afaan Oromoo haala eeggamuun kan hin dagaagne ta'uu ibsiteetti. Booranaa (2016), barreeffamoota beeksisaa barjaalee Magaala Gaango'aa seerluga Afaan Oromoo eegani kan hinjirre, barjaaleen hedduun isaanii caasaa gaalee maqaa kan qaban yoota'an, akkaataan fayyadamasanii garuu, caasaa gaalee maqaa Afaan Oromoo osoo hin taane, kan Afaan Amaaraafi Imgilizii ta'usaa xiinxalee jira.

Hata'u iyyuu malee bu'ura yaaddooko irraa ka'uun qorannoowwan mata duree kana waliin hariiroo qaban kun fayyadama Afaan Oromoorratti Magaaloota Naannoo Oromiyaa keessatti, hanqinoonni jiraachuu yoo ibsanis, dhaabbilee daldalaaf/omisha daldalaaf maqaan moggaafamaa jiru afaan kamiin moggaafamaa akka jiruufi qajeelfamni moggaasa maqaa dhaabbilee daldalaa daangessu jiraachuu isaa sirriitti ifa gochuu irratti hanqina waan qabuuf, qorannoo kana gaggeessuuf akkan kaka'umsa horadhu nataasisee jira. Kanaaf, qorannoon kun, gaaffilee bu'uura armaan gadii deebisuuf yaala.

- Dhaabbilee daldalaa/omisha isaanii beeksifachuuf afaan kamiin maqaa moggaasu?
- Maqaa daldalaa/omisha isaanii beeksifachuuf afaan kamiin omishaafi barjaarratti barreessu?
- Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Sabbataa keessatti qajeelfamni moggaasa maqaa daldalaa/oomishaa daangessu jiraa?
- Moggaasni maqaalee beeksisaa eenyummaa ummataa irratti akkamiin dhiibbaa geesisa?

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyon gooroo qorannoo kanaa dhaabbilee daldalaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuufi Sabbataa Afaan Oromoo fayyadamuun maqaalee moggaafachuu irratti maal akka fakkaatan xiinxaluu yoo ta'u, kaayyoowwan gooree qorannichaa ammo akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

- Dhaabbilee daldalaa/omisha isaanii beeksifachuuf afaan kamiin maqaa akka moggaasan adda baasuu.
- Maqaa daldalaa/omisha isaanii beeksifachuuf afaan kamiin omishaafi barjaarratti akka barreessan adda baasuu.
- Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Sabbataa keessatti qajeelfamni barreeffama maqaa daldalaa/oomishaa daangessu jiraachuu isaa ibsuu.
- Moggaasni maqaalee beeksisa daldalaa afaan, eenyummaafi dudhaa ummataa irratti akkamiin dhiibbaa geesisuu akka danda’u ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Sabbataatti maqaa dhaabbilee daldalaa Afaan Oromoon Moggaasuun, bareessuun beeksifachuu irratti haala qabatamaa jiru xiinxaluudhaan hanqinoota muldhatan adda baasuun yaada furmaata kennuuf barbaachise. Kana malees,

- Afaan Oromoo dagaagsuuf, baldhinaan afaan daldalaa akka ta’u xiyyeeffannoon irratti hojjechuun gahee ol’aanaa waan gumaachuuf, namoota dhimma kana irratti leenjii qopheessuun kennuu barbaadaniif madda odeeffanno ta’uun nitajaajila.
- Namoota gara fulduraatti mata duree kana waliin kan wal fakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka’umsaatti madda odeeffannoo ta’uun tajaajilu danda’a.
- Waajjiraaleen Aadaafi Turizimii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Sabbataa to’annaa gaggeessuuf kallattiidhaan aangoo mana hojii isaanii waan ilaallatuuf argannoo qorannichaan mirkana’e ka’umsa godhachuun tarkaanfii jijjiiramaa fudhachaa akka deeman taasisa.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo tokkoo kan irratti hundaa’u bakka qorannichi iitti gaggeeffamu, qaama odeeffannoofi qabiyyee qorannoon irratti gaggeeffamu irratti. Haaluma kanaan, qorannoon kun kan gaggeeffamu Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Sabbataa keessatti dhaabbilee daldalaa keessaa, kanneen gurguddoo kaappitaalli isaanii kuma dhibba shanii ol ta’ee (sadarkaa ‘A’ keessatti kan ramadaman), baayina dhibba sadiifi kudhan (310) Afaan Oromoon

maqaa dhaabbilee isaanii ykn oomisha isaanii moggaasuun beeksifachuufi Afaan Oromoon fayyadamanii barreessuu irratti maal akka fakkaatan xiinxaluu irratti daangeffama.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo “Xiinxala maqaalee dhaabbilee daldalaa” jedhu kanakeessattis hanqinoonni armaan gadii qorattuu mudateera .Isaan keessa hangafoonni:abbootiin qabeenyaa barjaaleen dhaabbata isaanii suuraan kaafamee akka fudhatamuuf fedhii dhabuu, bulchiinsa magaalootarraa ragaalee qinda’aafi guutuu ta’e haala barbaadameen, yeroo barbaadame keessatti argachuu dhabuu, maddoonni odeeffannoo kennan odeeffannoo qulqulluufi amanamaa kennuurratti of qusachuufi shakkuudha.

1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti qorattuun yaadrimee moggaasa maqaa dhaabbilee daldalaa bal’inaan addeessuun rakkoolee kanaan walqabatani maqaalee barjaalee/omisha Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Buraayyuu keessatti mul’ataniif akkamitti akka furamu ifa gootee jirti.Qorannoon kunis boqonnaa shanitti qoqqoodamuun kan dhiyaateedha. Boqannaan inni jalqabaa seensa yoo ta’u, innis ariirata qorannichaa, ka’umsa, kaayyoo,barbaachisummaa, daangaafi hanqinoota kan ofkeessatti hammatu yoo ta’u, boqonnaa lammaffaa keessatti yaaxina qorannichi bu’ureffatu, sakatta’a barruu garaagraa, akkasumas barruuleen armaan dura matadurichaan walitti dhiyaatan keessatti dhiyaachuun adeemsa qorannichaa murteessaniidha.

Kutaan inni itti aanu boqonnaa sadaffa mala qorannichi ittiin gaggeeffame yoo ta’u; akkaataa maddiiqorannichaa filatame, meeshaaleen raga guuruuf tajaajilaniifi akkataa ragaan qinda’ee itti qaaceffamu kan ibsudha. Kutaan inni itti aanu boqonnaa araffaa yoo ta’u, kunis ragaaleen guuraman keessatti qaaceffamuun bakka hiika itti argataniifi kutaan inni dhumaa boqonnaa shan immoo, hojiin waliigalaa qorannichaa kan keessatti cuunfaman, yaada furmaataa argataniifi yaboon kaa’amuudha.

1.8. Haala Waliigala Bakka Qorannichaa

Magaaloonni naannawaa Finfinnee bara 1996 irraa eegalee, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Godina Addaa Naannawaa Finfinnee jalatti maqaa harawaan osoo hinhunda’iniin

duras dachee qabiyyee Oromoo Tuulamaa keessaa kan hortee sadeen Tuulamaa Daacci, Bachoofi Jiillee akka ture seenaan nidubbata. Bu'uruma kanaan kitaabni Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16^{ffa} (1998) akka ibsutti, Oromoon Tuulamaa yeroo dheeraaf naannoo giddugala Itoophiyaarraa kaasee qubatanii jiraachaa kan turan ta'ee, haala qubsumaan Kaabaan hanga Walloo gahutti, Kibbaan Haroo Dambal, Kibba bahaan immoo hanga Arsiifi Karrayyuun kan daangeffamu ta'ee, Lixaan immoo hanga qabiyyee gosa ilmaan Liiban Maccaatti kan diriiredha. Horteen gurguddoo sadeen worra Tuulamaas Daacci, Bachofi Jiilleedha. Horteen ilmaan Daacciis Galaan, Oboofi Sooddoo yoo ta'an, hangaftich Galaan Kibbaan Tulluu Cuqqaalaa dabalatee malkaa Hawaas irraa ka'uun gara Kaabaatti hanga walakkeessa biyya Finfinneetti qubateera .

Hortee Oboos yoo ilaallu, ilmaan torban keessaa hangaftichi Gimbichu yoo ta'u, Guullalleefi Eekkaan kanneen itti aananidha. Guullalleen laga Mogor gara mirgaatti dhiisuun Muloofi Gimbichuu keessa kutee Finfinnee keessa jiraata. Eekkaan immoo Galaan jiddugalaafi Guullalleedhaa gara Baha Finfinnee laga Qabannaa irraa kaasee gara bahaatti hanga Gimbichuufi Jidda gahutti qubatee argama. Kan sadaffaa hortee ilmaan Daaccii keessaa Sooddoo qubsumni isaa gara Kibbaafi Kibba dhihaa Malkaa Hawaas irraa gara Kibbaatti hanga Arsiifi ummattoota Kibbaa gahutti gara Lixaan Waliisoon, gara Kaabaatiin immoo Bachoofi Galaaniin wal daangessa.


Bu'uruma kanaan qabiyyee hortee Tuulamaa kana keessaa bakka ilaamaan Galaan, Meettaa, Ada'aa kan keessatti argaman Magaala Sabbataafi ilaam Guullallee kan keessatti argaman Magaalli Buraayyuun xiyyeeffannoo qorannoo kanaa waan ta'aniif, wa'een haala qabatamaa magaaloota kanaa bifa armaan gadiin dhiyaateera.

Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu, bara 1946 nama Giraazmaach Roobii Kallachaa jedhamaniin akka hundoofte odeeffannoota magaalaa sanaan nidubbatama. Buraayyuu moggaasa maqaa isheetiin walqabatee yaadoota garaagaraa kan ka'u yoo ta'u, inni jalqabaa, bara durii haayyonni fi jaarsoliin seeraa kan tumaniifi dambii baasanii kan raggaasisan beekumsa qaban kan waliif qoodan, muka guddaa magaalaa kana keessatti argamu jalatti waan tureef kanumarraa ka'uudhaan iddoo itti walga'an kana "Bu'uura hayyuu" jedhamee kan waamamu eegalee adeemsaan 'Buraayyuu' jedhamuu akka danda'ame ni dubbatama.

Inni lammataafi namoonni hedduu kan irratti waliigalan ammo, yeroo durii mukti gurraachi ‘Buraayyuu’ jedhamu naannoo sana kan tureefi maqaa magaalichaas muka kanarraa moggafame kan jedhudha. Kanaaf jechi “Buraayyuu sadan jalatti wal argina” jedhus, kanuma kan mirkaneessudha. Mukkeen sadan buraayyuu jedhamanii beekamanis kan argaman Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu duuba gara dhihaatti kan argamu akka ta’eefi mukkeen kun ammallee lamaan isaanii kan jiraniifi tokko kufee kan argamu ta’uun isaa hubatamee jira.

Naannoo kanas jiraachaa kan turan Gosa Oromoo Tuulamaa keessaa ilmaan Gullallee bulchaa kan ture Tufaa Munaati. Booda keessa sirni Minilik lafa qabachaa akkuma deemeen lafaafi naannoo ofii ofiin bulchuun hafee bulchiinsa isaa jalatti galuuf dirqamani.sirna Mootii Hayila Sillaasee keessa sirni abbaa lafaa waan tureef Buraayyuunis abbootii lafaa adda addaan bulaa turtetti.Magaalaan Buraayyuu yeroo ammaa kana baldhinni lafaa ishee Hek.9057, yoo ta’u, baayina ummataa 375,349 qabdi.Magaalattiinis Kantiibaan kan bultuufi bara 1998 irraa eegalee magaalota Oromiyaa guddina ariifataa galmeessaa jiran keessatti magaalaa sadarkaa tokkoffaatti ramadamtee kan jirtu yoo ta’u, jiraattoota ishee keessaa % 68 ol kan ta’u ummata Oromoo, kanneen hafan ammo sabaafi sablammoota garaagaraa ta’uu ragaan maxxansicha irraa argadhe nimuldhisa (Tasfaayee Damee, Qaanqee Misoomaa bara 2002).

Haala Teessuma Lafa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu



Magaalaan Sabbataa kanhundeeffamte bara 1935 keessa. Magaalaan kun Magaala a guddoo Biyooleessaa Finfinneetti dhihaattee km 27 irratti magaalaa hundoofedha. Hundeeffamni

Magaalaatti kanaa akka ragaan qorannoo Bulchiinsa Magaalichatti adeemsifame ibsutti, giddu galeessa sadiin beekamti. Kunis, durumaan bakka isheen itti hundoofte 1934, isa Alamganaa jechun beekamu; bakki naannoon sun duraan ittiin waamamaa ture, Kooticha Beekkattee, Walattee- Gadaa Faajjiifi Qocee jedhamudha.


Akka ragaan qoratamee jiru agarsiisutti, gabaan moggaasa maqaa Alama Ganaa jedhuun dura ture, Gabaa Riqattee fi Gabaa Jimaataadha. Gitni bulchiinsa yeroo sana keessa ture, abbootii lafaa naannoo sana turan waliin dubbachuudhaan maqaa gabaa duraan turan lamaan sanaa gara Gabaa Alam Ganaa jechutti akka jijjiiran ibsamee jira. Kun 1935tti yerumaa hundeeffama Magaalaa Sabbataa dhufaatii Xaaliyaaniin waggaa tokko dursee akka ta'edha. Garuu waggaa 20-n booda gabaan Alama ganaa gara Sabbataa (Qocee)tti 1955 akka geeddaramtu geggeessaa yeroo sanaa Qanyaazmaachi Damusee Uumeetiin labsame, labsamee akka hojjiirra oolu taasifamuu isaaragaan Mana Qopheessaa Sabaataan qoratamee nimirkaneeessa.

Wiirtuun biroo Sabbataa bakka Walattee (Gadaa Faajjii) jedhamuuti. Akka ragaan jaarsolii ibsutti moggafamni Walattee, Bara durii dubartiin maqaan ishee Walattee jedhamtu tajaajiltuu Gadaa Faajjii (Oromoo beekamaa naannoo Harbuu Nagaa) tu jira ture. Dubartiin kun yeroo sirna mootii Minilik keessa Harbuu Nagaa jalaa teesetu daldaaltota Jimma irraa ka'anii gara Finfinnee deemanitti nyaataa fi waan dhugaatii adda addaa gurgurti ture. Sababa dubartiin kun muka kana jala teessee farsoo, daabboo fi waan biroo gurgurtuuf daldaaltonni Jimma irraa gara Finfinnee deeman suuqii Walattee jedhanii maqaa itti basan. Kan jedhu irraa akka ta'edha. Magaalattiin kun of dandeessee kan turteefi magaalaa Finfinee jalatti dhiyeenya kan qabdudha.

Maqaan Sabbataa jedhamu ammo Mooticha Abbaa Jifaariin kan moggaafame tu'uuragaan bulchiisa magaalichaa kan muldhisu yoo ta'u, Naannoo Magaalattii kana horteen Oromoo Tuulamaa duruma irraa eegalee jiraachaa tureefi har'as ballinaan jiru Gosa Meettaa, Galaaniifi Ada'aadha. Magaalattiin kunis, bara mootummaa Dargii keessa baballachaafi guddachaa demuu isheetiin bara 1980 irraa eegalee Mana Qopheessaan akka bultu ta'e. Kufaatii Mootummaa Dargiitiin boodas Magaalattiin guddina isee ittuma fufudhaan, Manneen Barnootaa Mootummaafi Dhuunfaa banamuun, akkasumas dhiheenya magaalattin Magaalaa Finfinneerraa qabduun kan ka'e giddu galeessaa Industirii taatee jiri. Yeroo ammaa kana akka ragaan bulchiinsa magaalicha irraa arganne muldhisutti lakkoofsa ummaataa 350,000 (kuma dhibba

sadiyyiifi shanatama) gandoota gurguddoo torba ofkeessatti qabdi. Jiraattoota magaalattii kana keessaas % 65 Oromoo, akkasumas kanneen kanarraa hafan sabaafi sablammoota kanbirooti.

Haala Teessuma Lafa Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa



Akka waliigalaatti magaaloanni kun (B.M Sabbataafi B.M Buraayyuu) naannawaa Finfinneetti argamuu isaaniitiin haalli sosochii daldalaa magaaloota kana keessatti muldhatu kan Finfinneen isaan walfakkeessa. Qabatni isaas, Finfinneen hundeeffama ishee irraa ka'ee carraa baballachaa deemuu isheetiin, akkasumas itti dhiheenya magaaloota kanaa waan qabduuf oolmaan hawaasaas guyyaa guyyaadhaan tajaajila adda addaa barbaachaaf baadiyyaarra gara Magaalaa Finfinneetti yookaan Finfinneerraa gara magaaloota naannawaa Finfinneetti taasifamuun, amalli magaaloota naannoo Finfinnee kanaa yeroo yeroodhaan amala magaalaa Finfinnee waliin wal simachaafi wal unachaa deema turuufi babaldhifannaafi saamicha lafa qonnaan bultoota Oromoo irratti sirna ADUI keessa aggaammatee gaggeeffameen kan ka'e babaldhifannaan daldalaa maqaa investimantii jedhuun taasifameen fayyadama afaanii naannichaa jijjiiruun maqaan dhaabbilee daldalaaf moggaafamu, barreeffamoonni barjaalee to'annaa gahaa dhabuun eenyummaa hawaasa magaaloota kanaa irratti dhiibbaa uumaa haala magaaloota kanaa jijjiiraa as gahee jira.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'A BARRUU

Seensa

Boqonnaa kan keessatti kitaabileefi qorannoowwan faayidaafi fayyadama afaanii, afaaniif enyummaa, moggaasa maqaa dhaabbilee daldalaafi matadureewwan dhimmoota kana waliin walqabatan irratti sakatta'aa barruun gaggeeffameen ibsi kennameera. Sakattaa matadureewwan kanaa keessattis fayyadama afaanii ilaalchisee muuxannoon adunyaa maal akka fakkaatuufi haalli qabatamaa fayyadama afaanii biyyaa keenyaas maal akka fakkaatu walbira qabamee dhiyaateera. Dabalataanis kanuma waliin walqabatee wa'ee sayinsii afaan daldalaa, maqaalee dhaabbileefi omisha daldalaaf kennamu ilaalchisee yaadrimeewwan qorannoo addaa addaa baldhinaan dhiyaateera.

Inni kanbiroo, qorannoowwan Afaan Oromookan dhimma kanaan walqabachuun kanaan dura hojjatamesakatta'udhaan, deeggarsa mata-duree qorannichaa taasisuun yaada qorannichaa cimsuun danda'ameera. Dabalataanis kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf yaaxina qorannichi bu'ureffateettiin gaggeeffame xumura boqonnaa kana jalatti ibsamee jira.

2.1. Faayidaa Afaanii

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti hawaasa keessa jiraatu waliin walta'iinsa uumee akka waliin jiraatu kan taasisu keessaa inni angafni afaani. Afaannamni yaada isaa, fedhii, ilaalchaafi kkfittiin ibsachuun hawaasa waliin jiraatu keessatti walquunnamtiin akka jiraatu taasisa. Cook (2010) wa'ee faayidaa afaanii yoo ibsu, "Language is at the center of human life. We use it to express our love or our hatred, to achieve our goals and further our cares, to gain artistic satisfaction or simple pleasure. Through language we plan our lives and remember our past: we exchange ideas and experiences, we form our social and individual identities." Ibsi hayyuu kanaa, afaan bu'uura jireenya ilma namaati. Afaan ilaalcha, jaalalayookaan yaada namatti dhagahame, muuxannoo jiru irraa ka'uun kan ittiin ibsataniidha. Kana malees, afaaniin wa'ee jireenya egeree keenyaa karoorsuu, hawaasaafi eenyummaa dhuunfaa keenya irraa ka'uun muuxannoofi yaada ofii ittiin waljijjiiruu kan nudandeesisu ta'uu nutti argisiisa.

Dabalatanis Mehl (2003) waa'ee afaanii yoo ibsu, "The ways people use words convey a great deal of information about them selves, their audience and the situation they are beyond

its communicative function” jedha. Akka yaada gubbatti dhiyaate kanaatti, afaan namni tokko eenyu akka ta’e, eessaa akka dhufe duuba isaa hubachuuf kan nama gargaaruudha. Yaada kana Carlos J. (1985) yoo cimsu, “The language carries within it the history, the culture, the traditions the very life of a people. Language is people. We cannot conceive of a people without a language, or a language without people. The two are one the same. To know the one is to know the other.” jedha. Seenaa, aadaa, duudhaa, eenyummaafi tokkummaa hawaasa tokkoo afaan isaa malee beekuufi ibsuun hin danda’amu. Kanaaf Afaaneenyummaa saba tokkoo ibsuu irratti gahee ol’aanaa akka qabunamatti argisiisa.

Gama birootiin ammo afaan adeemsa sirnawaa, kan waliigaltee sagaleewwanii yookiin mallalloolee barreeffamaailmaan nama walqunnamtiifi of ibsuuf itti fayyadaman ta’uu isaa Crystal (1997) yoo ibsu, “language is the systematic, conventional use of sounds, sign or written symbols in a human society for communication, interaction and self expression” Akka ibsa yaadkanaatti, afaan walqunnamtiin ilmaan namaa, akkasumas fayyadama mallattoolee kan ofkeessaa qabuta’ee mallattooleen kunis waan akka jechaa, sagalee dubbii fi wantoota mallatoonibsaman bakka bu’uuf kan dhaabbate ta’uu hubanna. Akka waliigalaatti yaadoota armaan olii bu’ura godhachuun qabxii itti aanu keessatti ammo afaanitti akkamiin fayyadamna dhimma jedhu kan ilaallu ta’a.

2.1.1. Fayyadama Afaanii

Afaan meeshaa waliigaltee, kan dhalli namaa marti walqunnamtii ittiin adeemsisu, miira isatti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsatudha. Afaan meeshaa waliigaltee ta’uun isaa kun dalagaasaa isa ol’aanaa haata’u iyyuu malee, amala aadaa hawaasaa tokkoo ykn adeemsa caaseffama isaa keessa jiru garuu kan inni muldhisu waliigalteedhuma uumuu qofa miti (Mackey 1989) fi (Harman 2005).

Fayyadama afaanii ilaalchisee hayyoonni garaagaraa yaadoota garaagaraa hedduu dhiyeessu. Barton (1994) fayyadamni afaanii dandeettii dubbisuufi barreessuu waliin walqabata jedha. Namoonni beekumsa afaan dubbii gara afaan barreeffamaatti kan jijjiiran gocha mataa isaa hordofuuni. Sadarkaan garaagaraa dubbisaafi barreeffama keessa jiru muuxannoowwan garaagaraa mana amantiitti, mana jirenyaatti, mana barumsaatti, akkasumas haaloota bakka hojiitti uumaman waliin kan walqabatedha.

Harman (2005) ammo, fayyadamni afaanii fuulaa fuulatti waliin dubbii adeemsifamuufi bilbila, televiziyoonaafi kanneen kana fakkaatan miidiyaaleen bu'ureffataniin odeeffannoo waljijjiiruu irratti akka xiyyeeffatu ibsa.kana malees fayyadamni afaanii maxxansa kitaabootaa, fayyadama interneetii, akkasumas sadarkaa jalqabaatti dandeettii dubbisuufi barreessuu kan calaqqisiisan irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaa dabalataan ni eera. Cooper (1976) ammo akka ibsutti, ittifayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokko yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin seerlugaan yookaan jechaan uumamu yookaan adda addummaa afaanotaa yookaan loogota gidduutti uumamu akka ta'e ibsa.

Kanamalees Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu, asxaa hawaasaa (sanyii, aadaa) isa olaanaa akka ta'etti ibsa.Hayyoonni kun wa'ee fayyadama afaanii bifa addaa addaatiin ha'ibsan iyyuu malee, fayyadamni afaanii tajaajilli afaan haala adda addaa keessatti qabu akka ta'e fi barreeffamaanis hata'u afaan dubbii keessatti garaa garummaa haala xiinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti akka xiyyeeffatu hubachuun nidanda'ama.

Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda'a.Kana jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsuudha. Kan ittiin adda bahu afaan dubbatuuni.Kanaaf fayyadamni afaanii xinqooqa naannoo tokkoo calaqqisiisuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Yaada kana Shohamy (2010) fi Kasanga (2012) "The languages used in public signs indicate what languages are locally relevant, or give evidence of what languages are becoming locally relevant." Jechuun ibsu. Yaada kana irraas kan hubannu, afaan barjaarratti fayyidaarra oole tokko kan inni muldhisu naannoo sana waliin hidhata kan qabu afaan isa kam akka ta'ee, ykn nnaannoo sana waliin afaan inni kam hidhata qabaachuu akka danda'u kan mirkaneessudha. Bu'uruma kanaan daldala keessatti fayyadamni afaanii biyyoota garaa garaa maal akka fakkaatu akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

2.1.2. Muuxannoo Fayyadama Afaanii Biyyoota Addaa Addaa

Mataduree kana jalatti fayyadama afaaniirratti muuxannoowwan biyyoota garaagaraa kanneen akka Kaanaadaa, Siwiizerlaandiifi Afaagaanistaan ni ilaalamu. Biyyootni kun kan filamaniif ammo akkuma biyya keenya sirna bulchiinsa federaalaan kan bulaniifi afaanoota gurguddoo lamaaf isaa ol afaan hojii taasifachuun waan fayyadamaniif biyya keenyaaf afaanoota gurguddoo saboota hedduun dubbataman daldala keessatti baldhinaan fayyadamuun muuxannoo gaarii ta'uu danda'a jedhameeti.

Kaanaadaan, Teessuma lafaan baldhoo kan taateefi uummataa miliyoona 30 itti of keessatti qabattee kan jirtu Kaanaadaan, akka Cook (1998) ibsutti, afaan dhalootaa hortee 11 irraa uumaman afaan worra boriginal gosa 53 ol ta'ufi afaanoonni biro baqatoota gara sanatti imalanii teessoo balabldhifatan dubbatamu hedduu kan of keessatti hammattedha. Afaanoota kana keessaasi kanneen akka 'English, French, mandarin, Cantonese, Punjabi, Spanish, Quebec, Ontario, Manitoba, fi New Brunswick' baldhinaan hawaasicha keessatti dubbatamu.

Jaarraa 19ffaa keessa worri kaanaadaa dubbatoota afaan Ingiliziifi Fireenchiif mirgi isaanii haakabajamu gaaffiin jedhu dubbii cimaafi dhimma amantii irratti kan xiyyeeffate ture. Hata'u iyyuu malee booda keessa jalqaba jaarraa 20tti ilaalchi amantii hirdhachaa dhufuufi industiriin babaldhachaa dhufuun kan ka'e biyyoolessummaan dagaaguun baqattoonni biyyoota addaa addaa gara sanatti imalan heddumaatee afaan Ingilizii akka cimuu taasise. Yeroo sanatti worreen afaan Fireenchiin dubbataniifi manneen amantii keessatti afaan kanaan barsiisan keessa soda guddaan seenee ture (Takaml & Mbouya ; 2018).

Hata'u iyyuu malee mootummaan biyyattii akka L.E itti 1969 irraa eegalee afaanoota lama afaan Ingiliziifi afaan Fireenchiif beekkamtii kennuun biyyattii keessatti afaan hojii Federaalaa ta'uun tajaajiluu eegalan. Qabata afaanoonni kun filatameefis biyyattii keessatti hedduminaan hawaasa hunda biratti waan dubbatamuufi. Takaml fi Mbouya (2018) Statistics Canada (2017) waabeffachuun akka ibsanitti, "The general figures of the most recent population census show that English is the first or home language for 25.9 million Canadians (74.5% of the population) while French is first or home language for 8.2 million (23.4%)." jechuun ka'u. kanarraa kan hubannu afaanoonni lamaanuu hawaasicha keessatti baldhinaan kan dubbataman ta'uu isaati.

Kaanaadaan, sirna barnootaa 1979 bocatteen fayyadamni afaan barnootaa bakka hundattuu afaan naannoon ta'ee afaanoota lamaan afaan Ingiliziifi Fireenchiin ammo barattoonni fedhii isaanii irratti hunda'uun akka afaan lammaffaatti akka baratan taasiste. Kunis afaanoonni xixiqqaa carraa isaan barnoota keessatti qaban akka jajjabaatuufi barattoonni afaan isaanii irratti ofitti amanamummaa guddaa akka horatan gahee ol'aanaa taphachuu danda'ee jira (Vaillancourt, Coche, Cadieux fi kanneen biroo 2012).

Gama birootiin ammo biyya Kaanaadaatti afaanoonni gurguddoo afaan Ingiliziifi Fireench afaan hojii biyyatti ta'uun isaanii daldala keessatti afaanoota lamaan omishaafi tajaajila ishee biyyoota hedduu kanneen akka Faransaay, Beeljiyeem, Siwiitherlaandiifi biyyoota Afriikaa hedduutti

akka dhiyeessituufi beeksistu carraa guddaa uumeera. Yaada kana Takam1 fi Mbouya (2018)“ Canada to serve world markets in two languages rather than one and that this increases export and thus GDP, employment, and so on.” Jechuun ibsu. Kanaaf afaan tokkoo ol afaan hojii taasisuun fayyadamuun biyyattii diinagdeen ishee akka guddatu taasisee jira.

Siwiizerlaand, afaaniifi aadaa hawaasaa eeguufi kabajuun tursiisuu isheetti biyya maqaa gaarii horattedha. Dame tokko irraa walhoruun ka'umsa aadaa walfakkaataa kan qaban ummanni biyyattii afaanoota addaa addaa afur (Afaan Jerman, Xaaliyaanii, Faransaayiifi Roomaanish)tti fayyadamu. Afaanoonni jalqabaa sadeen bara akka L.E 1848 irraa eegalee, afaan biyyoolessaa ta'uun tajaajilaa kan turan yoo ta'u, afaan inni arfaffaan (Roomanish) bara 1938 itti afaan biyyoolessaa ta'uun hojjiirra oole. Bara 2010 irraa eegalee immoo biyyattiittiin bifa haaraan imaammata afaanoota hedduminaan fayyadamuu baafattee hojjiirra oolchite yoo ta'u, Yeroo kana irraa eegalees afaanoonni arfan kun (Afaan Jerman, Xaaliyaanii, Faransaayiifi Roomaanish) afaan hojii Federaalaa ta'uun biyyattii keessatti akka tajaajilan ta'e. Akka waliigalaatti siwiizerlaand afaan hojii afur kan qabdu yoo taatu, afaanoota kanas ummanni biyyattii %64 ta'u afaan Jermaniin, % 19 afaan Faransaayiin, %8 kan ta'u afaan Xaaliyaaniifi % 1 kan ta'u ammo afaan Roomaanishiin kan dubbatudha. (Grin, 1998).

Biyya Siwiizitti afaan hojii kan inni hojjiirra oolu haala teessoo naannoo irratti hunda'ee yoo ta'u, hawaasni afaan Jermanitti fayyadamu kaaba biyyattiitti kan argaman yoo ta'u, giddugaleessaafi baha biyyattii keessatti ammo afaan Faransaayi akkasumas, Kibba biyyattiitti afaan Xaaliyaaniifi Kibba Lixaan ammo afaan Romaanishitu faayidaarra oola.

Siwizerlaand afaan afur afaan hojii taasifachuun fayyadamuu isheen kan ka'e haalli sosochii daldalaa mijataa akka ta'uufi biyyoota gurguddoo kanneeniif carraa walta'iinsa daldalaa akka uumu isheef taasisee jira. Kanaaf bara 2004 irraa eegalee sochii daldalaa cimsuuf seera biyyattiin baafattetti fayyadamuun biyyoota hedduu waliin walitti hiidhamiinsi osochii daldalaa baldhinaan uumamee jira (Kuzelewska,2016).

Afgaanistaan, biyya saba hedduu qabduufi afaan hedduun keessatti dubbatamu yoo taatu, afaanoonni 50 ol ta'an keessatti dubbatamu.. Haa ta'u malee, hanga bara 1964 waggoottan hedduuf biyyattii keessatti afaanoota saboota gurguddoo lama kan ta'an, Paashitoo (Pashto)fi Daarii (Dari) qofti afaan hojii biyyatti ta'uun baherratti labsiin beeksifamee tajaajilaa kan ture yoo ta'u, booda keessa Afaan Paashitoo kun afaan biyyatti keessatti namoonni muraasni qofa

ittiin dubbatan ta'uun mul'ate. Qabata kun ta'eefi saba biyyattii keessaa %40 ol kan ta'e sabni guddaa ummanni Paashitoo Afaan Paashitoo caalaa Afaan Dariitti kan fayyadaman waan ta'eefi. Kanaaf heeraa biyya Afgaanisataan bara 1964 irraa eegalee yeroo addaa addaatti Heera biyyatti bara 1976, 1987, 1990 baherratti beekamtii Afaan Paashitoo kana guddisuufis ta'ee hojirra oolchuuf sagantaa garaagaraa fayyadamu akka qabu ibsuun, afaanoonni lamaan duraan tajaajilaa turan kun ammas afaan hojii ta'anii akka itti fufan taasifame (Hakala, 2012; Bahry, 2012).

Kanaaf, Afaan Paashitooofi Daarii biyyatti sana keessaatti afaan humna qabeessa ta'aa adeemuun afaan barnoota, midiyaa, afaan daldalaafi afaan qorannoowwan ittiingaggeeffamu ta'ee biyyatti keessatti tajaajiluu jalqabe. Dhumarratti bulchiinsi Taalibaan bara 2001 erga kufee booda, bulchiinsi haaraan heeraa haaraa bara 2004tti hojirra oolcheen, afaanoonni kun cimaniin akka itti fufan ta'uu isaatiin yeroo ammaa haala qabatamaa biyyattii keessatti Afaan Dari ummata biyyattii keessaa %77 kan itti fayyadamu yoo ta'u Afaan Phashitoo ammo %48 itti fayyadamu (Naviin, 2012).

2.1.3. Fayyadama Afaanii Biyya Itoophiyaa

Fayyadamni afaanii biyyaa Itoophiyaa bara aangoo Minilik irraa eegalee hojirra oolaa ture fedhifi amantaa uummataa irratti kan hinhundoofneefi Afaan Amaaraa qofa giddu galeeffachuun afaanoota isaan ala ta'an irraatti dhibbaa geessiseera. Yaada kana ilaalchisuun Milkeessaan (2015:89) (Baahiruu, 2002; Mararaa, 2003; Assafaa, 2007) wabeeffachuun yoo ibsu,

“Qorannoowwan imaammata afaanii mootummoota Itoophiyaa darban irratti godhaman dhibbaa afaanoota sabaafi sablammii irra gaheen walqabatee qaacceessa gurguddoo sadi kennu: (1) afaan tokkumeessuu: Afaan Amaaraa afaan tokkummaa Ithoophiyaa ta'e (“language unification), (2) afaan hakuucuu: Afaan Amaaraa afaanota sabaafi sablammii nicunqurse (“language oppression), (3) afaan kolonii: Afaan Amaaraa afaanota biyyatti keessa jiran hunda gita-bittaa koloni jalatti ni kuffise, niquucarse (“language colonialism”) jechuun kaa’a.

Gababuumatti, yaadni kun biyyaa keenya keessatti fayyadamni afaanii bara motoota darbanii keessaa hojirraa oolaa turan dhibbaa hangana hinjedhamne Afaanoota Itiyoophiyaa keessatti dubbataman keessaa Afaan Amaaraan ala ta'an irraan gahaa akka turedha. Dabalataanis Lanza & Hiruut (2009) “Amharic’s dominant role until 1991 created the opportunity for it to become the most developed literary language in the country.” Jechuun ibsu.Yaada kanarraas Afaan

Amaariffaa hanga 1991 itti biyyattii keessatti gahee ol'aanaa qabaachaa akka tureefi afaan barreeffamaa ta'uun bakka qabatee akka ture hubanna.

Bara 1983 kufaatii mootummaa Dargii booda haalli fayyadama afaanii biyya Itoophiyaa karoora haaraa sirna mootummoota darban irraa adda tahe qabatee kan dhufedha. Sirna mootummaa kana keessatti, yeroo jalqaba mootummaa ce'umsaa keessa afaanootni biyyatti hedduun afaan barreeffamaa tahuu danda'aniiru. Haaluma kanaan Heerri Mootummaa Federaalaa bara 1994 murteeffame ammoo seenaa fayyadama afaanii biyyatti kan jijjiiredha. Heera bara kana raggaasiifame keeyyata 5 irratti akka ibsutti, 1. All Ethiopian languages shall enjoy equal state of recognition. 2. Amharic shall be the working language of the Federal'' jedha.

Keeyyata armaan olii kanarratti akkuma ibsame, Afaanootni Itiyoophiyaa keessatti dubbataman hundi seera fuulduratti walqixa akka ta'aniifi Afaan Amaariffaa immoo afaan hojii mootummaa federaalaa akka ta'e kan mirkaneeffamedha. Haalli kunis ittifayyadama afaanii irratti jijjiirama guddaa kan fideedha. Sababni isaas, afaanootni biroo afaan mootummaa federaalaa hintahiin malee afaan naannoo keessatti dubbatamaniifi afaan barreeffamaa ta'uu danda'aniiru.

Bu'uruma kanaan, Chaartarri mootummaa ce'umsaa keeyyata 2 irratti mirga sabaafi sablamootaa, aadaa, seenaafi fayyadama afaan ofii guddisuufi fayyadamu, akkasumas mootummaa gidduu galeessaa keessatti uummata bakka bu'anii hirmaachuu kan labseedha. Bu'uruma kanaan Afaan Oromoos afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'uun naannoo Oromiyaatti akka tajaajiluuf labsiin lafa kaawwame. Yaada kana ilaalchisuun Labsiin heera mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 1994 fooyya'ee raggaasisuuf bahe keeyyata 5 irratti yoo ibsu '' Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati; kan barreeffamuus qubee Afaan Oromootiin ta'a'' jechuun lafa kaa'a (Misgaanuu, 2011).

Kana malees, akkuma heera mootummaa federaalaa Itoophiyaa bara 1995 keewwata 5.3 jalatti ibsame, miseensonni federeeshinii biyyatti afaan hojii mootummaa mataasaanii akka murteeffachuu kan danda'aniidha. Kanaafuu, biyya keenya keessa naannooleen sagal kan jiran yoo ta'u, fayyadama afaanii isaanii ilaalchisee ammoo Afaan Oromoo afaan hojii Uummata Harariifi naannoo Oromiyaati. Afaan Amaaraa ammoo afaan naannoo Amaaraa, Benishangul, Uummattoota Kibbaafi Uummattoota Gambeellaati. Kanaa ala ammoo naannoon Afaan, Somaaliifi Tigraay afaan mataa isaaniitiin kan fayyadamaniidha. Heera Federaalaa Itiyoophiyaa irratti waa'een fayyadama afaanii Magaaloota Finfinneefi Dirree Dawaa homaayyuu kan

hinibsamne yoo ta'u, akka chaartara Finfinnee (2003)fi Dirree Dawaa (2004) irratti ibsameetti garuu, magaallooni kunniin lamaan mootummaa federaalatiin kan bulan waan ta'eef, Afaan Amaaraatiin fayyadamu (Mangistuu,2011).

Afaanni Oromoos, Chaarteriin mootummaa ce'umsaa Itoophiyaa Afaan Oromoo afaan mootummaa naannoo Oromiyaa ta'ee bara1991 eegalee hojiirra akka oolu Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'uun akka tajaajiluuf, Labsii Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.46/1994 keewwata(5) jalatti tumame. Kanarratti hundaa'uunis bara 1993 eegalee Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti Afaanbarnootaa, sadarkaa 2ffaa keessatti ammoo akka gosa barnoota tokkootti akka kennamu ta'uudhaan yeroo ammaa kollejjiiifi Yunivarsiitii adda addaatti (bakka muraasarra kanhafe) sadarkaa dippiloomaadhaa hanga digirii 2ffaafi sanaa oliitti baratamaa kan jiruudha. Dabalataan Afaan Oromoo yeroo ammaa afaan sabqunnamtii adda addaa,afaan qorannoo, afaan saayinsiifi tekinooolojii ta'aa jira (Zewudee ,2016).

Gama fayyadama afaan daldalaa gochuun walqabatees, Afaan Oromoo akka Afaan Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'ee tajaajiluuf erga Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaarratti labsameen booda, akkaataa Heera Mootummaa Naannichaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 keewwata 49(3)fi Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lak. 199/2008 keessatti aangoo Biiroo Aadaafi Turizimii Oromoiyaatiif kennameen keewwata 49 keessatti Lakkoofsa xiqqaa 12 jalatti "Barreeffamootni beeksisaalee adda addaa naannicha keessatti maxxanfaman safuu fi duudhaalee hawaasaa kan eegan ta'uu isaanii ni hordofa;" jechuun labsameera. Kana malees lakkoofsa xiqqaa 13 jalatti, "Mallattoo yookiin maqaa fi fakkii daldalaa hambaa naannicha keessatti argamaniin bahan sona seenaa hambaa kan hin miine ta'uu isaa ni mirkaneessa." jedha.

Dabalataanis, Qajeelfama Dogoggora Barreeffama Afaan Oromoo Dhaabbilee Mootummaafi Miti Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irratti Mul'atan Sirreessuuf Bahe Lak. 5/ 2009 keessatti, "Barreeffamoonni Afaan Oromoo barjaalee ykn taappeellaa irratti barreeffaman aadaa, seenaa moggaasa maqaa Oromoo, safuufi duudhaa ummatichaa eeganii akka barreeffaman taasisuu." Jechuun lakkoofsa xiqqaa (3) jalatti ibsamee jira.

Haata'u malee, naannoo Oromiyaa keessatti Afaan Oromoo afaan hojii ta'ee tajaajiluu kan eegale yeroo dhiyoo ta'urraa kan ka'e, afaanicha barsiisus ta'ee barachuun alatti, daldalaaf oolchurratti, hanqinoonni bal'inaan nimul'ata. kana malees, labsiiwwaniifi qajeelfamoota jiran barreeffamaan ka'uu qofa malee, hubannoo uumuu, ittiin hojjechuufi tarkaanfii fudhachuu irratti qaama raawwachiiftuu biratti hanqinni guddaan jiraachuu isaatiin Afaan Oromoo barreeffamoota beeksisa daldalaa keessatti hangam hojiirra oolaa akka jiru xiinxaluun dhimma xiyyeeffannoon guddaa isa barbaachisuudha.

2.4. Afaan Daldalaa (Business Language)

Daldalli dame namoonni addaa addaa omisha qopheessuun keessatti daldalaniifi kan namoonni biroo immoo omisha kana bituun keessatti tajaajila argatanidha. Daldala tokko keessatti bu'aa ykn tajaajilatu jira. Madda galii jireenyaa itti argachuuf dalagaa raawwatamudha (Backhaus, K., J. fi Büschken, M. 1996). Dabalataanis akka Cf. Kotler, P. (1991) ibsutti, Daldalli adeemsa sosochii dhalli namaa fedhii isaa guuttachuuf bittaafi gurgurtaa keessatti raawwatudha. Namni tokko waan fedhu ykn waan barbaade sana bitachuuf qarshii kamfala.

Kaayyoon daldalaa inni guddaa qarshii argachuuf omisha bu'aa argamsiisuufi fedhii maamiltootaa guutu gurguruudha. Guddina diinagdeef jecha sosochii daldalaa taasifamu kanaaf ammo, gahee ol'aanaa kan taphatu tokko hariiroo daldalaa dhaabbileefi namoota gidduutti uumuuf tooftaan beeksisa gurgurtaa filatamaa fayyadamuun isa tokko. Kanaaf dhaabbileen/manneen daldalaa bu'aa guddaa argachuuf kallattii hedduun omisha isaanii beeksifatu. Yaada kanas Dr. phil. (2004) "Promotional programs are needed for consumer goods and industrial goods. Effective promotion will increase the market share of manufacturers." jechuun ibsa. kana malees, Kreutzer, R., (1990) "In English and American marketing literature, the four elements are often referred to as "the 4 Ps": Product, Price, Placement and Promotion." Jedha.

Walumatti qabaan yaadrimeewwan kana irraa kan hubannu beeksisni daldalaa ogummaa bittaafi gurgurtaa keessaas isa tokkoofi murteessaa ta'uu hubanna. Bu'uruma kanaan qorannoon kunis dhaabbileen daldalaa dhaabbata/omisha isaanii barjaa irrattis ta'e omisha irratti beeksifachuuf, maqaa isaan moggaafatanifi fayyadamni Afaan Oromoo gama kanaan muldhatu maal akka fakkaatu kallattii addaa addaan gadifageenyaan xiinxala.

2.4.1. Maqaa Dhaabbilee Daldalaafi Omisha Daldalaa

Yeroo ammaa kanatti gabaa biyyoolessaa keessatti qorumsa ol'aanaa ta'aa kan jiru moggaasa maqaa dhaabbilee daldalaa/omishaati. Qabatnisaa dhaabbileen daldalaa gurguddoo kamiyyuu filannoon moggaasa maqaa isaani rakkoo yoo qabaate fayyadamtoota biratti fudhatama dhabuun kufaatii gabaaf hedduu waan saaxilamaniif dhimma xiyyeeffannoo guddaan kennamuuf ta'aa dhufeera. Kanaaf biyyoota diinagdeen gurguddatan keessatti dhaabbileen daldalaa gurguddoo "Maqaan dhaabbata keenyaa akka hinbanneef nugargaaraa." jechuu baratamaa dhufee jira (Schmied, 2004).

Maqaa daldalaa, kan jedhamu kunis, qindoomina garee jechoota ta'ee, daldala keessatti, maqaa, mallattoo, muldhistuu addaa, ykn abbaan daldalaa tajaajila isaa ittiin ibsachuuf walitti dhufeenya qaba jedhee ibsa inni itti gargaaramu, ogummaa ykn tajaajila daldalli sun kennu, garaagarummaa inni akaakuu daldalaa biroo irraa qabu adda baasuuf, akkasumas, ogummaa ykn tajaajila kanneen biroo kennan irraa addatti of beeksisuuf kan itti gargaaramudha (Trade Name Registration the state of Washington, 2015).

Dabalataanis, akka Ardoin (2018) ibsutti, Maqaan daldalaa, maqaa kamiyyuu ta'ee, hojii tajaajila daldalaaf kan kennamu, maqaa guutuu seera qabeessummaan abbaan qabeenyaa sanaa ittiin waamamu kan of keessatti hinhaammanedha. Bifuma kanaan yaadoota armaan olitti ibsamanirraa, dhaabbileen daldalaa maqaa kan moggaafatan yoo ta'u, maqaa isaan dhaabbata isaaniif kennatan tajaajila kennaniin ykn ammo maqaa omisha isaaniif kennan bu'ureffachuu akka danda'u hubachuun nidanda'ama.

Dhaabbileen daldalaa kunis, yeroo maqaa moggaafatan akka maqaa namaa callisanii akka feeteen kan moggaafamu osoo hintaane seera hordoofuu qabu kan mataa isaa danda'e kan qabudha. Yaada kanas Companies Commission of Malaysia (2017) moggaasi maqaa dhaabbata daldalaa fudhatama argatee galma'uuf ulaagaa akka qabu qorannoo isaa keessatti akka itti aanutti ibsa.

'General Principles and Characteristics Of Names Acceptable for Registration. The following principles should be observed when deciding on a name of a company: (a) Correct spelling and proper grammar must be used; (b) If a name contains words other than the Malay or English Languages, the meaning of such words must be given; (c) Names which are not blasphemous or likely to be offensive to members of the public; (d) Names which do not resemble elements of religion; (e) Refrain from using words which are too general; (f)

Only names of directors who are specified at the application form for incorporation can be used as company names. Proof of relationship must be given if other individual names are proposed to be used. Similarly, consent letter must be obtained from the group of companies whose individual names are proposed; (g) The meaning of created or coined words must be given; (h) The name refers to the name of the director or owner.’

Yaada kana irraa kan hubatamu, maqaan daldalaa tokko fudhatama akka qabaatuuf wanta hordofuu qabu kan ibsudha. Qajeelfamni kunis: qubeefi seerluga sirrii fayyadamuu, afaan biraan kan moggaaffame yoo ta’e, hiika jecha moggaafame ifa gochuu, jechoota gooroo ta’an irraa of qusachuu, kana malees, maqaa qaama biratti hinbuune, maqaa qaama amantaan wal hinfakkaanne hordoofu akka qabu hubachiisa.

Gama birootiin ammo wa’ee maqaa omisha daldalaaf kennamu yoo ilaallu, abbootiin qabeenyaas maqaa dhaabbata isaanii dhoofsisuuf ykn kan biro irraa addaa ta’uuf yeroo baayyee omisha isaaniiif maqaa addaa moggaasu. Maqaan addaa moggaafatan kunis omishni isaanii gabaa keessatti dorgomaafi beekamaa akka ta’u gumaacha ol’aanaa taphata. Robertson (1989) yoo ibsu,

“Branding is a process by which a product is branded. It is the practice of giving a particular name to a product or group of products of one seller. Branding is the process of finding and fixing the means of identification. In other words, naming a product, like naming a baby, is kmaqnown as branding. Parents have children and manufacturers too have children i.e. products. Thus branding is a marketing process by which a product is named i.e. branded.”

Yaada kanarraa omishaaf maqaa addaa kennuun adeemsa omishni tokko ykn gareen omishaa tokko maqaa moggaafatu ta’uu argisiisa. Kunis akkuma maatiin tokko gaafa ijoollee godhatu maqaa addaa ijoollee isaaf moggaasutti ilaalama. Qabatni isaas ijoolleen omisha maatii tokkooti waan ta’aniif. Bu’uruma kanaan maqaan addaa “Brand name” moggaasa adeemsa kanaan omishaaf ykn dhaabbata tajaajilaaf kennamu yoo ta’u, maqaan kunis omishni sun kanneen biro irraa adda ta’ee akka beekamuufi dorgomaa akka ta’uuf gahee guddaa qaba.

Holt, D. (2003) akka ibsutti “A brand is a name, term, sign, symbol or design or a combination of them by which the buyers can identify the goods or services of one seller or group of sellers and differentiate them from those of competitors.” Akka yaada kanarraa hubannutti maqaan addaa (kan omishaa), jecha akka maqaatti tajaajilu, mallattoo, boca ykn qindoomina wantoota

kanaa ta'ee fayyadamtoonni kan isaan omisha ykn tajaajila daldala dhuunfaa ykn garee sana ittiin ibsaniifi dorgomtoota biroo irraa ittiin adda baasanidha.

Kana malees Robertson (1989) ammo wa'ee maalummaa maqaa asxaa daldalaa yoo ibsu, "Brand name: That part of a brand which can be spoken, for example, Sony TV, Toyota car, Nike shoes etc." jechuun maqaan asxaa daldalaa maqaa omishani daldalaa tokko ittiin ibsamuu danda'u akka ta'e hubachiisa. Omisha daldalaa moggaasuufis akkuma maqaa dhaabbilee daldalaa seera hordoofuu qabu niqabaata. Yaada kana ilaalchisee Verlag Blaue (1996) akka ibsutti, "Two criteria are most relevant for the consideration if a brand name can be used internationally: The pronunciation of the name should be easy for speakers in all target countries, and the name should evoke no negative associations." jedha. Yaada kana irraa akka hubannutti maqaanasxaa daldalaa tokko yeroo moggaafamu ulaagaa lama of keessatti qabaachuu qaba. Inni jalqabaa maqaan moggaafamu sun afaan dubbiin yeroo dubbatamu dubbataa afaan kamii biratti haala salphaan waamamuu kan danda'uu ta'uu qaba. Inni lammaffaa ammo haaloota dhiibbaa uumuu danda'an irraa walaba ta'uu qaba. Kanaaf, dhaabbileen daldalaa yeroo omisha isaaniif maqaa moggaasan callisanii osoo hintaane wantoonni isaan hordoofu qaban akka jiru sirriitti nimirkaneeessa.

2.4.2. Fayyadama Afaanii Barreeffama Beeksisa Daldalaa Keessatti

Beeksisni jiruufi jireenya dhala namaa keessatti gahee ol'aanaa qaba. Hawaasa gidduutti namni muuxannoo aadaafi afaan isaa akka waljijjiiru taasisa, hawasa tokko keessatti fedhii bittaa omishaa jiru tokko beeksisuun walitti hiidhamiinsa uuma. Afaan utubaa beeksisaa waan ta'eef, omishni tokko fudhatama guddaa akka qabaatu taasisuuf akkaataan fayyadamni afaanii seera irratti kan hunda'e ta'uu qaba. Beeksisni fedhii nama nama dhuunfaa tokko qofaaf kan qopha'u osoo hintaane tajaajila hawaasa baldhaa waan giddugaleessa godhatuuf seerriifi qajeelfamni beeksisa biyya tokkoo kabajamuu qaba. Iftoominni afaanii beeksisa keessatti muldhatu ulaagaa guddaa beeksisa gaarii tokkooti. Afaan barreeffama beeksisa dubbisaan kaka'umsa akka qabaatu dhiibbaa taasisuu kan danda'uufi afaan fayyadamtoota kan muldhisu ta'uutu irraa eegama. Kana malees seerluga afaan sanaa sirriitti eeguu qaba (Cook, G., 1992).

Barreeffamni beeksisaaf qopha'ee maxxanfamu tokko mala ittiin barreefamuu qabu ulaagaa mataa isaa qaba. Yaada kana hayyuun Caples &Leech (1998) ulaagaawwan kana haala armaan gadiitiin ibseera.

- a. Boca qubeewwanii: Bocni qubeewwanii miira nuti dubbisuuf qabnu kakaasuu keessatti gahee ol'aanaa waan qabaniif, kalaqa hawwataan kan barreeffaman ta'uu qabu.
- b. Fayyadama Bamaqaalee: qindoomina barreeffamaa sana keessatti bamaqaa ramaddii 3^{ffaa} "nuti" jedhu fayyadamuun baayyee filatamaadha. Kunis fayyadamtootaafi dhaabbata beeksisa sana maxxanfate gidduu tokkummaan akka jiraatu taasisa.
- c. Haala filannoofi qindoomina jechootaa: qabxiin kun hunda caalaa dandeettii kalaqa ol'aanaa kan gaafatu yoo ta'u, of eeggannoo guddaan jechoota filachuu, afaan miidhagina akka qabaatu taasisuu, mata dureen isaa guddatee kan muldhatuufi mala barreeffama afaan tokkoo kan hordofe, akkasumas suuraan deeggaramee sammuu namaa keessaa kan hinbanne ta'uutu irra jira.
- d. Seerluga afaanii eeguu: maxxansi beeksisaa sadarkaa isaa eeggate tokko dogogorri seerluga afaan ittiin barreeffame tasuma irraa calaqqisuu hinqabu. Keessattuu dogoggora fayyadama jechootaafi qubeessuu irraatti dogoggora hiikaa fiduu waan maluuf, of eeggannoo guddaan barreeffamuu qaba. Dogogorri akkasii yeroo hedduu barreessitootaafi maxxansiitoota afaan sana sirriitti hinbeeknetti fayyadamuu irraa madda waan ta'eef, dhaabbanni beeksisa sana qopheesisu namoota afaanicha sirriiti beekaniin fayyadamuu qaba.
- e. Ulaagaa hiikaa afaan tokko irraa gara birootti jiru eeguu: hiikni dandeettii barreeffama tokko gara afaan birootti jijjiiruudha. Dhimmi kun salphaa fakkaatuuyyuu amalli isaa baayyee walxaxaafi ulfaataadha. Kana waan ta'eef yeroo hiikamu yaada barreeffama duraanii akkuma jirutti dabarsuu, bu'aa walqixa ta'e fiduufi dhandhamni walqixa ta'e akka jiraatuuf afaanoota sana gidduu addaa addummaan gurma'insaa akkam yoo jiraatellee hiikni isaanii akka walsimu gochuun nidanda'ama.

2.5. Enyummaa

Enyummaan dhimmoota hawaasummaa dhuunfaafi gareen of danda'anii calaqqisiifamuu danda'an hedduu kan of keessatti qabatedha. Wa'eeenyummaa ilaalchisee Edward (2009) yoo ibsu, "An individual's own subjective sense of self, to personal classification 'markers' that

appear as important, both to oneself and to others, and also to those markers that delineate group membership.” Akka yaada kana irraa hubannutti enyummaan nama dhuunfaa biro irraa adda waan isa godhu mallattoo kan isa barbaachisu akka ta’edha.

Ibsitoonni kunis namoonni “ana” jechuun “kana” jedhanii ittiin of ibsan qabaachuu qaba. Waan kana ta’eef namni kamiyyuu adunyaa kana irra yoo jiraatu gatii inni ofiif kennu bu’aa furtuu ta’e ykn amala namni sun qabu bocanii namoota biro naannoo isaa jiran irraa adda baasanii argisiisuu kan danda’anidha (Hamerfi Blanc, 2000).

Kana malees akka Norton (1997) ibsutti, “Identity as the phenomenon of how people understand their relationship to the world, how that relationship is constructed across time and space and how people understand their possibilities for the future.” Yaada kana irraa kan hubannutti, eenyummaan namoonni haala isaan walitti dhufeenya adunyaa waliin qaban itti hubataniifi walitti dhufeenyi sunis yoomessa keessatti raawwatamuun jireenya isaanii egeree akka ittiin hubatan kan isaan taasisudha. Kanaaf namni ijoollummaa isaa irraa eegalee hanga gaafa dulloomutti jiruufi jireenya isaa keessatti wontoonni inni raawwatuufi muuxannoo inni dhaloota itti aanuuf dabarsaa deemu keessaa inni tokko dhimma eenyummaa isaati jechuu nudandeesisa.

Gama birootiin ammo namni kamiyyuu yoomessa kam keessattuu haalli isaa jijjijjiiramaa yoo deemmes “ana” jedhee kan inni of yaadu namoota naannoo isaatti argaman waliin walitti dhufeenya qabuun waan ta’eef, garee tokko keessatti of ibsuuf gama hundaan haalli jiruufi jireenyi garee sanaa isarraa calaqqisuu yoo danda’edha. Tokkoon tokkoon keenya muuxannoo jireenya dhuunfaa keenya keessatti qabnuun “ana” jechuun “kana” jennee erga of ibsineen booda garee nu waliin walfakkaatu keessatti of ibsuuf carraaqna. Kanaaf walitti dhufeenyi hawaasummaa uumamuuf walta’iinsi amala tokko nama taasisu jiraachuun calaqqeen eenyummaa garee tokkoo ibsama (Edwards, 1994, Hamerfi Blancs, 2000).

2.6. Afaanfi Enyummaa

Hanga ammaatti wa’ee afaanifi eenyummaa tokko tokkoon ibsuuf yaalameera. Qabxii kana keessatti ammo waliti dhufeenyi isaan qaban kan ilaallu ta’a. Akka ka’umsa irratti caqasamuuf yaalametti namoonni dhuunfaan afaan tajaajila waliigalteef yeroo itti fayyadaman madda ka’umsa hawaasa isaanii calaqqisiisaa akka ta’edha. Calaqqaan ka’umsa madda hawaasaa kunis nama dhuunfaa waloo isaa keessatti yeroo dheeraa ta’een kan wal ijaaraa dhufu ta’uun ifadha.

Bourdieu (1977) dhimma kana sirriitti yoo ibsu, “The value ascribed to speech can not be understood a part from the person who speaks, and the person who speaks cannot be understood a part from larger networks of social relationships” jedha.

Akka yaada kanaatti xiyyeeffannoon dubbii afaanii tokkoof kennamu xiyyeeffannoo dubbataa sanaaf kennamu ykn garee isaaf kennamu irraa adda bahee kan ilaalamu miti. qabxiin ijoo as irratti ibsamuuf barbaadame, namoonni dhuunfaa garee isaanii keessatti amalli isaan ibsuu danda’u tokko akka jiruufi namoota biro garee sana keessa jiran waliin kan wal isaan fakkeessu tokko jiraacuu isaati. Kanaaf hawaasummaafi fayyadamni afaanii walitti dhufeenya isaan qabaniin namoonni dhuunfaa eenyummaa isaanii achi keessatti ibsachuu danda’u waan ta’eef aadaa hawaasa isaaniis calaqqisiifachuuf dirqama afaan ittiin ibsatan isaan barbaachisa jechuudha (Bourdieu, 1977).

Dabalataanis, dhimma hawaasummaa keessatti dhimoonni afaanifi eenyummaa walitti hiidhamanii kan jiran ta’uu, Appel & Muskey (2005) “The implication here is that any social or linguistic aspect that distinguishes a particular group from others establishes the groups identity.” Jechuun ka’u. Yaada kanarraa dhimmoonni hawaasummaa ykn xinqooqa waliin walqabatu kamiyyuu, garee tokko garee biro irraa adda baasanii calaqqisiisuufi eenyummaan garee tokkoo akka uumamu gochuu danda’uu isaanii hubanna.

Akka waliigalaatti haala dubbii afaanii, dudhaa, sona, amantii, uffannaa, nyaata, kalaqa hojii, beekumsaafi afaan haaloota kanneen kana hunda of keessatti qabatee kan jiru aadaan hawasa tokkoo garaagartummaa saboota gidduu jiru muldhisuuf namoonni dhuunfaanis ta’e waloodhaan dhimma isaan fedhan akka ta’e nihubatama. Wardhaugh (1986) akka ibsutti tokkoon tokkoon keenya eenyummaa muuxannoo jireenyaa dabarsinuun keessaa burqan qabna. Kana ammo afaan waliin waanti isa firoomsu akka jiru, Hornberger & Mckay (2010) yoo ibsan, “The place where culture and language meet is participants, engagement in discursively mediated social practices” jedhu. Kanaaf yaadi kun afaaniifi aadaa bakki isaan iti wal argan bakka hirmaattoonni walitti dhufeenya hawaasummaa isaanii gaggeessuuf socho’an keessatti akka ta’e kan nuhubachiisu waan ta’eef, eenyummaan hawaasaa kun lamaanuu kan waldeeggaranii kan deeman ta’uu hubachuu dandeenya. Kana malees eenyummaan hawaasaa walitti dhufeenya hawaasummaa keessatti kan calaqqisu ta’uu xiinxaluun nama hinrakkisu.

2.7. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti, qorannoo mata duree “Xiinxala moggaasa maqaalee dhaabbilee daldalaa” jedhu ilaalchisee kallattiin kan walfakkaatu ta'uu yoobaates, haala fayyadama afaanii barjaalee/omisha irra jiru ilaalchisee, qorannoowwaan kanaan dura hojjetaman kanneen mata duree qorannoo kana faana hariiroo qabantu sakatta'amee dhiyaate.

Qorannoo Daangaa (2018) mata duree “ Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa:Magaala Sululataa” jedhu irratti kan adeemsifame yoo ta'u, kaayyoo qorannoo kanaa kan ture, fayyadamni Afaan Oromoo bu'aa omishaalee maal akka fakkaatuufi ergaan fayyadamni Afaan Oromoo dhaabbilee daldalaa keessa jiru mootummaa naannichaaf qabu maal akka ta'e ibsuurratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan qorattuun argannoo ishee keessatti Afaan Oromoo dhaabbilee daldalaa bu'aa omishaa qaban bira bifa barreeffamaan kan hinjirree ta'uufi fayyadamni afaanii isaanii Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliizii qofa akka ta'e bira gahamee jira. Kana malees, fayyadama Afaan Oromoo irratti gama moggaasaatiin; bu'aa omishaaleetiiniis ta'ee kallattii dirree hojii garaagaraa irratti fayyadama afaanii ilaalchisee qajeelfamni kallattii garaagaraan irratti bahuu dhisuun fayyadama afaanichaa irratti dhibbaa fidaa jiraachuuun isaa bira gahameera. Gama biraatiiniis, tajaajila Afaan Oromoo ilaalchisee hangumti ittifayyadamama yookiin hojirra oolaa jiru ammoo maal akka fakkaatu ilaalchisee ragaan argame hanqinoonni garaagaraa kan jiran ta'uu agarsiisa. Hanqinoonni kunis, akkaataa fayyadama caasaa; qubeessuu, fayyadama jecha hirkatoo yookiin dhamjechaa, fayyadama jechoota loogaa, hojjiirra oolmaa qajeelfama fayyadama Afaan Oromoo irratti bahe bira akka jiruufi keessumaayyuu, dogoggorri qubee bal'inaan akka jiru bira gahameera. Isaan kun ammoo jechoonni ergaa barbaadame osoo hintaane hiika biroo akka dabarsan, yookiin hiikaa akka dhaban, jechoonni afaanichaa akka hinwaaltofne, jechoonni afaanichaa dhaaba akka dhabaniif, dhiibbaa kan geesisuudha. Akkasumas, barreeffamoota bu'aa omishaalee irratti barreeffaman ilaalchisee waajjirri aadaafi turizimii xiyyeeffannoo kan ittihin kennine ta'uun isaa bira gahameera. Kana malees, hanqinni jiru, qajeelfama bahee hojittii hiikuurratti hordooffiiniifi hubannoon fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee waajjiira aadaaf turiizimitiin kennamu dhabamuu faadha.

Qorannoo Booranaa (2016) mata duree “ Qaaccessa Barjaa Magaala Gaango'aa Hiika Jijjiirraa Jechoota Afaan Oromoo Irratti Xiyyeeffachuun” jedhu irratti kan adeemsifame yoo ta'u, kaayyoo qorannoo kanaa kan ture, hiika jijjiirraa jechoota Afaan Oromoo barjaa Magaala

Gaango'aa qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan qorataan argannoo isaatiin, Fayyadamni afaanii sadarkaa caasaa xixiqqaa hanga gurguddaatti, seerluga Afaan Oromoo eeganii kan hinjirre, barjaaleen hedduun isaanii caasaa gaalee maqaa kan qaban yoota'an, akkaataan fayyadamasaan garuu, caasaa gaalee maqaa Afaan Oromoo osoo hin taane, kan Afaan Amaaraafi Ingilizii ta'usaa bira gaheera. kana malees, jechoonni Afaan Amaararraa yookiin Afaan Ingiliziirraa jijjiiraman ergaabu'uureffachuun osoo hin taane, jechaa-jechatti waan ta'eef dhaamsa guutuu kanhin dabarsine ta'uufiqamni abbummaan guddina afaan Oromooratti sadarkaa aanaatti hojjetu; Waajjirri Aadaafi Turizimii caasaafi hiikaa barreeffamoota barjaa kanaafxiyyeeffannoo kennee too'achaa kan hinjirre ta'uunsaa, akkasumas, barreeffamoonni beeksisaa, namoota beekumsa xiinqooqaa Afaan Oromoo hinqabneen kan barreeffamee maxxanfamu ta'uu bira gaheera.

Qorannoon Xahaa (2008) mataduree "Qaacceessa Ittifayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Aagaarfaa" jedhuun kan gaggeeffame yoo ta'u, kaayyoon isaa adeemsa hojii seeraa keessatti Afaan Oromooti akkamitti akka fayyadamaniifi makama afaan biroo adda baasanii ibsuu irratti xiyyeeffata. Kanarratti hundaa'uun qoraticinii argannoo isaatiin fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti rakkinoonni akka: Abbootiin Seeraa hubannoon isaan abbootii dhimmaatiif kennan gahaa ta'uu dhabuu, adeemsa hojii mana murtii keessatti qaamoleen seeraa yeroo abbootii dhimmaa qoratan, raawwiifi murtii dabarsan afaan garagaraa walitti maku. Kun ammoo tajaajilamtootni ergaa qixa sirriitiin akka hinhubannee taasisaa jiraachuu, kitaabileen waa'ee seeraa irratti barreeffaman, qajeelfamootniifi maxxansaaleen seeraa baay'een isaanii kan Afaan Oromootiin hinbarreeffamne ta'uufi haalli mana murtii keessatti jechootni ittitaajilaa jiraniifi uumamaa jiran kallattii kan hinqabne ta'uu bira gahee jira.

Qorannoon biraa kan Milkeessaa (2015) mata duree "Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa, 1855-2015" jedhu irratti kan geggeessame yoo ta'u, kayyoon qorannichaa imaammanni mootota Abisinii bara 1855 irraa eegalee bal'inaan hojirra oolaa tureefi jiru, sadarkaafi gaheen Afaan Oromoo argataa tureefi ammas ittijiru irraatti fulleeffachuun kan xinxalameedha. Argannoon isaatiin ammoo imaammanni afaanii Afaan Oromoo afaan guddicha biyyatti kan ofirraa dhibu, imaammata haqa qabeessa hintaane, ummata Oromoos Mootummaa Federaalaa, bulchiinsoota Finfinneefi Dirree Dawaa akkasumas bu'aa achirraa argamu hunda irraa nidhiba; siyaasa biyyattiis gara hinmalleetti akka oofuufi Mootummaan Federaalaas ta'ee

kan naannoo imaammata afaanii labsii ofdanda'een tumate kan hinqabne ta'uu isaa bira gahee jira.

2.8. Yaaxina Qorannichaa

Yaaxinni qorannoon kun bu'ureffatu yaaxina sirnaakkoo fayyadama afaan barreeffamaa (linguistic landscape theory) irratti. Yaaxinni kun maqilee dhaabbilee daldalaa haala fayyadama afaan naannoo waliin walqabsiisnee xiinxaluuf kan nugargaarudha. Yaadirimee kanas Shohamy, E., Ben-Rafael (2001) yoo ibsan, "Linguistic landscape as all linguistic tokens which mark the public sphere, including names of sites, streets, buildings, places and institutions as well as advertising billboards, commercials and even personal visit cards" jedhu. Kanaaf akka yaada kanaatti, sirnaakkoo fayyadama afaan barreeffamaa (linguistic landscape theory) maqaalee iddoo, daandii, gamoowwanii, bakkaafi dhaabbilee sirriitti beeksisuuf, barjaalee gurguddoo dhaabbatan, akkasumas bakkeewwan daldalaatti kanneen argamaniifi kaardii daawwanaa dhuunfaaf tajaajilu illee dabalatee mallattoo xinqooqni hundi ittiin calaqqisu waan of keessatti haammatuuf, xiinxala kana ittiin adeemsisuuf yaaxina murteessaadha.

Abbaa yaaxina kanaa ta'uun kan beekaman Landry & Bourhis (1997) barjaaleen argisiistuu kallattii daandii ummataa, beeksisoota, bilboordii, maqaalee daandiiwwanii, maqaalee iddoo, kanneen akka suuqii daldalaafi gamoowwan mootummaa irratti mallattooleen/barreeffamoonni jiran, daangaa, naannoo ykn magaala tokkotti argaman fayyadama afaanii naannoo tokkoo argisiisuuf kan walitti dhufan ta'uu hubachiisu.

Dabalataanis, yaaxinni kun yaadirimeewwan fayyadama afaaniifi afheddummaa keessatti ka'an illee qorachuuf nugargaara. Yaada kana Gorter (2017) yoo ibsu, "The study of linguistic landscape aims to add another view to our knowledge about societal multilingualism by focusing on language choices, hierarchies of languages, contact-phenomena, regulations, and aspects of literacy" jedha. Yaadni kun ammoo sirnaakkoon fayyadama afaan barreeffamaa haala filannoo afaanii, sadarkaa afaanii, walitti dhufeenya haalootaa, qajeelfamootaafi haala barreeffamootaa irratti xiyyeeffachuun, beekumsa wa'ee afheddumma hawaasaa ilaalchisee qabnu irratti muldhata haaraa dabalachuuf kan nugargaaru ta'uu nutti muldhisa.

BOQONNAA SADI

SAXAXAAFI MALA QORANNOO

Seensa

Boqonnaan kun kaayyoowwan qorannoo kana galmaan gahuuf hojiirra kan oolan saxaaxa qorannichaa, mala qorannichaa, irraawwatama qoranichaa, mala filannoo iddattoo, madda ragaalee, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamaniifi mala qaaccessa raga qorannichaa of jalatti hammatee jira.

Haaluma kanaan mata dureewwan dhiyaatanis yaada qorannoowwan hayyootaan deeggaramuun barbaachisummaa isaaniifi qorattuunis maaliif akka itti fayyadamte sirriitti lafa ka'amuuf yaalameera. Kana malees qorattuun kaayyoo kana galmaan naaf gahu jettee iddattoo filatte, meeshaa ittiin ragaa guurrachuuf filatteetti dhimma bahuun adeemsaafi yoomessa keessa dabarte, akkasumas ragaalee kana walitti qabatee kana ammo mala kamiin akka qaaccessite boqonnaa kana jalatti sirriitti ibsuuf yaaltee jirti.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun mogaasni maqaalee dhaabbilee daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu maal akka fakkaatu xiinxaluudha. Kanaaf xiinxala kanaaf saxaxa qorannoo ibsaatti dhimma bahamee jira. Qabatnisaas dhaabbileen daldalaa Afaan Oromoo fayyadamuun maqaa daldalaa moggaasuun fayyadamuu irratti jiru ilaalchisee haala qabatamaa jiru irratti hunda'uun odeeffannoo battalaafi ifa ta'e argachuun kan ibsame ta'uu isaati. Haaluma kanaan moggaasni maqaalee kun labsiifi qajeelfama Mootummaa Naannoo Oromiyaa bu'ureffachuun Afaan Oromoon moggaafamuun walqabatee hojii daldala Magaalaa Sabbataafi Buraayyuu keessatti mul'atu maal akka ta'e addaan baasuun ibsaan kan dhiyaateedha.

3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala makaatti (akkamtaafi ammamtaa) fayyadamuungaggeeffame. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi mit-lakkoofsaan /ibsaan/ hiikuun waan barbaachisuufidha. Kunis kan ta'eef ragaalee bifa bilchina qabuun funaanamu qaaccessuuf barbaadameeti. Kun immoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkolee mul`atan

gadi-fageenyaan akka hubatamaniif gargaara (Creswell, 2009). Yaada kanarraa malli kun gadi fageenyaan xiinxaluudhaaf humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuuf haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti akkuma odeeffannoon argameen duraafi duubatti deemuun qaaccessuun nidanda'ama.

Kana malees, Addunyaa (2011) akka ibsutti, qorannoo walmakaan gosa qorannoo akkamtaafi ammamtaa walunachiisuun dhimmoota hawaasaa ifa baasuurratti humna guddaa kan qabu ta'uusaati. Kanarraa ka'uun haaluma kanaan qorannoo kana keessatti ragaaleen funaanaman harki caalu kan hiika argatan mala akkamtaatiin yoo ta'u, ragaaleen waliigalaa daawwannaan walitti qabaman immoo dhibbeentatti jijjiiramuun mala ammamtaan ibsameera.

3.2.1. Mala Iddatteessuu

Qorannoo gaggeessuu keessatti filannoon iddattoota qulqullina qorannichaaf bu'aan inni qabu murteessaa ta'a. Mala iddatteessuu kana ilaalchisee Dastaa (2013) yoo ibsu, "Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan ittiin taasisnudha." jechuun ibsa.

Bu'uruma kanaan qorannoo kana keessatti iddattoon dhimma itti bahame mit-carraadha. Iddattoo miti-carraa ilaalchisees Kothari (2000) yeroo ibsu, "Non probability sampling is that sampling procedure which does not afford any bases for estimating the probability that each item in the population has of being included in the sample." jedha.. Kanaafuu, gosa iddatteessuu mit-carraa keessatti qoratiichi ta'e jedhee carraadhaan ala ofiisaatii iddattoo kan filatu ta'uu nama hubachiisa.

Gama birootiin ammo, iddatteessuun mit-carraa yeroo baay'inni jamaa hinbeekamne yookiin tokkoo tokkoon addaan baasuufis rakkisaa ta'uu Kumar (2005) yeroo ibsu, "Non probability sampling designs are used when the number of elements in a population is either unknown or cannot be individually identified." jedha. Yaada kana irraa ammo, iddatteessuun miti carraa yeroo baay'inni iddattoo addaan baasuuf mijaataa ta'uu dhabbullee tajaajilarra garuu kan oolu ta'uu hubanna. Kanaaf qorattuunis jamaa filataman keessaa iddattoo filachuuf carraan waan hinfayyadamneef kanatti dhimma baateetti.

Qorattuun iddatteessuu mit-carraa kana keessaa ammoo gosa tokko kan ta'e akkayyootti dhimma bahuun ragaan funaanattee jirti. Sababni isaas, iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qoratchaarratti waan hundaa'aniifidha. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti gosoota iddaattoo miti carraa keessaa mala akkayyootti dhimma bahuun kan gaggeeffamuuf, iddattoon barbaadamu sun kaayyoo irrattii hundaa'uun akka kaayyoo waliin deemuttii ittiyaadame kan filatame waan ta'eefi. Akka Sarantakos (2005) ibsutti, mala iddateteessuu akkaayyoo keessatti qorataan ofii isaati iddattoo dhimma kaayyoo isaa waliin deemuu irratti hundaa'uun, akka yaada isaatti nita'a jedhe kan amanu murteessuun kan filatudha. Haaluma kanaan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf dhaabbilee daldalaa magaalicha keessatti argaman keessaa iddattoon armaan gadii fudhamee jira.

Dhaabbilee daldalaa sadarkaa 'A' ta'an kan Bulchiinsa Magaala Sabbataa keessaa 168, kan Bulchiinsa Magaala Buraayyuu keessaa immoo 142 miti carraadhaan filachuun waliigalatti dhaabbilee 310 suuraafi barreeffamaan ragaan fudhatamee jira. Kana malees, waajjiraalee dhimmi kun ilaallatuufi qaamoolee dhimmi ilaallatu manguddoo kudha lama(12), ogeeyyii qorattoota aadaa Waajjira Aadaafi Turizimii irraa namoota lama(2), akkaasumas Waajjira Daldalaafi Investimentii keessaa itti gaafatamtoota waajjiraa nama afur(4), abbootii qabeenyaa dhaabbilee kudha jaha (16) kan filataman yoo ta'u, bakka isaan hinjirretti ammoo bakka bu'oota isaanii irraa ragaa kan walitti qabame ta'ee, walumaagalatti namoota soddonii lama (32) filachuun odeeffannoon irraa guurameera.

3.2.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu irraawwatama qaba. Irraawwatamni kunis namootafi dhimmota qorannoon gaggeeffamu sun irratti gaggefamuudha. Kana ilaalchisee, Addunyaa (2011) yoo ibsu, "...namootafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuuf kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatin uumame," jedha. Haaluma kanaan, irraawwatamni qorannichaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Sabbataatti maqaalee dhaabbilee/omisha daldalaa barjaarra, akkasumas omisharra jiran irratti ta'e.

3.2.3. Madda Ragaa

Maddi ragaa kan namni qorannoo gaggeessu tokko kaayyoo ka'ate galmaan ga'uuf odeeffannoo irraa funaanudha. Haaluma kanaan, kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf, Bulchiinsa

magaaloota lamaan keessa (Buraayyuufi Sabbataa) maddi ragaa tokkoffaa qorattuun filatte, odeeffannoo irraa guurratte, barreeffamoota barjaaleefi omishaalee irratti maxxanfaman yoo ta'u, maddi raga kanneen lammaffaa ta'anii odeeffannoon irraa guurame ammoo, manguddoo kudha lama (12), ogeeyyii qorattoota aadaa Waajjira Aadaafi Turizimii irraa namoota lama(2), akkaasumas Waajjira Daldalaafi Investmentii keessaa namoota afur(4), abbootii qabeenyaa ykn bakka bu'oota isaaniifi daldaloota kudha jaha(16), walumaagalatti namoota soddonii lama(32) qorattuun madda raga godhachuun ragaa walitti qabdee jirti.

3.2.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu ragaa yookaan odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu funaanuun dirqama waan ta'eef, qorattuunis meeshaalee ragaan kun ittiin funaanamu keessaa afgaaffii, daawwannaafi marii gareetti fayyadamuun raga walitti qabdee jirti.

3.2.4.1. Afgaaffii

Afgaaffiin mala qorannoon akkamta keessatti meeshaa ragaan ittiin funaanamu keessaa isa bu'uraati. Yaada kana ilaalchisee, Scott and Deirded (2009:47) yoo ibsan, "Interview is one of the most popular qualitative research tools. It is very important in gathering reliable data," jechuun kaa'u. Yaada armaan oliirra akkuma hubatamutti mala qoranno qulqulleefataaf ragaa funaanu keessatti afgaaffiin meeshaa beekamaafi baay'ee barbaachisaa akka ta'e nihubanna. Kanaafuu qorannoo kana galmaan gahuuf, qorattuun ragaa funaanuuf afgaaffiitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu funaannattee jirti.

Bifuma kanaan, afgaaffii geggeessuuf magaaloota lamaanuu keessatti waajjiraalee mootummaa filataman sadii keessaa nama tokko tokko; waliigalatti namoota 6 afgaaffii akaakuu sadii qopheessuun beellama qabsiisuun tilmaamaan ganama sa'a 2:30 irraa eegalee hanga sa'a 4:00 giddutti argamuun bakka mana hojii isaaniitti argamuun ragaan barbaachisaa ta'e fudhatamee jira. Dabalataan, meeshaa odeeffannoo ittiin guurratan kanatti fayyadamuun magaaloota lamaanirraa bakka bu'oota abbootii qabeenyaa 16 afgaaffii akaakuu tokko qopheessuun, bakka dhaabbata isaaniitti argamuun sa'a hojiitti yeroo beellamni kenname garaa garaa deddebi'uun ragaan barbaachisaa ta'e fudhatamee jira. Akka waliigalaatti qorattuun meeshaa kanatti fayyadamuun namoota 22 irraa ragaalee af-gaaffii walitti qabachuun dandeessee jirti. Ragaalee afgaaffiin argatte kanas, mobaayiliin waraabuun, kan waraabame kanas irra deddebiin

qo'achuun, gara barreeffamaatti erga jijjiirtee booda kan kaayyoo qorannichaa deebisuuf fayyadu, boqonnaa afur jalatti qaaccessitee jirti.

3.2.4.2. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee odeeffannoo jalqabaa funaanuuf oolan keessaa tokko akka ta'eefi karaa gochaa tokko ittiin daawwachuun yookiin dhaggeeffachuun odeeffannoo funaanu ta'uu Dastaa (2013:119) yoo ibsu, "qorataan tokko daawwannaadhaan waan hubate tokko irratti hunda'uudhaan waa'ee waan daawwate sanaa murtii laachuu danda'a." jedha. Kanaafuu, meeshaa kanatti fayyadamuun qorattuun barreeffamoota beeksisaa barjaaleefi omishaalee irratti maxxanfaman Magaala Sabbataafi Buraayyuu keessa deemuun, tokkotti yaadannoo barbaachisaa ta'e qabachuudhaan, akkasumas, suuraa kaasuudhaan ragaaleen barbaachisoo ta'an qabatmaatti walitti qabatee jirti.

3.2.4.3. Marii garee

Mariin garee muuxannoofi beekumsa odeeffannootaa irratti hunda'uun raga qulqulluu argachuuf tumsa ol'aanaa qaba. Wa'ee marii garee ilaalchisee Kotheri (2004:98) yoo ibsu, "Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent..." jechuun kaa'a. Yaadni kunis muuxannoo namootaa irraa odeeffannoo akka argachuu dandeenyu nutti argisiisa.

Haaluma kanaan qorattuun maanguddooliin wa'ee Magaala Sabbataa, akkasumas wa'ee Magaal Buraayyuu ilaalchisee bu'ura irraa kaasee wa'ee hortee Oromoo naannoo sana jiraachaa turaniifi haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan amma jiru, akkasumas dudhaa ummatichaa ilaalchisee odeeffannoo gahaa qabaachuun kanneen muuxannoo dheeraa qaban irraa odeeffannoo baldhaa argachuu waan barbaaddeef, meeshaa raga ittiin walitti qabatan kana dabalataan filachuun, magaaloota lamaanuu keessatti garee tokko tokko; kan namoota jaha-jaha of jalatti hirmaachisu qopheessuun, akka waliigalaatti namoota 12 (kudha lama) Magaala Sabbataatti Sanbata xiqqaa ganama cireen booda sa'a 3:00 irratti bakka mana bashannanaa waca hinqabnetti argamuun, akkasumas Magaala Buraayyutti ammo Sanbata Guddaa ganama cireen booda sa'a 4:00 irraa eegalee mooraa B.M argamuun qabxii marii qopha'e irratti akka mariyatan gochuun, ragaa walitti qabatee jirti.

3.2.5. Mala Qaaccessa Ragaa

Mataduree qorannoo, “Xiinxala Maqaalee Dhaabbilee Daldalaa Magaala Sabbataafi Buraayyuu” jedhurratti odeeffanoowwan daawwannaa, afgaaffiifi marii gareen funaanaman mala akkamtaafi ammamtaatiin xiinxalamaniiru. Sababni isaas, odeeffaannoowwan bifa ibsaafi lakkoofsaan waan xiinxalamaniif. Malli ammamtaa odeeffannoo argame sana gara lakkoofsaatti deebisuudhaan garaagarummaa jijjiiramoota gidduutti argamu ibsuun xiinxaluudha. Kanaaf, qorattuun odeeffaannoowwan daawwannaan walittisassaabaman bifa gabateetti gargaaramuudhaan xiinxaltee jira. Malli akkamtaa /ibsa/ immoo odeeffannoo argame sana jechootaan ibsuudha. Kunis, kanneen jechaan omishaafi barjaa irratti barreeffamanii suuraan ta’an, qaaccessuun jechaan kan ibsi itti kennamedha. Kana bu`uureffachuun, qorattuun barjaaleefi omishaalee sakatta`amaniin irra jechoota jiran akkasumas, afgaaffiifi marii garee geggeeffame irraa ragaalee funaanaman mala ibsuutti gargaaramuudhaan qorannoo kana keessatti xiinxaltee jirti.

BOQONNAA AFUR

QAACCESSA RAGAALEE

Seensa

Boqonnaan kun ragaalee maqaafi omisha dhaabbilee daldalaa irratti funaanaman qaaccessa. Qaaccessa ragaalee kanaafis bu'urri gaaffilee qorannichaa kan fuula 4 irratti dhiyaatanidha. Maqaalee dhaabbileefi omisha daldalaarratti ragaan argame jalqaba irratti dhiyaata. Kunis mataduree garaagaraa jalatti qoqqoodamuun qaaccessi isaa dhiyaata. Mata dureen jalqabaas dhaabbilee daldalaa akaakuu omisha isaaniifi tajaajila kennaniin bakka addaa addaa sagalitti (9) qoqqoodamuun qaaccaffamaniiru. Moggaasni maqaalee kunis afaan kamiin akka barreeffamaniifi haalli qubeessuu Afaan Oromoo dhimma itti bahame qabiyyeewwan addaa addaati qoqqoodamuun ragaalee suuraan ibsamaniin xiinxalamanii jiru.

Erga ragaaleen kaayyoowwan 1ffaa fi 2ffaa qorannoo kana deebisan qaaccessamanii booda, ittuma fufuun maqaalee xiinxalaman kanas, qajeelfamni moggaasa isaanii daangessuu danda'u bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa keessa jiraachuu isaa adda baasuun, ifa gochuun gaaffii qorannichaa isa 3ffaa deebisuuf yaalama. Dabalataanis boqonnaadhuma kana keessatti maqaaleen dhaabbilee daldalaa adda bahan kun hawaasa Oromoo baldhaa duruma irraa eegalee abbummaan achi jiraachaa ture, yeroo ammaa kanas akka ragaan magaalota kanarraa argame ibsutti, bayina lakkoofsaan Magaala Sabbataafi gandoota naannoo ishee dabalee %65 ol, Magaala Buraayyuufi gandoota naannoo ishee dabalatee %68 ol ta'u irratti akkamiin isaa irratti dhiibbaa qaqqabsiisaa akka jiru addaan baasuun xiinxalamee gaaffii qorannichaa isa 4ffaa deebisuuf yaala.

Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti, Magaalaa Sabbataafi Buraayyuu keessatti Dhaabbileen daldalaa sadarkaa olaano ta'an, kanneen ofiin omishanii raabsan akkasumas Hoteelota tajaajila nyaataafi dhugaatii kennan, labsiifi qajeelfama Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kabajuun, Afaan Oromoon maqaa moggaafachuurratti, yeroo ammaa kana maalirra akka jiran, gaaffilee bu'uura qorannichaa waliin walsimsiisuun ragaa afgaaffii, marii gareefi daawwannaa dirreen argameqindeessuun gabateefi keeyyataan ibsi irratti kennamee qaaccaffamee dhihaatee jira.

4.1. Afaan Moggaasa Maqaa Dhaabbilee Daldalaafi Omishaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa

Mata duree kana jalatti maqaan dhaabbileefi bu'aawwan omishaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa keessatti Afaan ittiin moggaafaman akaakuu omishaafi tajaajila dhaabbileen daldalaa kennan irratti hunda'uun bakka garaagaraan sagal (9) itti adda qoodamanii qaaceffamaniru. Kunis kanneen bishaan dhugaatii omishan, mi'eessituufi gosa midhaan ittoof tajaajilan omishan, daakuufi akaakuu nyaata (paastaafi makaronii) omishan, zayita nyaataa omishan, karameellaa, juusiifi biskuta omishan, hoteelootaafi manneen bashannanaa tajaajila nyaataafi dhugaatii kennan, akkasumas, abaaboo, pilaastika, huccuufi dibata rifeensaa kanneen omishan akka armaan gadiitti qoqqoodamanii maqaaleen kun afaan kamiin akka moggaafamanfi kanneen afaan Oromootti hiikkatanii moggaafachuuf yaalii taasisan fayyadamni jechoota isaanii maal akka fakkaatu haaluma armaan gadiitti dhiyaateen qaaceffamuuf yaalamee jira.

4.1.1. Dhaabbilee Bishaan Dhugaatii Omishan

Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi keessatti dhaabbileen daldalaa bishaan dhugaatii omishan hedduutu jira. Dhaabbileen kunis maqaaleen omisha isaaniif moggaasanii ittiin beeksifatan gabatee armaan gadii kana keessatti kan tarreeffamee jiru yoo ta'u, mata duree kana jalattis haala fayyadama afaanii moggaasa maqaalee kanaa kan ilaallu ta'a.

G.1. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Omishaa
1	Delta
2	Aqua Addis
3	Unique
4	Origin
5	One
6	Hagere
7	Ava
8	Yes
9	Arki
10	Hiwot
11	Joy

Maqaalee bu'awwan omisha bishaan dhugaatii olitti dhiyaatan Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti kan omishaman yoo ta'ellee, kanneen dhiyaatan keessaa sadii “Hagere, Arki, Hiwot” Afaan Amaariffaan qofa, “Aqua Addis,” Afaan Ingiliffaafi Amaariffaan walmakee kan moggaafaman yoo ta'u, kanneen hafan “Delta, Unique, Origin, One, Ava, Yes, Joy” kun hundi afaan Ingiliffaan moggaafamanii argina. Omishaaleen kun maqaa ittiin beekaman maqaa addaa (brand name) kennameefii kan jiru yoo ta'u, tokkoon isaanii illee Afaan Oromoon moggaafamuu dhabuun, akka qorattuu tokkootti yeroon taajjabu, bishaanni hanga kun madduma irraa burqe dagatee kanuma alaa burqee alumaa seene, akkasumas ija saayinsii sirnaakkoo fayyadama afaan barreeffamaan yoo ilaallu, maqaaleen kun Magaalli Sabbataafi Buraayyuu biyya dubbattootaafi tajaajilamtoota Afaan Ingiliziifi Afaan Amaariffaa qofa akka fakkaatu taasisee jira.

Kana malees omishaaleen kanarratti afaan barreeffamee jirus, “Delta, Unique, One, Yes,” isaan kun akkuma jirutti Afaan Ingiliffaan kanneen kanarraa hafan hundi isaanii ammo Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaan barreeffamanii maxxanfatanii jiru. Kun kan namatti muldhisu, abbootiin qabeenyaa hojii omisha bishaaniiratti bobba'an kun, Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'uu hubatanii itti fayyadamuu dhabuufi, sabni lakkoofsaan baldhaa ta'e biyyattii keessa jiraatu sabni Oromoo tajaajilamaa bishaan kanaa ta'uun galii daldala isaaniif gumaacha ol'aanaa taasisuu akka danda'u waan dagatan fakkaata.

Keessattuu akka fakkeenyaa addaatti Bulchiinsa Magaalaa Sabbataatti kan omishamu bishaan maqaan isaa “One” jedhamee moggaafame, achuma bu'aa omishichaa irratti “From Mogle Mountain” jechuun barreeffamee jira. Barreeffama Omishaa kanarratti Yaadi ibsamuuf barbaadame “Gaara Mogole” jedhamu jalaa akka burqe ibsuuf yaadamee yoo ta'u, bakkuma burqaa isallee omisha irratti sirriitti ibsuu dhabuufi maqaa madda burqaa sanaa omisha sana ittiin moggaasuun beeksisuuf xiyyeeffannoon kan itti hinkennamne ta'uu namatti argisiisa.

Akka walii galaatti, Abbootiin dhaabbilee omishaa kunniin walitti hidhata qajeelfama Afaan hojii Naannoo Oromiyaa kan hinqabneefi beekaniis ta'e osoo hinbeekin beeksisu moggaasa maqaalee kanaan eenyummaa biraa ijaaraa deema kan jiran ta'uu hubachuun nidanda'ama.

4.1.2. Daakuufi Akaakuu Nyaataa (Paastaafi Makaroonii) Omishan

Akkuma dhaabbilee bishaan omishan olitti argine, kanneen daakuufi akaakuu nyaata Paastaafi makaroonii omishanis magaaloota kana lamaan keessatti hedduminaan argamu dhaabbileen

kunis maqaan isaan ittiin waamaman gabatee armaan gadii keessatti kan dhiyaate yoo ta’u, maqaan omishaalee isaaniis bu’uruma kanarraa kan moggaafamanidha. Kanaaf haala fayyadama afaanii maqaalee kanaas bifuma itti aanuun kan arginu ta’a.

G.2. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Omishaa
1	Kompileksii Nyaataa Yamiroot
2	Kompileksii Nyaataa Lemlem
3	Daakuu Al-hamdu
4	Kompileksii Nyaataa Yehibret
5	Kompileksii Nyaataa Booni
6	አይዲ ዲቲ
7	Nyaata Hanaan
8	Kompileksii Nyaataa K.O.J.J
9	Kompileksii Nyaataa BOOEZ
10	Kompileksii Nyaataa Hayaatii

Gabatee armaan olii irratti maqaan dhaabbilee argamu akkaatuma isaan barjaa irratti barreessanii jiraniin kan fudhatame yoo ta’u, ragaa bulchiinsa magaaloota Sabbataafi Buraayyuu irraa argameen baayyeen isaanii alergee waan ta’aniif omishini isaanii gara biyya alaatti illee baldhinaan kan ce’udha. Bu’urri maqaan omisha isaaniis kanuma waan ta’eef qaracitii daakuu midhaaniifi kaartooniin kuusaa nyaataa isaaniis maquma kana fudhatee biyya alaatti ce’a.

Akka ragaan muldhisutti dhaabbileen hedduu maqaan isaan dhaabbata isaaniifi omisha isaanii ittiin moggaafatan Afaan garaagaraa walitti hidhuun kan heddummaatu yoo ta’u, akka fakkeenyaatti gabatee dhiyaaterra dhaabbileen akka fakkeenyaatti fudhataman kun “ Yamiroot, Lemlem, Yehibret” Afaan Amaariffaafi Afaan Ingiliffaan “Food Complex” kan jedhurraati. Bifuma walfakkaatuun dhaabbileen maqaa isaanii “ Hayaatii, Alhamdu, Ayida,” jechuun moggaafatan maqaa addaa omishaa (brand name) ittiin beeksisuuf moggaafachuu yaalan Afaan Harabiffaa yoo ta’u, “BOOEZ pasta” Afaan Ispanishiit.

Akkasumas dhaabbilee kurnan kana keessaa tokko Afaan Oromon “Boni” jedhamee kan moggaafame, maqaa bu’uraa Afaan Oromoon moggaafachuuf yaaliin yoo taasifame illee kanneen dhaabbata tajaajila ykn omishicha ibsuuf itti hidhatan ammo jechoota Afaan Ingiliffaan “Food Complex” kan jedhurraati.

Akka waliigalaatti mata duree kana jalattis moggaasa maqaa Afaan Oromoo bu'ura godhachuuf kan yaale tokko (Boni) kan jedhu irraa kan hafe hundi isaanii akkuma moggaasa maqaa bishaan dhugaatii irratti ilaaluuf yaalle Afaan Amaariffaafi Afaan biyyoota alaatti dhimma bahaa kan jiran ta'uufi kanumti Afaan Oromoon moggaafachuuf yaalii taasises afaanoota walmakaa irraa bilisa ta'uu akka hindandeenye argina.

Dhaabbileen bifa buburree ta'een maqaan isaanii waamaman bu'urri moggaasa maqaa isaanii afaan biroo waan ta'eef gara Afaan Oromootti deebisanii moggaafachuuf yeroo carraaqan jecha hiikni isaa hinbeekamnetti jijjiiramee argina. Akka suura irraa arginutti maqaan dhaabbata "Yamrot Food Complex" jedhu gara Afaan Oromootti akkuma jiruun "Kompileksii Nyaataa Yaamiroot" jechuun tajaajila kennan moggaafatanii argina. Kunis hiika jijjiiree ergaan darbuuf barbaadame maal akka ta'e hawaasa fayyadamaafi dubbataa Afaan Oromoo nannoo sanaa akka hinhubatamne taasissee jira.

4.1.3. Dhaabbilee Karameellaa, Biskutafi Juusii Omishan

Dhaabbilee daldalaa Karameellaa, Biskutaafi Juusii omishan ammoo, maqaaleen isaanii gabatee gadii kessatti tarreefamee kan jiru yoo ta'u, kanneen muraan adda bahan maqaa bu'aa omishaaleeti. Kanneen akkuma jiruun barreeffaman ammo maqaalee dhaabbataafi maqaalee omishaati.

G.3. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Dhaabbilee/ Omishaa
1	Maharii Karamella
2	Top Karamella
3	Halayo karameella P LC/ Halayo karamella
4	Selewaa PLC / Selewaa karamella
5	Helen karamella
6	Mars food complex/ Mars fabulous froth
7	FruityJuice Manufacturing PLC/ Mango Fruity Drink
8	Horra food Complex/ King Biscuits

Dhaabbileen Karameellaa, Biskutaafi Juusii omishan kan maqaan isaanii olitti tarreeffamee jiru keessaa "Maharii, Top, Helen, „Selewaa, Halayoo" kanneen jedhan akka ragaan argisiisutti maqaalee omisha karameellaa sanaafi maqaalee dhaabbata isaaniif moggaafatanidha. Kana keessaas baayyeen isaanii worra al-ergee ta'anidha. Afaan ittiin omisha beeksifachuuf dhimma itti bahame Amaariffa, Ingiliffa, harabiffaafi kannee birooti. Kana malees dhaabbatni "Mars

food complex” juusii chakoleeta maqaan isaa “Mars fabulous froth” jedhamu omishuufi dhaabbatni “FruityJuice Manufacturing PLC” kan omisha “Mango Fruity Drink” jedhamu omishu. Akkuma jirutti Afaan Ingiliffaa qofatti fayyadamuun maqaa moggaafatanii argina. Haalli isaan itti omisha isaanii irratti barreeffatanii jiranis bifuma kana kan calaqqisiisu ta’uudha. Kanaaf omishni kun magaala Buraayyuufi Sabbata keessatti omishamee afaan naannichaa calaqqisiisuu dhabuun isaa magaaloota gurguddoo kana keessaa omishni alatti ya’u Afaan Oromoo afaan daldala ta’uun akka hindagaagne dhiibbaa guddaa uumaa akka jiru argisiisa. Kana malees akka saayinsii sirnaakkoo fayyadama afaan barreeffamaatti (linguistic landscape) yoo ilaalle hawasa Oromoo baldhaa naanicha keessa jiraatu enyummaan isaa akka hinmuldhanne taasisaa jira.

Gama birootiin ammo bifa adda ta’een dhaabbata bisukuta Magaala Sabbataatti omishu kan maqaan omisha isaatii ‘KING Biscuits’ jedhu bifa adda ta’een yoo ilaallu, nyaanni kun bu’urri isaa kabaja guddaa akka qabu ibsachuuf maqaa addaa (brand name) kan moggaafatan ta’uu danda’a. Maqaan dhaabbata Omishichaa garuu achuma omisha sana irratti qubee gurguddaan afaanuma Ingilziitiin, ‘HORRA FOOD COMPLEX’ jechuun barreeffamee argina. Hata’u iyyuu malee, Akkan odeeffannoo dhaabbaticharraa argadhetti silaa kan jedhamuuf barbaadame “HORRA” osoo hintaane maqaa abbaa dhaabbatichaan afaan Oromoon “HORAA” kan jedhu ture. Dogogorri barreeffamaa arginu kun maqaa abbaa qabeenyichaa gara Afaan Hinbeekamneetti jijjiiree jira. Kanaaf qaamni moggaafate kun yoo qubee Afaan Oromoo ofii hinbeekne, ogeessa Afaan Oromoo sirriitti danda’uun barreesifachuu dhabuun isaa eenyummaa isaa haguugee jira. Gama birootiin ammo dhaabbanni kun maquma isaa kana sirriitti barreeffatee maqaa Afaan Ingilizii “KING” jedhu moggaafachuu irra biskuta isaafis maquma “HORAA ” jedhu kanaan biskuta isaa yoo moggaafatee Afaan Oromoon of beeksise maal ta’a? Kan jedhu gaaffii waan natti uumeef yaada odeef kennaa dhaabbatichaafi kanneen rakkoo walfakkaataa qaban qindeessuun fuula 100 jalatti ibsuuf yaaleen jira.

4.1.4. Dhaabbilee Zayita Nyaataafi Mi’eessituu, Gosa Nyaata Ittoof Tajaajilan Omishan

B.M lamaan (Buraayyuufi Sabbataa) keessatti dhaabbileen xixiqqaa zayitaafi akaakuu nyaata ittoof tajaajilan kanneen omishan hedduudha. As jalatti garuu haaluma daanga qorannichaan dhaabbilee gurguddoo filataman keessaa kanneen gaditti tarreeffamanii jiran maqaan isaan moggaafatan haaluma itti aanee jiruun kan dhiyaatanidha.

G.4. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Dhabbilee/Omishaa
1	Kokab Zayit
2	Adey Abeba Zayit
3	Ababaa Baltinna
4	Bafirkot Baltinna
5	Absiniya Baltinna

Bu'aleen omishaa Magaalota lamaan kana kessatti omishaman kanneen zayitaafi nyaataaf maqaa addaa kennan keessa Afaan Oromoon kan moggaafatan tokkollee kan hinjirreefi “Bafirakot” Afaan Guraagiffaan kan moggaafame irraa kan hafe hunduu Afaan Amaariffaan kan waamamanidha. Dhaabbileen nyaataafi zayita omishan kun omisha isaanii irratti Afaan Amaariffaan qofa kanneen barreeffatan ta'uufi barjaleen isaanii haaluma walfakkaatuun kan jiru ta'uu taajjabeen jira.

Kanneen kana keessaa dhaabbani “Bafirakot” maqaa isaanii Afaan Oromoon “Baaltinnaa Bafirakoot” jechuun barjaa irratti barreeffatanii kan jiran yoo ta'u, moggaasni kun kamtu kamii? Kan jedhu sammuu namaa keessatti uuma. Qabatni isaas “Bafirakot” kan jedhus yoo fudhanne akkuma olitti ibsame maqaa Afaan Oromoo miti “Baaltinnaa” kan jedhus jecha Afaan Oromoo miti. Kanaaf haala caaseffama Afaan Oromootiin Amaariffaafi Guraagiffa kan fayyadamnu yoo ta'e lamaanuu caaseffama walhinsimne qabu. Kanaaf yoo seera afaan nnannichaa kabajuun Afaan Oromoon hinmoggaafanne ta'e, Afaan Oromoon barreessuun ittiin waamamuu irrattis fakkeessuuf yoo ta'e malee rakkoo guddaa kan fidu ta'uu ragaan kun qabatamaan namatti muldhisa.

4.1.5. Hoteelotaafi Bakkeewwan Bashannanaa

Hoteelotaafi bakkeewwan bashannanaa B.M Buraayyuufi B.M Sabbataatti hedduun jiraatanis isaan gurguddoon armaan gaditti filatamanii tarreeffaman maqaalee isaanii haaluma armaan gaditti dhiyaateen maxxanfatanii kan jiran yoo ta'u, haala fayyadama afaaniimaqaalee kanaas qabxii kana jalatti kan ilaallu ta'a.

G.5. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Dhabbilee/Omishaa
1	HOTELA ANKOR
2	HOTELA HDMAS
3	Kaabawu Hotel
4	Waalda Meettaa Aabbo Birraa Aksyoona
5	ብሪታንያ / Gaardanii Briiz
6	HOTELA FITSUM BALAY
7	HOTELA FIRAA'OL

Dhaabbilee kenna tajaajila tuuristii kana yoo fudhanne, maqaan Hoteelotaa jiranis maqaan isaan qaban haaluma moggaasa maqaa warshaaleen wal fakkataa. Daandii gara Sabbataatti geessu Alam Ganaa osoo hin ga'in Raabsaa Boba'aa Nook jedhamu akka dabaratniin hoteelonni daandii cina bitaaf mirgaaan jiran, ANKOR, HDMAS, harka gadiitti ammo FITSUM BALAY jechuun moggaafamnii waamaman argina. Hoteelonni ANKOR, HDMAS, FITSUM BALAY jedhaman kun afaan naannichaa waliin hidhata tokkollee qabaachuu dhabuun isaanii naannoon sun Magaala Oromiyaa osoo hintaane biyya biro fakkeessee jira. Kun ammo dhaabbileen tokko bakka ijaaramanii dhaabbatanitti hangam maqaa naannoo jijjiiruun eenyummaa isaanii ijaaraa akka deeman ragaa guddaadha.

Kan biraan Hoteelli HDMAS cinatti argamu, “Kaabawu trading plc” jedhamuun beekamudha. Moggaasni maqaa Hoteela kanaa yoo ilaalame jechi “Kaabawu” jedhu dhagaa tulluu isa boroo jiruun qabatee kan hundeeffame yoo fakkaates, dhugaan ibsu garuu maqaa wal makaa; afaan Amaaraafi Ingiliziin kan moggaafame ta'uu isaati. Akka moggaasicha barreeffameen ifu, bifa waldaa aangoon isaa murtaa'een akka hundaa'e afaan Ingiliziin kan barreeffameenibsa. Kun ammo waldaan kun jecha Afaan Oromoon bakka buusee fayyadamuu akka hinfeene muldhisa. Haaluma walfakkaatuun bakka bashannanaa maqaa “ብሪታንያ / Gaardanii briiz” jechuun beekamus yoo ilaalle, maqan isaa moggaasa Afaan Ingiliiziiti. Bakki magariisi bashannanaa kun garuu bakka biraa irraa kan dhufe osoo hintaane kan inni jiru magaaluma Sabbataati. Hata'u iyyii malee moggaasa maqaa naannoo sanaa bu'ureffachuullee akka hindandeenye argina.

4.1.6. Dhaabbilee Abaaboo Omishan

Dhaabbileen Abaaboo omishan keessattuu B.M Sabbataatti hedduminaan kan jiran yoo ta’u, kanneen qorannoo kanaaf filataman keessaa maqaan isaan ittiin waamaman haaluma gabatee gadii keessatti tarreeffameen ta’a.

G.6. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Dhaabbilee/Omishaa
1	Lafto roses PLC
2	Saron agro farm PLC
3	Yalkonah flower
4	Ethio-pasion
5	Dire Highland flower
6	Eth-Highland
7	Selam flower
8	Tal flower
9	Hadiya flower

Dhaabbilee abaaboo omishan salgan kun huni barreeffama beeksisaa irratti Afaan Ingiliffaan qofa worra tajaajilamanidha. Isaan kana salgan keessaa maqaa addaa (brand name) Afaan Oromoon kan moggaafate “Laftoroses PLC” kan jedhu irraan kan hafe isaan biroo kanneen akka “Ethio-pasion, Eth-Highland, Dire Highland flower, Hadiya flower” jechuun maqaa biyyaan kanneen kanarraa hafan ammo “Selam flower” Afaan amaariffa ka’umsa godhachuun kan moggaafameefi kanneen biroo afaanota addaa addaatiin moggaafaman argina. Qabxii kana keessattis akkum adhaabbilee garaagraa olitti argineen Afaan Oromoo maqaa dhaabbataa moggaafachuun carraa baayyee dhiphaa ta’e qofa kan kennameef ta’uu nutti argisiisa. Dhaabbileen kun al-ergee ta’uun isaanii ammo moggaasni maqaa kun afaan naannichaan omishaalee alatti ittiin beeksisuuf carraa dhorkachuun hakuucaaa jiraachuu nuuf mirkaneessa.

4.1.7. Dhaabbilee Pilaastika Omishaan

Dhaabbileen pilaastika omishan, dhaabbilee hunda caalaa malaaloota lamaan keessatti hedduminaan argamu. Kanneen filataman keessaa maqaan isaan ittiin waamaman gabatee armaan gadiitiin dhiyaatee muldhata.

G.7. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Dhabbilee/Omishaa
1	Keenyaa pilaastikii
2	Pilaastika Mesfin Argawu
3	Liradaa Pilastic
4	Few using pilastic
5	Gold tsoon pilastic
6	Pilaastika Saraa Fiqire
7	Pilaastika Amare plstic
8	Pilaastika Biruk Tariku
9	Pilaastika Biniyam Xilahun
10	Olirra Agro Industry

Maqaalee dhaabbilee kudhan (10) keessaa maqaa addaa (brand name) Afaan Oromoon kan moggaafachuuf yaalan “Keenyaa” kan jedhuufi “Olirra” kannaaen jedhanyoo ta’u, isaanumti kunis akkaataa itti barreeffatanii jiran fayyadama Afaan Ingiliziitiin ta’uu taajjabeen jira. Keessattuu “Keenyaa Pilaastikii” kan jedhu qubee Afaan Oromoon caaseffama Afaan Ingiliffaa “Kenya plastic” kan jedhuun akka dhimma itti bahe ifa galeessa. Kun ammo kan namatti argisiisu afaanuma ittiin moggaafanne seeraan ibsachuu dhabuun afaan birootti akka nudhiibu hubachiisa.

Kanneen kanarraa hafan biro ammo “Liradaa, Few using, Gold tsoon” Afaan Amaariffa, Ingiliffafi Ingiliffa walmakaan moggaafameedhimma itti bahamee jira. Kanneen hafan ammo abbaa dhaabbatichaa ta’uu eeruu kennuuf maquma guutuu isaaniitiin dhaabbilee isaanii moggaafatanii argina kun ammo bu’ura saayinsii moggaasa maqaa daldalaaf kennamu maqaa guutuun waamamuu kan hinqabne ta’uu isaa dagachuu bira darbee haala moggaasa maqaa naannoo omishaa sana calaqqisiisuu danda’uun fayyadamaa akka isaan hinjirre argisiisa.

4.1.8. Dhaabbilee Huccuu Omishan

Dhaabbilee huccuu omishan magaaloota lamaan keessaa filataman ammo kanneen armaan gaditti dhiyaatan yoo ta’u, maqaan dhaabbileen kun ittiin waamamanis haaluma gabatee keessatti barreeffamee jiruun kan arginu ta’a.

G.8. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Dhabbilee/Omishaa
1	Arbaminic textile-garment/ አርባ ምንጭ ጨርቃ ጨርቅ ፋብሪካ
2	Wreckless Collection garments PLC
3	Faleke Indashaw Garment
4	DKmanufacturing
5	Ayikaa Addis Garment
6	GNS PLC Garment
7	Fiqer leather
8	Jiadong Wang Textile factory

Moggaasni maqaa dhaabbilee omishaa huccuu olitti jiran yoo ilaalaman hundu eenyummaa garaagaraan waamamu. Kanneen arginu kana keessaas omishi kun Magaala Sabbataafi Buraayyuutti omishamee, garuu Afaan Oromoon moggaafachuuf kan yaale tokkollee akka hinjirre argisiisa.

Gama birootiin ammo akka fakkenya biraatti, “Warshaan Huccuu Arbaaminci” yoo ilaalle moggaasa maqaa Afan Amaariffaa kan bu’ureffate ta’ee, maqaa magaalaa Naannoo Ummattoota Kibbaa keessatti argamtuun kan moggaafamedha. Warshaan kun Magaalaa Sabbataatti kan argamu ta’ee, maqaa ‘ARBAA MINCI, አርባ ምንጭ ጨርቃ ጨርቅ” jedhamuun moggaafamuun bakka omishni kun dhaqu maratti waanuma akka Magaalaa Arbaa Miniciirraa omishamee dhufetti muldhachuun eenyummaa Magaala Sabbataa beeksisuu irratti dhiibbaa akka uumu hubachuun nidanda’ama. Kunis moggaasni tokko yoo itti hinyaadamne hangam eenyummaafi abbummaa hawaasa naannoo tokkoo dhoksuu akka danda’u akkuma qabxiilee kanneen biroo irratti argineen dabalataan nuuf mirkaneessa. Kana malees ija saayinsii sirnaakkoo fayyadama afaanii (linguistic landscape) tiin yoo ilaallu maqaaleen naannoo tokko waliin hidhata cimmaa kan qaban yoo ta’u, moggaasni nuti olitti arginu kun haala naannoo magaalota Oromiyaa jijjiiruu irratti dhiibbaa guddaa kan qabu ta’uu isaati.

Kana malees akka fakkeenya birootti, “DK manufacturing, GNS PLC Garment” kanneen jedhaman kana yoo ilaalle, gabaajeen itti dhimma bahan afaan kamiin akka ta’eefi maal ibsuuf akka barbaadame waan namatti muldhisu hinqabu. Kun saayinsii barreeffama beeksissaatti fayyadamuu dhabuu bira darbee, afaan ittiin dhimma bahame ifa ta’uu dhabuun isaa to’annoofi illee kanneen baayyee rakkisoo ta’anidha.

4.1.9. Dhaabbilee Meeshaalee Ijaarsaa Omishanifi Ijaarsa Irratti Bobba’an

Mata duree kana jalatti B.M Buraayyuufi B.M Sabbataatti dhaabbilee ijaarsaafi dhaabbilee meeshaalee ijaarsaa omishuu irratti bobba’anii jiran kanneen qorannoo kanaaf filataman keessaa hanga tokko maqaa isaan ittiin waamaman kan armaan gaditti dhiyaatee jiru mata duree kan ajalatti kan ilaalaman ta’a.

G.9. Tarreeffama Maqaalee Dhaabbile

T.L	Maqaa Dhabbilee/Omishaa
1	Wagash construction/ ijaarsa
2	Taqwaam trading plc/ ijaarsa
3	Marsi moyii industry p.l.c / omisha PVC
4	Jank constraction/ ijaarsa
5	Kelarm jibsamii
6	Al- Ahel Treading/ ijaarsa
7	Habesha Simminto
8	Capital Siment
9	Xiraat Bilookeet
10	Deqenoo trading PLC/ bilookeeta
11	Esd mafc.plc / W/sha Abbay qalam
12	Tsehay paints factory

Dhaabbileen olitti arginu kana keessaa kan Afaan Oromoon kaayyoo egeree isaa dhaammachuuf kan moggaasuuf yaale “Marsi moyi industry p.l.c” kan jedhu irraa kan hafe, maqaan ittiin dhaabbata isaanii waamsisanifi omisha isaanii moggaasan Afaan Amaariffa “ Wagash, Teqawem, Habesha, Xiraat, Abbay, Tsehay” kanneen kanarraa hafan “ Capital, Jank, Al-Ahel, Deqeno” Afaan Ingiliffaafi kanneen biroon moggaafatanii jiru.

Dhaabbileen ijaarsaa hundi isaanii kanneen meeshaalee ijaarsaa ofiin dhiyeessuun ijaarsa irratti bobba’an yoo ta’u, kanneen hafan ammo meeshaalee ijaarsaaf tajaajilan omishanii dhiyeessanidha. Keessattuu meeshaalee ijaarsaa asitti omishan kun qbeenya albuudaa Magaala Sabbataafi Buraayyuutti argamu omishaa, deemsa fagoo dhaquun maqaa biroo barbaaduun isaanii akkuma qabxiilee olitti ilaalaa as geenye hunda beekaniis ta’e osoo hinbeekin Afaan Oromoon fayyadamuu fedhu dhabuu isaanii argisiisa.

Kanaaf akka waliigalaatti dhaabbileen daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa barjaa irratti afaanuma ittiin moggaafatan sana qubee Afaan Oromoon ibsachuuf yaaluun isaanii moggaasicha irratti rakkoo uumaa kan jiru ta'uufi hiika dhabeessa isa taasisuun hedduminaan muldhatee jira. Kana malees barjaa irratti qubee Afaan Oromoon barreessuuf haayaalan iyyuu malee,omisha isaanii irratti ammo tasuma Afaan Oromoo kan hinfayyadamne ta'uun isaanii guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaa guddaa kan qabu ta'uun isaa ammayyuu hojii duula guddaa kan nama gaafatudha. Konkolaattoota omishaalee addaa addaa raabsuuf maqaa omishaa ofirratti maxxanfatanii Magaala Finfinnee keessaa asiif achi socha'an yoo ilaalle dhugaa kana ifatti kan arginudha.

Dabalataanis , kanneen akka fakeenyaatti gabatee keessatti qaaccaffamaniin ala worra jiran dabalatee ragaan akka muldhisutti Afaan Oromootti fayyadamuun sadarkaa hinjiru jedhamurra kan jiru ta'uu isaa maqaaleen dabalee jalatti fuula 89 irraa eegalee 98 tarreeffamee jiru irratti hunda'uun ragaan gabatee armaan gadiin qaaccaffame kun dhugummaa jiru nuuf mirkaneessa.

G.10. B.M Buraayyuutti Dhaabbileen Daldalaa Afaan Ittiin Moggaafatan

Afaan Ittiin Moggaafame	Bayina Dhaabbilee	%
Afaan Oromoofi Ingiliffa walmakaa	6	3.5
Afaan Amaariffa qofa	1	0.5
Afaan Amaariffafi Ingiliffa walmakaa	12	7.1
Afaan Ingilizii qofa	37	22
Maqaa nama dhuunfaan	52	30
Kanneen Gabaajee ta'an	23	13.6
Afaanoota kanneen biro hinbeekamne	37	22
Ida'ama	168	%100

Gabatee G.11. B.M Sabbataatti Dhaabbileen Daldalaa Afaan Ittiin Moggaafatan

Afaan Ittiin Moggaafame	Bayina Dhaabbilee	%
Afaan Oromoofi Ingiliffa walmakaa	4	2.8
Afaan Amaariffa qofa	9	6.3
Afaan Amaariffafi Ingiliffa walmakaa	14	9.8
Afaan Ingilizii qofa	18	12.6
Maqaa nama dhuunfaan	31	21.8
Kanneen Gabaajee ta'an	30	21

Afaanoota kanneen biro hinbeekamne	36	25.3
Ida'ama	142	%100

Gabatewwan olitti bifa cuunfatin kaa'aman yoo ilaalle, Moggaasa maqaa dhaabbilee daldalaafi raabsitoota omishaalee ilaalchise seerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa afaan hojii Mootummaa Afaan Oromooti yoo jedhes, Afaan kanaan omisha ofii bakka itti omishamu irraa kaasani moggaafachuun sadarkaa hin jiru jedhamuu irra jira. Afaan kamiyyuu Afaan biro irraa jecha ni ergifata yoo ta'es hanga kanaatti gadi bu'uun omishuma asitti omishamuuf maqaa ergisaa biro barbaachuun afaanichaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuudha jedheetan yaada. Tokko tokko ammo, hamma tokko yoo seera sodaatanii Maqaa dhaabbata isaanii hiika Afaan Oromoon moggaafachuun xiqqoo yoo mullates, omisha isaanii irratti Afaan kanaan beeksifachuun sadarkaa Zeeroo irra jira. Kunis waan hedduu nama yaaddesuudha.

Qabatni isaa akka ragaan kun muldhisutti, maqaan dhaabbilee kun, Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti%68 Maqaa namaa, maqaalee afaanoota addaa addaan walmakanii hiikni isaanii ifa hintaanefi jechoota gabaajee ta'aniiergaa maalii dabarsuuf akka barbaadame ifa ta'ee hinteenyeen kan waamaman yoo ta'u, %12 Afaan Ingiliziitiin qofa kan moggaafameefi kanneen kanarraa hafanammo Afaan Amaariffaafi Afaan Oromoo ingiliffaan walmakeen ta'uu nutti argisiisa.

Kan Bulchiinsa Magaala Sabbataas bifuma walfakkaatuun % 66 Maqaa namaa, maqaalee afaanoota addaa addaan walmakanii hiikni isaanii ifa hintaanefi jechoota gabaajee ta'aniiergaa maalii dabarsuuf akka barbaadame ifa ta'ee hinteenyeen kan waamaman yoo ta'u, % 22 Afaan Ingiliffa qofaan kan moggaafameefi kanneen kanarraa hafanammo Afaan Amaariffaafi Afaan Oromoo ingiliffaan walmakeen moggaafamanii argina. Kun ammoo hangam maqaalee moggaasa Afaan Oromooti fayyadamaa akka hinjirre nutti muldhisuu bira darbee, omishaaleen al-ergee ta'an afaan Oromoo beeksisuun gahee tokkollee kan bahaa hinjirreefi hawaasa Oromoo baldhaa omisha isaaniitti tajaajilamuillee giddu galeessa kan hingodhanne ta'uu mirkaneessa.

4.2. Dhaabbileen Daldalaa Dhaabbataafi Omisha Isaanii Beksisuuf Afaan Ittiin Barreessan

Dhaabbileen daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa keessatti kanneen xiinxalli kun irratti admsifame keessaa Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaan alatti, Afaan Oromoon omisha isaanii irratti kanneen barreeffatanii of beeksisan hinmuldhatan.

Barjaalee irratti garuu Afaan Oromoon kan barreeffatan Magaala Sabbataatti % 80 yoo ta’an, Magaal Buraayyuutti ammuu % 88 ta’uu xiinxala adeemsifame kanaan arguuf yaaleen jira. Hata’u iyyuu malee maqaan beeksisaa dhaabbilee kanaa Afaan Oromootiin barjaalee irratti yeroo barreeffamu, caaseffama barreeffama Afaan Oromoofi seera hiika afaanii eeggatee barra’uu irratti hanqina guddaatu irratti muldhatee jira. Kunis saayinsiin ulaagaa barreeffama beeksisaa kan sakattaa barruu keessatti wa’ee jechoota hiikanii ibsuu ilaalchisee caqasame tasumayyuu giddugaleessa kan hingodhanne ta’uufi seera barreeffama caasaa Afaan Oromoo worra sirriitti beekanitti fayyadamuun kan hinbarreesisne ta’uu namatti muldhisa. Qabxiilee armaan gadii keessattis akaakuuwwan nyaataafi dhugaatii akkasumas bu’awwan indusrii jechuun bakka lamatti qooduun ragaawwan ssurraan kaafaman kan ilaallu ta’a.

4.2.1. Akaakuuwwan Nyaataafi Dhugaatii

1.a. Suuraalee omisha bishaan dhugaatii



Akkuma olitti ibsuuf yaalame, suuraleen 1.a jalatti muldhatan bu'aawwan bishaan dhugaatii qulqulluu Bulchiisa Magaala Sabbataafi Bulchiinsa Magaala Buraayyuutti omishaman yoo ta'u, akkuma suuraaleen kun muldhisaniitti maqaan isaanii omisha irratti Afaan Amaariffaafi Afaan Ingiliziitiin alatti kan Afaan Oromoon barreeffatan tokkollee hinmuldhatan. Gama birootiin ammo barjaa irratti haalli isaan Afaan Oromoo itti fayyadamanii barreessanis qubeewwan baayyee gadi xiqqeessuufi barreeffamni kan Afaan Amaariffaa guddatee akka muldhatu taasisuun fayyadamu. Akka fakkeenyaatti omisha bishaan dhugaatii “Hiwot” jedhamu beeksisuuf barreeffama barjaa irratti “Biitiwadam Baahiruu Industirii Bishaan Hiiywoot” jechuun gara qarqaraatti xiqqaatee barreeffame yoo ilaalle, dogoggorri caaseffama barreeffamichaa kan ibsamuuf yaalame dhaabbaticha osoo hintaane abbaa qabeenyichaa ta'uu namatti muldhisa. Kana malees barreeffamni harka caalaa tajaajilarra oole Afaan Ingiliffaafi Afaan Oromoo ta'uu argina. Kunis Afaan Oromoo Afaan Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'uu qajeelfama jiru sirriitti hubachuufi hojiirra oolchuu dhabuu irraa kan madde ta'uu ifatti namatti muldhisa.

Inni kanbiroo, suura barjaa omisha bishaan dhugaatii maqaan isaa “One” jedhamu beeksisuuf barreeffama barjaa irratti “GAARA MOGLEE IRRAA” jedhu yoo ilaalle, ergaan akka darbuuf barbaadamee jiru bishaan laastikaan saamsamee gabaaf dhihaatu kun gaara MOGOLEE qarqara Magaala Sabbataatti argamu sana jalaa burqee waraabame jechuuf ta'a. Haata'u malee, hanqinni barreeffama kanaa moggaasa maqaa jijjiiruu bira darbee bishaan sun gaara jalaa osoo hintaane gaara irraa akka burqe fakkeessee jira. Kanaaf rakkoon fayyadama afaanii baldhinaan irratti muldhata.

1.b. Suuraa barjaa beeksisaa omisha dhugaatii



Suuri 1.b. Magaalaa Sabbataatti Warshaan Dhugaatii Biiraa omishu bara 1967 akka hundaa'ee kan himamu, moggaasa maqaa isaa hortee Oromoo Tulamaa beekamaa hawaasa achi jiraatu, 'Meettaa,' jedhamuun bu'ureffachuun kan moggaafame ta'uu odeeffennitoota irraa qulqulleeffadheen jira. Haata'u malee, barreeffamni beeksisaa barjaa kana irratti "Waaldaa Meettaa Aabbo Birraa Aksyoona," jechuun Afaan Oromoon barreeffame muldhatu yoo sirriitti xiinxalle, "Waldaa" jalqaba irratti "Aksyoona" ammo xumura irratti fiduun seera caaseffama afaanichaa eeguun of ibsuu dhabuufi jecha "Aksyoona" jecha Afaan Oromoon bakka buusuu dhabuun hanqina guddaa ta'uu kan namatti muldhisu yoo ta'u, jechi "Birraa" jedhus hiikni isaa dhugaatii sana kan bakka bu'u osoo hintaane yeroo ganni bari'u ta'u waan nama hubachiisuuf dogoggorri qubeessuu jijjiirraa hiikaa irratti dhiibbaa guddaa akka qaqqabsiisu fakkeenya kanarraa hubachuun nidanda'ama.

1.c. Suuralee bu'aa omiisha midhaan nyaataa





Suuraalee 1.c. irraas akkuma arginu dhaabbileen omisha addaa addaa Magaala Sabbataafi Magaala Buraayyuutti omishan, bu'aawwan omishaa isaaniirratti Afaan Amaariffa, Ingiliffaafi kanneen biro fayyadamuun alatti Afaan Oromoon barreessuun tasuma kan hinjirre ta'uu nuuf mirkaneessa. Kana malees barjaa irratti warshaa gosa nyaata addaa addaa omishu Afaan Oromoon beeksisuuf haalli itti hiikni isaa ta'ee jiru yoo ilaalle hanqina guddaatu irraa muldhata. Barreeffama “ Kompileeksii Nyaataa Yaamiroot” jedhu keessaa jechi “Kompileeksii” jedhu Afaan Ingilizii irraa akkuma jiruun kan fudhatamee sagaleessuu Afaan Oromoon barreeffame ta'uu argina. Kunis Afaan Oromoon hiikni isaa maal jechuuf barbaadame kan jedhu nama ilaalu hundatti gaaffii kan uumudha. Kana malees jecha “Kompileeksii” jedhu kanatti aanuun Afaan Oromoon “Nyaataa” jedhee kan barreeffame waliin walitti hiidhamee yeroo dubbifamu ergaa nyaanni rakkisaa ykn walxaxaa ta'e tokko waan homishamaa jiru fakkeessuun isaa maqaa dhaabbatichaa ergaa barbaadame akka hindabarsine taasisee jira. Kanarraas rakkoon barreeffamaan walqabatee muldhatu hedduun ergaa sirrii dabarsuu dhabuu bira darbee guddina Afaan Oromoo irrattis gufuu cimaa ta'uu argisiisa.

1.d. Suuraa beeksisa gosa nyaataafi dhugaatii



Hoteeloota keessatti maqaan ergisaan ‘Meenuu’ jedhamee akaakuu nyaataa tajaajilamaaf beeksisuuf kan barreeffamee maxxanfamee dhiyaatu irratti, magaaloota kana bakka hunda seenuun yoo ilaalle haaluma walfakkaatuun barreeffamni maqaan gosa nyaataa namoota Afaan Ingiliziifi Afaan Amaariffaa dubbatan qofa tajaajiluuf waan qopha’e fakkaata. Kun hawaasni Afaan Oromoo qofa dubbisu bakka fedhe seenuun waan fedhe dubbisee hubachuun akka hintajaajilamne kan taasisudha. Rrakkooleen kun bakka hundatti muldhachuun isaanii tajaajila mana nyaataafi dhugaatii keessatti barreeffama Afaan Oromoo fayyadamuu ilaalchisee xiyyeeffannoon tasuma kan itti hinkennamin jiru ta’uu argisiisa.

4.2.2. Bu’aawwan Meeshaalee Industirii

2.a. Suuraalee omisha tajaajila ijaarsa manaaf oolan



Haaluma bu’aawwan nyaataafi dhugaatiin walfakkaatuun suuraaleen 2.a. jalatti arginus “Capital cement, tsehay paint, tsehay paint” kan jedhu Magaala Buraayyuufi Magaala Sbabataa keessatti kan oomishaman ta’es, omisha irratti afaan hojii naannoo kan ta’e Afaan Oromoo kan hinfayyadamne ta’uufi Afaan Ingiliziifi Afaan Amaariffaan qofa fayyadamuun kan beeksifaman ta’uu xiinxaleen jira. Kunis haaluma walfakkaataa ta’een qajeelfamni itti fayyadama afaan naannoo hojiirra ooluu dhabuun guddina afaanichaa irratti dhiibbaa qaqqabsiisaa jiraachuu kan nuuf mirkaneessudha.

2.b. Suura barjaalee beeksisa bu'aawwan waraqaa maxxansaafi homisha huccuu



Suura 2.b. irraas akkuma arginutti Afaan Ingiliziin “Burayu Packaging & Printing Industry” kan jedhu qubeessuu sagalee Afaan Oromoon hiikni osoo itti hinkennamin akkuma jiruun “ Industrii Pakejiingiif Printingii Burayuu” jechuun barreeffamee muldhata. Dhaabbanni kun waan inni omishu maali? Kun namoota Afaan Ingilizii hinbeekne hunda birattuu gaaffii guddaadha. Dhaabbanni kun eenyuutti of beeksisaa jira? Kan jedhus gaaffii biro namatti uuma. Barreeffama kana keessatti Afaan Ingilizii akkuma jiruun fudhachuu isaaniin kan ka’e barreeffama “Printiingii” jedhu irratti jalqaba qubeen dubbifamaa walitti aanee dhufuu argina kunis seera barreeffama qubeessuu Afaan Oromoo kan cabse ta’uu argisiisa. Kun jechoota afaan biroo bakka rakkoo ta’etti ergifannaan kan jiru ta’es, hunda akkuma jiruun fudhachuun garuu guddina Afaan Oromoof dhiibbaa guddaa kan qabu ta’uu nama hubachiisa. Suura barjaa beeksisa omisha huccuu irrattis haaluma walfakkaatuun barjaa irratti afaanuma ittiin moggaafatan akkuma jiruun sagaleessuu Afaan Oromoon “ Gaarmentii Reekiles Kolleekshinii...” kan jedhu qubee Afaan Oromoon barreeffamee argina. Kunis jechoonni walitti aananii jiran sadeen jechoota Afaan Oromoo waan hintaaneef yeroo qubeessuu Afaan Oromoon barreeffaman ergaa Afaan Oromoos ta’e ergaa Afaan Ingilizii kan hindabarsine ta’uu isaafi garee jechootaa Afaan Oromoo kam keessattu qoodamuu waan hindandeenyeef Afaan Oromoon qubeessuuf yaaliin taasifame kun guddina barreeffamoota beeksisa Afaan Oromoof gumacha tokkollee kan hinqabne ta’uu xiinxaleen jira.

4.2.3. Gabaajee Hiikni Isaanii Ifaan Hinteenyeen Kanneen Barreeffaman

Qabxii kana jalatti ammoo, dhaabbileen daldalaa hedduun isaanii barjaa/omisha irrattii kan ittiin barreeffatan jechoota gabaajee ta'an hiikni isaanii tajaajilamaaf haala ifa hintaaneen kan moggaafaman fakkeenya armaan gadii keessatti kan dhiyaatan ta'a.

3.a. Suura barjaalee beeksisa gabaajeen barreeffama



Moggaasni maqaaleen gabaajeettiin “BMET CABLE, GYD Furniture” dhaabbilee kanaaf kennamee suura barjaalee oliii irratti arginuun alattis xiinxala ragaalee adeemsifameen dhaabbileen hedduun bifa walfakkaataa ta'e gabaajeetti dhimma akka bahan arguuf yaaleen jira. Dabalataan akka fakkeenyaatti A.E.A P.L.C, MN Gen.Tireding, HNM PLC, KAKI PLC, S.G.A. 2000 PLC, TAD-FAM Marble, UZHNI PLC, SAZ General Trad. Kanneen kana yoo ilaalle, qaaamni kamiyyuu omisha isaanii irraas ta'e, maqaa warshaa isaanii dubbisuun hiika yookaan ergaan tajaajila dhaabbanni isaanii kennu salphaati bira gahuuf rakkisaadha. Maqaaleen akkasii gama tokkoon saayinsii ulaagaa moggaasa maqaa daldalaa kan boqonnaa 4 sakatta'aa barruu keessatti ilaalle kan kan hinguunne ta'uu argina. Gama birootiin ammo bakka afaan kamiin gabaajee sana akka fayyadaman ibsuufillee rakkisaa ta'ee muldhata.

Kanaaf akka seeraatti maqaan dhabbata omishaa tokkoo, osoo maqaa ifaa, hawwaasa biratti salphaattii hubatamuu danda'uun barreeffamee rakkoolee olitti eeraman furuu danda'a ture.

G.12. Magaala Sabbataatti Dhaabbileen Daldalaa Barjaa/Omisharratti Afaan Ittiin Barreeffatan

Barjaaleerratti Afaan Ittiin Barreeffatan	Bayina Dhaabbilee	%
Afaan Oromoo qofa	0	0
Afaan Amaariffa qofa	7	4.1
Afaan Ingilizii qofa	9	5.3
Afaan Oromoo, Afaan Amaariffaafi Ingiliffa walbiratti	136	80.9
Afaan Amaariffafi Afaan Ingiliffa walbiratti	13	7.7
Afaan Chaayinaa	3	1.7
Ida'ama	168	% 100
Omisha irratti Afaan Oromoon kan barreessan	0	0

G.13. Magaala Buraayyuutti Dhaabbileen Daldalaa Barjaa/Omisharratti Afaan Ittiin Barreeffatan

Afaan Ittiin Barreeffatan	Bayina Dhaabbilee	%
Afaan Oromoo qofa	0	0
Afaan Amaariffa qofa	5	3.5
Afaan Ingilizii qofa	3	2.1
Afaan Oromoo, Afaan Amaariffaafi Ingiliffa walbiratti	125	88
Afaan Amaariffafi Afaan Ingiliffa walbiratti	8	5.6
Afaan Chaayinaa	1	0.7
Ida'ama	142	% 100
Omisha irratti Afaan Oromoon kan barreessan	0	0

Akka waliigalaatti mata duree qabxii 4.2 jalatti kan ilaalame Magaala Sabbataafi Magaala Buraayyuutti dhaabbileen daldalaa ragaan isaanii xiinxala kana keessatti walitti qabaman omisha isaanii Afaan Oromoon kan beeksisan akka hinjirreefi kan Afaan Oromoo, Amaariffafi Ingiliffaan walcinatti barreeffatan dhibbeentaa guddaa ta'aniyyuu barreeffama isaanii irratti qubeessuufi jijjiiraa hiikaa keessatti hanqinni guddaan kan muldhate ta'uu arguuf yaaleen jira.

4.3. Qajeelfama Moggaasa Maqaalee Dhaabbilee Daldalaa Daangessu

Afaan Oromoo akka Afaan Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'ee tajaajiluuf erga Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaarratti labsameen booda, akkaataa Heera Mootummaa Naannichaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 keewata 49(3)fi Labsii Qaamolee

Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lak. 199/2008 keessatti aangoo Biiroo Aadaafi Turizimii Oromoiyaatiif kennameen keewata 49 keessatti Lakkoofsa xiqqaa 12 jalatti ”Barreeffamootni beeksisaalee adda addaa naannicha keessatti maxxanfaman safuu fi duudhaalee hawaasaa kan eegan ta’uu isaanii ni hordofa;” jechuun labsameera. Kana malees lakkoofsa xiqqaa 13 jalatti, ”Mallattoo yookiin maqaa fi fakkii daldalaa hambaa naannicha keessatti argamaniin bahan sona seenaa hambaa kan hin miine ta’uu isaa ni mirkaneessa.” jedha.

Dabalataanis, Qajeelfama Dogoggora Barreeffama Afaan Oromoo Dhaabbilee Mootummaafi Miti Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irratti Mul’atan Sirreessuuf Bahe Lak. 5/ 2009 keessatti, “Barreeffamoonni Afaan Oromoo barjaalee ykn taappeellaa irratti barreeffaman aadaa, seenaa moggaasa maqaa Oromoo, safuufi duudhaa ummatichaa eegani akka barreeffaman taasisuu.” Jechuun lakkoofsa xiqqaa (3) jalatti ibsamee jira.

Qajeelfamoonni barreeffama beeksisaa bifa kanaan yeroo yeroon irra deebiin fooyya’aa bahan hojiirraa akka oolaniif sadarkaa Godinaaleerraa hanga sadarkaa Aanaatti gadi bu’u. bifuma kanaan qajeelfamoonni kun Bulchiinsa Mgaala Sabbataafi Bulchiinsa Magaala Buraayyuus akka jiran odeef kennitootakoo Waajjiraalee Aadaafi Turiizimii magaaloota lamaanirraa dubbiseen mirkaneeffadheen jira. Haata’u iyyuu malee, Naannoo Oromiyaa keessatti Afaan Oromoo afaan hojii ta’ee tajaajiluu erga eegale qajeelfamoota kana hojii barreeffama beeksisa daldalaaf oolchurratti, abbootii qabeenyaa birattis ta’e qaamoolee to’annoo gaggeessuufi hubannoo uumuu qaban biratti hanqinoonni bal’inaan nimul’atu. kanaaf, labsiiwwaniifi qajeelfamoota jiran barreeffamaan ka’uu qofa malee, hubannoo yeroo yeroon uumuun, baldhinaan waan hinmuldhanneef qajeelfamni kun jiraachuun isaa namoota hedduuf ifa miti. Hanqinni guddaan gama kanaan muldhachaa jirus keessattuu Afaan Oromoo barreeffamoota beeksisa daldalaa bu’aawwan omiishaalee keessatti baldhinaan hojiirra ooluu dhabuun isaa afaan kana afaan guddisuufi filatamaa gochuf dhiibbaa inni qaqqabsiisu xiinxaluun dhimma xiyyeeffannoon guddaa isa barbaachisuudha.

4.4. Moggaasa Maqaa Dhaabbilee Daldalaa Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataatiin Dhiibbaa Gama Enyumma Hawaasa Oromoo Irratti Mullatu

Mata duree 4.1.jalatti dhaabbilee daldalaafi omishini isaanii afaan kamiin akka moggafame, maqaa kamiin akka waamaman hanga tokko fakeenya fudhachuun qaaccesuuf yaaleen jira. Mata duree kana jalatti ammoo qabxiilee gurguddoo lama irratti hunda'uun maqaaleen dhaabbilee daldalaafi omishaaleef moggaafaman bifa kamiin eenyummaa hawaasa biroo ijaaraa akka jiraniifi eenyummaa hawaasa Oromoo irrattis dhiibbaa akkamii qaqqabsiisaa akka jiran xiinxala gaggeeffameen kan ilaallu ta'a.

4.4.1. Dhiibbaa Gama Enyummaa Afaaniin Qaqqabsiisaa Jiru

Namoonni afaan dubbiin yeroo fayyadaman madda ka'umsa hawaasa irraa dhufan calaqqisiisaa akka ta'edha. Calaqqaan ka'umsa madda hawaasaa kunis nama dhuunfaa waloo isaa keessatti yeroo dheeraa ta'een kan wal ijaaraa dhufu ta'uun ifadha. Bourdieu (1977) dhimma kana sirriitti yoo ibsu, "The value ascribed to speech can not be understood a part from the person who speaks, and the person who speaks cannot be understood a part from larger networks of social relationships" jedha. Akka yaada kanaatti xiyyeeffannoon dubbii afaanii tokkoof kennamu xiyyeeffannoo dubbataa sanaaf kennamu ykn garee isaaf kennamu irraa adda bahee kan ilaalamu miti. Qabxiin ijoo as irratti ibsamuuf barbaadame, namoonni dhuunfaa garee isaanii keessatti amalli isaan ibsuu danda'u tokko akka jiruufi namoota biroo garee sana keessa jiran waliin kan wal isaan fakkeessu tokko jiraacuu isaati. Kanaaf afaan eenyummaa waloo saba tokkoo ta'uu sirriitti hubachuun nama hinrakkisu. Qabxii kana jalattis Bulchiinsa Magaala Buraayyuufi Bulchiinsa Magaala Sabbataatti maqaaleen dhaabbilee daldalaaf moggaafaman haala isaan bakka irraa dhufan calaqqisiisuuf babaldhifannaa maqaa daldalaa gaggeessaa jiraniifi moggaasa maqaa nama dhuunfaan babaldhifannaa maqaa daldalaa adeemsifamuun eenyummaa biroo ijaaraa, babaldhachaa akka jiran, akkasumas maqaa moggaasa Afaan Oromoo liqimsaa akka jiran fakkeenya tokko tokko fudhachuu xiinxalamee jira.

Haaluma kanaan, akkuma ka'umsa qorannoo kanaarratti eeruuf yaalame Magaaloonna Oromiyaa Naannawaa Finfinnee marsanii jiran babaldhifannaa saamicha lafaan walqabatee bakka babaldhifannaa daldalaa saboota hedduu ta'aa dhufuun isaa ibsamee jira. Ragaaleen maqaa dhaabbilee daldalaa walitti qabamanis kanuma argisiisa. Kanaaf akka fakkeenyaatti maqaaleen

dhaabbilee daldalaa Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataatti argaman keessaa “Joing Feng Hang, China Wo YI co-Lto , Hong Div Manufacture, Hua Huahong Textile factory, Booez Food Complex, Patel Vinay Kumar Manufacture, “ kanneen jedhan qabeenyummaan isaa kan Abbootiin qabeenyaa lammiilee biyya Chaayiinaa, Tuurkii, Ispeen ta’uu isaatiin carraa kanaan eenyummaa irraa dhufan akka beeksifataa jiran argina. Abbaan qabeenyaa kamiyyuu bakka kamirraa dhufuun hojii misoomaa irraatti hirmaachuun mirga isaa ta’es, naannoo hojii kana keessatti dalagaa jiru beeksisuu dhabuufi kan ofii qofa babaldhifachuun eenyummaa hawaasa naannoo sanaa liqimsaa deema. Kana malees maqilee akka kanaa Barjaalee irratti Afaan Oromoon barreessuuf jecha jijjiirraa jechootaa irratti qubeessuu Afaan Oromoon yeroo fayyadaman, hiika dhabeessa ta’uudhaan ergaa barbaadame kan hindabarsine ta’ee muldhatee jira. Hanqinaaleen akka kanaa dudhaa oogummaa barreeffama Afaan Oromoo balleessuun eenymmaa afaanii irratti dhiibbaa guddaa qaqqabsiisaa akka jiran muldhatee jira.

Qabxii inni kan biraan dhaabbilee daldalaa maqaa nama dhuunfaan moggaafaman akka fakkeenyaatti “Muluqan Wayinuu plastic, Mulugeeta Araddaa Industiry , Miftuh Abdulgaafar Manuf, W/sha Daakuu Alii Qamar, Biruk Tariku plastic, Saraa Fiqire plastic, W/sha Salixa Qulqulessuu Amanu’eel Abbaabaa” haala kanaan yoo ilaalle hanqinaaleen as irratti muldhatan namoonni kun abbaa qabeenyaa ta’uu isaanii osoo hintaane, maqaan nama dhuunfaa barreeffama barjaalee beeksisa daldalaa irratti dhimma bahuun saayinsii maqaa kenninsa daldalaa cabsuu bira darbee eenyummaa namoota sanaa beeksisaa, babaldhisaa deemuun kanneen biroon akka haguugaman taasisa. Sababni isaas maqaan calaqqee eenyummaa nama tokkooti. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle Oromoon yeroo maqaa moggaasu callisee maqaa hinmoggaasu. “Bariitee, Ganamee, Ganamoo, Iftuu, Ifaa...” jechaa abdi isaa muldhifata. Kanaaf maqaan hidhata hawaasaa waan qabuuf dhiibbaa inni geesisu salphaa miti. Gama saayinii daldalaa keessattis yoo ilaalle, akka Trade Name Registration The State of Washington (2015) ibsutti, maqaa daldalaa, kan jedhamu qindoomina garee jechoota ta’ee, daldala keessatti, maqaa, mallattoo, muldhistuu addaa, ykn abbaan daldalaa tajaajila isaa ittiin ibsachuuf walitti dhufeenya qaba jedhee ibsa inni itti gargaaramu, ogummaa ykn tajaajila daldalli sun kennu, garaagarummaa inni akaakuu daldalaa biroo irraa qabu adda baasuuf, akkasumas, ogummaa ykn tajaajila kanneen biroo kennan irraa addatti of beeksisuuf kan itti gargaaramudha. Akka yaada saayinsii kanaatti maqaan daldalaa maqaa abbaa qabeenyaa osoo hintaane, maqaa dhaabbanni sun tajaajila isaa tajaajilamtootaaf ifa ittiin gochuuf moggaafatudha.

Kanaaf akka waliigalaatti qabxii xiqqaa kana jalatti dhimmota ijoo lamaanin ilaalleen moggaasni maqaa dhaabbilee daldalaa eenyummaa biroo ijaaraa akka deemaa jiruufi eenyummaa afaanii Hawaasa Oromoo naannoo sana jiraatu liqimsaa dhiibbaa qaqqabsiisaa akka jiru xiinxaluuf yaalamee jira.

4.4.2. Dhiibbaa Gama Enyummaa Siyaasaan Muldhate.

Afaan mallaattoo sabni tookko ittiin beekamuufi eenyummaan isaas sana keessatti eegamaafi kabajamaa deemudha. Moggaasni maqaa seenaa Oromoo irratti hin bu'uureffamne, taateewwan kaleessa darban waan gaarii hin turre tokko, akka hawaasichi ahi deebi'ee yaadatee komatu, guungumuufi sosocho'u gochuu keessatti madda ka'umsaa ni ta'u jedheen ilaale. Akka fakkeenyaatti Maqaan akka, "ሐበሻ፣ ኦሰሲኒያ" jedhamuun dhaabbilee daldalaaf moggaafamanii jiran, Hawaasa Oromoo biratti seenaa hacuuccaa sirna Nafxanyaa kan yaadachiisanidha. Dhimma moggaasa maqaalee akkasii ilaalchisee Labsiifi qajeelfama irras kan jiru yoo ilaalle, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin labsiifi aangoo Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaaf kennamerratti lakkoofsa xiqqaa 13 jalatti, "Mallattoo yookiin maqaafi fakkii daldalaa hambaa Naannicha keessatti argamaniin bahan Sona, Seenaa, hambaa kan hin miine ta'uu isaa ni mirkaneessa." jedha. Kanaaf maqaaleen kun qajeelfama cabsanii seenaa hawaasichaa miidhaa akka jiraniifi haala eenyummaa dhoksaa isaanii muldhisuun alaabaa Minilik haguuggachuuf yaaluun isaanii ammo dhiibbaa siyaasaa hamaadha.

4.a. Suuraalee bu'aa omisha bishaan dhugaatiifi galtee nyaata beeksisan



Suuraalee 4.a. jalatti dhiyaatan yoo ilaalle, dhaabbanni bishaan dhugaatii “ **ሀገራ**” jedhamufi galtee nyaata ittoof ta’u omish “**አብሲኒያ ባልትና**” kan jedhamu akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, alaabaa Mootummaa Miniliki duriin marfamee muldhata. Kunis akkuma qabxii qajeelfamaan walqabatee jiru olitti ilaalle sanaa seenaa hawaasa sanaa miidhuu irratti waan aggaammate fakkaata. Hanqinaaleen akkasii qajeelfama sirriitti beekuu dhabuunis ta’e osuma beekanii eeggannaa gochuu dhabuun eenyummaa siyaasaa irratti dhiibbaa guddaa kan qaqqabsiisan ta’uun kan muldhatudha.

4.5. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffiifi Marii Garee

4.5.1. Afgaaffii Abbootii Qabeenyaa Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataa Waliin Adeemsifame

Xiinxala olitti ilaalaa ture irraa ka’uun anis akka qorattuu tokkootti, rakkoolee kana ergan ilaaleen booda, abbootiin qabeenyaa kun seeraafi qajeelfama irratti hunda’uun Afaan Mootummaa Naannoo Oromiyaan seeraan maaliif hinfayyadamne? gaaffii jedhu kan sammuu kootti uumame waliin walqabsiise gaaffilee dhimmicha waliin walqabatan qopheessuun abbootii qabeenya, akkasumas bakka isaan hinjiretti ammo bakka bu’oota isaaniif af-gaaffii dhiyeeseen jira. Haaluma kanaan, af-gaaffiin Abbootii qabeenyaa Magaalota Sabbataafi Buraayyuu keessatti argamaniif labiiifi qajeelfama afaan hoji Mootummaa Naannoo Oromiyaan waliin bira qabuun Afaan kamiin dhaabbileen isaanii akka waamamuufi Afaan Oromoon maaliif akka waamamuu hindandeenye kanan dhiyeesseef irratti yaada isaan naaf kennan yaada isaanii haaluma walfakeenya isaatiin bakka sadiitti qoqqoodeen ilaale.

Inni jalqabaa afaan biroon moggaasuun rakkoo maalii qaba kanneen jedhan, moggaasa maqaa dhaabbileefi raabsaa keessan maaliif afaan Oromoon moggaasu dadhabdan? jedhamanii gaaffii dhihaateef yeroo deebisan, Afaan Oromoo akka Afaan hojii Mootummaa Naannichaa ta’uu yoo beeknes, meeshaalee keenya biyya alaatti ergina waan ta’eef, afaan biyya alaa irratti xiyyeeffanne. Afaan Oromoon ammo barjaa keenya irratti of beeksisaa jirra. Kanaaf yoo afaan biroon omisha beeksisne maal ta’a? rakkoo maalii qaba? jechuun gaaffii achi as dhiheessuu yaalu. Gama biroon ammo kan jedhan, Afaan Biyyoolessaa Amaareffa waan ta’eef, nuti ammo sadarkaa Biyyoolessaatti eeyyama fudhannee waan turreef, ittiin hojjechuuf dirqamne. Kanas

haala ati nu gaafattu kanaan qaamni nu dirqisiisees hanaga yeroo dhihoo kannaatti nugaafate hin turre. Kanaaf dhiibbaa qaba jennee waan hin ilaalleef callisne jedhu.

Yaada abbootiin qabeenyaa kunniin kennan irraa ka'uun akka qorattuu tokkootti hoggaan xiinxale, seerrii akka Naannoo Oromiyaatti jiru isaan irrattii hojjechuuf aboo akka hin qabneefi Afaanichi ammoo isaan biratti sadarkaa faayidaa gama daldalaan buusuu danda'a jedhanii fudhachuu keessoo isaaniitii waan rakkisee jirau akka ta'ettan ilaalee jira. Kanneen karaa Hoji geggeessitoota isaanii naquunnamanis, yaani isaan kennan kan warra abbootii qabeenyaa sanaan olitta akka inni rakkoo qabuttan xiinxale. Yaada isaanii keessatti, moggasni maqaa keenyaa Afaan Oromoon moggaafamee bakkeetti barjaarra jiru maaliif gahaa ta'ee isiniiti hin mullannee? yaada jedhus ni qabu. As irrattis maqaa isaan fedhaniin kan seenaafi aadaa akkasumas Afaan Oromoo dhuudhaa isaa ibsuun hin barreeffamne sun, isaan biratti sadarkaa murteessaafi beekamaa ta'etti fudhatanii akka jiran keessoo isaaniitti dubbiseen jira.

Inni lammataa sodaa mudannoo kaleessaan wal qabatu kanneen qaban, gama kanaan kanneen jiran ammo moggaasa maqaa dhaabbata isaanii maqaa seenaa, duudhaafi afaan Oromoo ilaaluun mogaasuuf rakkoo akka hin qabne kaasuu. Sodaa isaanii yeroo ibsan, 'waggootan darban keessatti Maqaa Oromummaatiin badiin hedduun nurratti dalagamaa waan dhufneef, callisnee yoo hojii keenya maqaadhuma biroon moggaasnee hojjenne nuuf woyya jennee ammanne. Badii tokko malee maqaan Dhaabbataafi raabsaa waan Oromoo ibsu yoo ta'e, duubaan waa qabu jedhamnee taappeellaatu nutti maxxanfama. Ammas maal amanna? jechuun shakkii borillee kan kaasuun dubbatan jiru. Keessoo isaaniitti waan dhokates yoo jiraachuu male, haalli kaleessa waanuuma Oromoo ta'aniif qofa hojii daldalaa keessatti qorumsi isaan irraa gahaa ture dinagdee isaanii quucarsee akka jirutti waan ifu qaba. Garuu ammoo, haala amma uumameen Mootummaan cimsee hojjetaa kan deemuu yoo ta'e, afaan kanaan hojjechuuf fedhii guddaa qabna. Kan keenya waan ta'eefis itti boonna jechuun iftoominaan yaada kennanii jiru. Kanaaf, tumsi gama qaama Mootummaan jiru murteessummaa akka qabaatuufi cimee itti fufuullee waan qabu akka dhaammatu.

Inni sadaffaa ammo, hubannoon wal qabatee kan jiru yoo ta'u, kunis gaaffi wal faakkaataa waa'ee moggaasa maqaa dhaabbileefi raabsaa omishaa irratti dhiyaateef waliin walqabatee kanneen kaan ni jiru. Isaan kun kan jedhan, "qaamni eeyyama nuuf kenne waan nubeeksise hinqabu. Waan nutti himamees baayyee cimaa akka ta'etti hun hubanne. Qabeenya keenya

Nannoo Oromoo keessatti fidnee dhangaalsnee yeroo hojjenu, Afaan Oromoos sadarkaa kanaan ittiin akka hojjenuuf hanqinaalee barreeffamaan walqabatanis hanga danda' ametti sirreessuun qaamooleen Mootummaa sirriitti yoo nu nu deegaran caalmaatti fayyadama taana malee nu miidha jennee hin yaadnu. Gabaan nuti keessa oollu irra guddeessi isaa Afaan Oromoo dubbata waan ta'eef galii sirriis akka ittiin argannuuf hojiin barbaachisaan haa hojjetamu." jechuun dubbatu.

Odeeffannoo olitti abbootiin qabeenyaa naaf kennaa dhufaniin yeroon kan warra kanaa ilaalee xiinxalu, abbootiin qaabeenyaa hojii daldalaa sirrii ta'e hojjetanii hawaasa irraa fayyadamuuf qalbii gaariin deemuu barbaadan rakkoo hubannoo ga'aa ta'e kennuu irratti qaamoolee mootummaa bira hanqinni akka jirun xiinxaluuf yaale.

4.5.2. Afgaaffii Waajjiraalee Mootummaa Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataa Waliin Adeemsifame

Akka ragaan daawwannaa irraa argame ibsutti, fayyadamni Afaan Oromoo moggaasa dhaabbileefi omishaalee daldalaa Magaalaa Sabbataafi Magaala Buraayyuu keessatti akka waliigalaatti mul'atu, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Qajeelfama Dogoggora Barreeffama Afaan Oromoo Dhaabbilee Mootummaafi Miti Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irratti Mul'atan Sirreessuuf Bahe Lak. 5/ 2009 keessatti, "Barreeffammoonni Afaan Oromoo barjaalee ykn taappeellaa irratti barreeffaman aadaa, seenaa moggaasa maqaa Oromoo, safuufi duudhaa ummatichaa eeganii akka barreeffaman taasisuu." jechuun lakkoofsa xiqqaa (3) jalatti ibsamee baase waliin kan walfaalleessu ta'uu agarsiisa. Kanarra kan hubatamu ammoo qajeelfamichatti abbaan qabeenyaa attamiin akka itti fayyadamuu qabu qaamni dhimmichi ilaallatu hubannoo uumuufi hordofuurratti hanqinni guddaan akka uumamuuf daandii saaqeera. Bu'uruma kanaan dhimmootan daawwannaa irratti arge waliin walqabsiisuun af-gaaffiin ogeeyyiifi itti gaafatamtoota Waajjiraalee Aadaafi Turizimii, Daldala, akkasumas Investimentiif dhiyeesseen deebiin naaf kennan kan asii gaditti qinda'ee dhiyaatedha.

Waajjira Daldalaa Magaalaa Sabbataatti itti gaafatamaan waajjirichaa tokko afgaaffii dhiyaateef irratti yaada kenneen, dhaabbileen daldalaas ta'e kenneen bu'aa omishaalee gurguran akkaataa afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti dhaabbileen daldalaa maqaa beeksisaa moggaafatan Afaan Oromootti akka fayyadamaniifi Afaan Oromoon qubee isaa gurguddisuun

afaanoota kan biro dursuun jalqaba irratti akka barreeffatan ni dirqisiia. Haata'u malee, moggaasni maqichaa maal akka bu'uureffatee moggaafameefi madda maalii akka qabu hin hordofamu. Kun ammoo kan ibsu, dhaabbatni daldalaa yookaan raabsaan bu'aa omishaa tokko sadarkaa eeyyamichi itti gaafatamee kaasee waa'een maqaa moggaafame sanaa maal ta'uu akka qabuufi qajeelfamaafi dambii ba'ee jiru hojiin mullisuuf ilaalcha keessa hin galfamne waan ta'eef attamiin moggaafachuu ilaalchisee xiyyeeffannoofi hordoffii keessaa ala akka ture mullisa. Kana malees waajjira inni keessa hojjetuufi Waajjira Aadaafi Turizimii gidduu dhimma kanarratti qinda'anii waliin hojjechuun kan hinmuldhanne ta'uu illee gaaffi dhiyaateef irratti hunda'uun naaf eeree jira. Kunis, maqaan dhaabbatni/ omisha daldalaa bu'aa omishaa tokko yeroo heeyyamni sun kennamuuf itti gaafatamummaa fudhatee itti deemuu irratti qaawwa baldhaa kan uumu ta'uu nama hubachiisa.

Akka odeeffataan koo Waajjira Investimentii Magaaluma sabbataarra dabalataan naaf ibsetti ammoo, dhaabbilee daldalaa gurguddoof eeyyamni kan kennamuuf sadarkaa Federaalaatti waan ta'eef, barreeffamoota beeksisaa keessatti qajeelfama fayyadama afaan hojii Mootummaa Naannichaa waliin ilaalchisee durumaan heeyyama kennaafi fudhataa gidduutti waliigalteen bifa ragaan ibsamu tokko akka hin turre ragaan nimuldhisa jedhu. Haata'u malee akka Naannoo Oromiyaatti afaanni hojii kamiyyuu naannicha keessatti hojjetamuu Afaan Oromoon ta'uu akka qabu labsiin dhimma afaanirratti Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin bara 1994 keeyyata 5 irratti bahe afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo akka ta'e ibsa.

Yaada odeef-kennaa koo kanarraa yaadni kenname kun akkuma jirutti ta'ee, seerri afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa kun erga bahee kaasee qaamni hordofuufi sirreessuu eenyu akka ta'eefi itti gaafatamummaan isaa hangami? waaan jedhu duruma irraa kaasee kan ilaalamuu qabudha. afaan hojii Naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo jedhame erga hojiirra oolee yeroo gabaabaa akka hintaane yoo beekames, qaamni hundi waldubbisaa osoo dhufe ta'ee sadarkaa irra gahu tilmaamuun nama hindhibu ta'a.

Fayyadama Moggaasa afaan hojii beeksisaa nannoo dhaabbilee omishaa Magaalaa Buraayyuu jiru ammo ilaalchisee, ogeessii afaanii Waajjira Aadaafi Turizimii magaalichaa yeroo ibsan, dhaabbileen omishaa keessumaa kanneen heeyyama isaanii sadarkaa Federaalaatti fudhatanii asitti hojjetan, seera barreffama beeksisaa Afaan Oromoo ilaalchisee hubannoon isaan qaban rakkoo guddaadha. Kana malees qajeelfaamaan akka hojjetaniif nu quunnamuuf fedhiin isaan

mullisan gadi bu'aa waan ta'eef, rakkoo cimaatu numudachaa ture. Haata'u malee bara hojii 2009 irraa kaasee Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa akka tarkaanfiin fudhatamuuf qajeelfama erga dabarsee as fooyyeen yoo mullates darbee darbee kanneen rincican hedduudha jedhan. Ittuma fufuunis, Dhaabbileen kunniin omisha isaanii irratti Afaan Oromootiin moggaassuurra afaan Ingiliffaafi Amaareffaa filatu, jechuun ibsan. Haata'u malee, labsii seera barreeffamaa Sirreessuuf Bahe Lak.5/ 2009 keessatti, "Barreeffammoonni Afaan Orommoo barjaalee ykn taappeellaa irratti barreeffaman aadaa, seenaa moggaasa maqaa Oromoo, safuufi duudhaa ummatichaa eeganii akka barreeffaman taasisuu."Jechuun lakkoofsa xiqqaa (3) jalatti akka ibsame jiru dubbatu.

Odeef kennituun Waajjira Daldalaa Magaalaa Buraayyuuirraas wa'ee maqaa dhaabbilee omishaa ilaalchisee yeroo naaf ibsiti, "afaan dhaabbileen daldalaa omisha isanii ittiin moggaafachuun beeksifachuuf hoojechuu qaban akka ani yaadutti, waan hawaasi naannoo dhaabbilee omisha sanaa dubbatan yoo ta'e caalaa faayida jedheen amana. Kun ammoo hawaasichi beekamtii kennuufiin alattis itti fayyadamuufillee fedhii keessoo hawaasa sanaa waan ijaaru ta'ee natti mullata,' jechuun dubbatte. Kana malees, naannoon hawaasi sun keessaa jiraatu xiyyeeffannoo hin laatamneef yoo ta'e, afaanni dhaabbatni daldalaa/omishaa tokko fayyadamu, afaan hawaasa sanaa yoo hin taane, hawaasa sana keessatti akka ormaatti ilaalamuun isaa ifagaleessa jedheen amana." yaada jedhu ibsuun, wa'ee gahee ofii bahuu waajjira isaanii ilaalchisee haalli jiru xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuufi qindoominaan qaama ilaallatu waliin ta'uun hojjechuu dhabuurra akka maddu ifa gootee jirti.

Anis akka qorattuu tokkootti yaada odeef-kennitootakoo irraa kanan hubadhe, hakuuccaan kanaan dura ture akkuma jirutti ta'ee, dhimmichaaf garuu xiyyeeffannoo laachuu dhabuun, abbootii qabeenyaaf hubannoo uumuu dhabuun, yeroo dheeraa jala jalaan dubbii baldheessaa sadarkaa kanarra akk gahe hubadheen jira. Kana malees qaamooleen qindoominaan dhimma kana raawwachuun qaban tokko isa tokkotti qabuun rakkoolee kanaaf ammo caalaatti qaawwa banuu isaa hubachuuf yaaleen jira. Rakkooleen fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee uumaman kun ammo eenyummaa hawaasichaa haala kamiin miidhaa akka jiran marii garee irratti yaada maanguddooliin naaf kennan waliin qindeessuun mata duree itti aanu kana jalatti baldhinaan kan qaaceffame ta'a.

4.5.3. Marii Garee Maanguddoota Magaala Buraayyuufi Magaala Sabbataa Waliin Adeemsifame

Odeeffannitoonni maanguddoon Magaala Sabbataarraa marii garee irratti hirmaatan yaada ibsaniin qabxii marii wa'ee maqaa yeroo ibsan kan jedhan, 'Mannii utubaatu qabee dhaaba, moggasa Oromoo keessatti maqaan mooggaafamu waan moggaasichi baheef bu'uuraan seenaa isaan walitti fidee akka turuf hojjeta. Oromoon maqaa ijoollee godhatuun hawwa, fedha, ballachuufi dagaagee jiraachuuf qabuun ka'ee moggaafatee waa'een isaa akka dubbatamaafi maqaan isaa waamamaa hafuuf yaadee hojjeta. Inni yoo darbes seenaan maqaa isaa lafa kanarraa jira jechuudha, jechuun ibsan. Yaada isaaniirraas, Oromoon faalasama cimaa xiinsammuun bilchaataa ta'een moggaasa maqaatin waa bu'ureessaa deema dhufee akka as gahe hubachuuf yaaleen jira.

Hirmaataa marii garee xiyyeeffannoo koo keessaa Maanguddoo Buraayyuu jiraatan isaan tokko ammoo, eenyummaa keessatti maaltu ifa? Jechuun qabxii marii ka'een, yaada kana yeroo deebisan, "Oromoodhaaf afaan, aadaan, seenaan inni qabu, sirnawwan inni dhimmoota garaagaraa keessatti raawwatu, bakki inni hangafummaa eegee geggeeffatu, moggaasa maqaa yeroo taasisu, yeroo waaqa kadhatu ilaalchi inni uumama Waaqaa bifaan mullataniif qabu marti waan eenyummaa isaa ibsudha. Oromoon, afaan walii ni beeku, kanaaf Oromoon waa hundaaf safuu qabaata." jedhan.

Anis akka qorattuu tokkootti yaada maanguddoolii kanarraa kanan hubadhee jiru, moggasni maqaa dhaabbileen ittiin of bebbeeksisan kunniin yoo sirriitti kan hin hordofamne ta'e duudhaa hawaasichaa miidhaafi buuqqisaa deemuun booda rakkoo akka geessan, guddina afaan Oromoos miidhaa akka deemu xiinxaleen jira. Moggaasa maqaalee safuufi aadaa hawaasichaa irratti bu'uuranii hin hinmoggaafamne, erga babaldhatanii booda kaasuuf fiiguu caalaa qaamoolee hawaasaa kana waliin ta'uun hubannaa baldhaa irratti uumuutu gaarii ta'uu akka danda'un xiinxale.

Qabxii marii mogaasa maqaa duudhaafi aadaa Oromoo osoo giddugaleessa osoo hingodhatin maqaan dhaabbilee daldalaa moggaafamaniin kan ka'e maal beektu? jedhamee dhiyaaterratti, maanguddoon Magaala Sabbataa Ganda Walattee 03 irraa hoggaa yaada isaanii ibsan, nuti Oromoonni naannoo kanaa kan nu harkatti hafe, inniyyuu dhiibbaa meeqa keessatti; aadaafi

afaan keenya qofaa ture. Afaan keenyaan aadaa keenya gama hundaan itti fayyadamnu ibsanna. Yoo Waaqa kadhanne, araariif bane, Irreeffannaa Tulluufi Malkaattii baane, Sirna Cidhaa addeemsifanne afaan keenyaan ibsanna. Oromoon afaan isaatiin beekama, jedhan. Anis akka qorattuutti yaadan kanarraa hubadhe, hawaasichi afaan isaa akka guddatuuf, akka kunuunfamuuf arguun fedhii isaa isa guddaa ta'uu isaati.

Kanaaf, itti fayyadamni Afaan Oromoo maqaa dhaabbilee daldalaafi raabsitoota bu'aa omishaa akkasumas Hoteelota irratti muldhatu, hawaasa naannichaaf aantummaan tajaajila kennuu dhabuufi qaamooleen eeyyama sana kennan birattis hanqinni jiraachuun dhimma xiyyeeffannaa barbaadu ta'uu isaati. Dhugummaa moggaasa maqaa barreeffamee jiruu, dhuma irratti akka dabaleetti galee jira waan ta'eef, ilaaluun ni danda'ama.

Walii galaan ragaa odeeffattoota irraa Magaalaa Sabbataafi Magaala Buraayyuu irraa walitti qabamee qaaceffamaneen dhaabbileen omishaafi raabsitoonni bu'aa dhaabbilee omishaa magaalaa lamaan kana keessatti hojjetan afaan Oromoon maqaa omisha isaanii moggaasuufi barreessuun wal qabatee, rakkoo siyaas dinagdeefi aadaa hawaasaa akasmas Afaan uummatichi tikfatee miidhaa barootaa dandamachiisee asiin gahe sana guddina afaan isaa miidhaa deemuun garanumaan kan mullatu akka ta'eefi rakkoon jedhame kunis hawaasa Magaalaa Sabbataafi Magaala Buraayyuu biratti gama hundaan kan ibsamu ta'ee ifaatti mullataa jira. Qorannoon kunis dhugaa jiru hanga tokko qaacessee muldhiseera. Haaluma kanaan boqonnaa shan keessatti ammo bifa cuunfaafi guduunfaatiin argannoo bira gahameefi qabxii furmaata ta'uu qabu, qorattuun tarreessite fuula itti aanu keessattiibsatee jirti.

BOQONNA 5

CUUNFAA, GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.0. Seensa

Boqonnaa 4 jalatti ragaaleen madda odeffannoo irraa karaa daawwannaa, aafgaaffiifi maree gareen walitti qabaman yaadirimeewwan boqonnaa 1fi 2 jalatti dhiyaatan waliin walsimsiisuun malleen qorannoo boqonnaa 3 jalatti ibsamaniin qaaceffamanii jiru.

Boqonnaa kana jalatti ammoo, ragaaleen qaaceffamanii turan yaadni isaanii kaayyoowwan qoranichaa irratti hunda'uun cuunfaadhaan dhiyaatanii jiru. Itti dabalaan ammoo, yaadi cuunfaan ibsame guduunfaan erga itti kennamee booda, yaadi yaboo kallattii furmaataa agarsiisuun qinda'ee dhiyaatee jira.

5.1. CUUNFAA

Qorannoo kana keessatti kan irratti xiyyeeffatamee Magaalota Naannoo Finfinnee jiran keessaa Magaalaa Sabbataafi Magaalaa Buraayyuuti. Akkaataa ibsoota madda ragaa qorannichaatti magaalota lamaan kana keessatti, maqaaleen dhaabbata omishaas ta'e raabsitoota bu'aa omishaa, afaan ittiin maqaa moggaafatan, afaan ittiin barreessan ilaalchisee qaawwaan sirrachuu malu akka jiru xiinxaleen jira. Akka Mootummaatti mirgi afaan ofiin hojjechuufi barreessuu yoo kennamees, qaama oogganuun wal qabtee kabajuufi kabachiisuudhaaf harcaatiin itti gaafatama seenaa hordofsiisu jiraachuun isaa ballinaan ka'ee ilaalamee jira.

Dhaabbatni omishaa, raabsaan bu'aa omishaa, akkasumas kenna tajaajila adda addaa irratti kanneen bobba'anii hojjetan, afaan naannoo tajaajilichi itti kennamuun seera moggaasa maqaa Oromoo eeggachuu akka qbuufi ittiin barreeffamu akka qabus qajeelfamni ni mirkaneessa. Akka yaada hayyoota qorannoo dhimma kana irratti adeemsisaniittis, afaanni barreeffamoota beeksisaa qaama aadaafi hawaas dinagdee, jiruufi jireenyaa dhala namaa guyyaa guyyaa ta'ee akka jiru muuxannoo biyyoota adda addaa wal cina qabuun madaallii eegsisanii qorannoon mirkaneessanii lafa kaa'anii jiru.

Bulchiinsa Magaala Sabbataafi Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti maqaa baballina Invastimantiitiin, dureessi alaafi keessaa waggoota digdama kana keessatti ballinaan irratti hirmaatanii eeyyama fudhatanii hojii keessa jiru. Bakka irratti hojjetan kanattis maqaa dhaabbata

isaanii ibsuufi beeksisu akkaataa qajeelfama Afaan Oromoon fayyadamuun osoo hin taanee afaanuma isaaniiti toleefi rakkoo inni geessisu hubannoo keessa hin galchineen barjaa isaanii barreeffatanii mullatu.

Bifa ragaan qorannoo kootii mirkaneesseen, Bulchiinsa Magaalaa Sabbataas ta'e Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti abbootiin qabeenyaa dhaabbata isaaniifis ta'e bu'aawwan omishaa isaaniif maqaa kan isaan ittiin moggaafatan afaan Amaariffa, Ingilizii, Chaayinaa, afaanoota walmakaa kanumti hiikkaan isaa maamila dubbisuuf ammoo kana jedhamee hin ibsamnen ni jru. Haaluma kanaan barreeffamoota beeksisaa hedduminaan maxxanfamanii muldhatan yoo ilaalle, barreeffamoonni kunniin odeeffannoo hawaasa tajaajilamuuf darbuuf barbaadame qofa osoo hintaane bifa magaaloota sanaa jijjiiruun hawaasa Oromoo lakkoofsaan magaaloota kan keessatti heddumaatu kan dhoksa jiru ta'uu agarasisa.

Kana malees, maqaaleen afaan addaa addaatiin waamaman kun bu'urri isaan irratti hunda'an bifa saayinsawaa ta'e tajaajila ykn omishicha ibsachuuf moggaasa hordofe osoo hintaane akkafeteen kaan maqaa namaan, kaan ammo bakka irraa dhufan calaqqisiisuun, kaan ammo jechoota hiikni isaanii ifa hintaane gabaajedhaan fayyadamuun isaanii maqaaleen kun bifa buburree akka qabaatu taasisuu bira darbee dudhaa Afaan Oromoo bifa eegsisuu danda'uun itti fayyadamuuf illee rakkoo ta'ee argamee jira.

Gama birootiin ammo maqaaleen dhaabbilee daldalaa akka feeteen moggaafaman kun eenyummaa keessaa abbootii dhaabbataa sanaa calaqqisiisuun eenyummaa biraa ijaaraa jiraachuun isaa dhiibbaa seenyummaa afaaniifi siyaasa Saba Oromoo magaaloota kanaarraan gahaa akka jiru hubatamee jira. Kana malees maqaalee kana keessa jechoonni ilaalcha siyaasaan walqabatan faayidaarra oolan ummanni Oromoo hakuuccaa kanaan dura keessa darbe yaadachiisu bira darbee mufachiisuun isaanii enyummaa hawaasichaa kan miidhu ta'uun isaa hubatamee jira. Kunis Labsii 199/2008 keewwata 2 jalattii moggaasni maqaafi haali qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo, dudhaa hawaasichaa haala hin miineen ta'uu kan qabu waliin kan walfaallessu ta'ee argamee jira.

Magaalotni lamaan kun; Sabbataafi Buraayyuun carraa magaalaa guddoo Federaalaafi Oromiyaatti marsanii hundeeffamaniin qabatee Investaroota adda addaa biyya keessaafi alaa ofitti hawwachuun ganda industirii guguddaa ofitti qabachuun humna nama hedduus of keessatti

kuufachuu argatte kanaan Afaan Oromoo misoomsuufi guddisuu irrattis akka hojjechuu dandeessuuf carraan yoo tures, garuu, haala ragaa guuramee qaacceffameen yoo ilaalame, hojiin kun hanga barbaadame akka irratti hinhojjetamne argisiisa.

Waluma galaan, qaaccessa ragaa afgaaffifi mare garee xiyyeeffannootiin boqonnaa afur keessatti adeemsifameen Magaalota Sabbataafi Buraayyuu keessatti barreeffamoota beeksisaa dhaabbilee daldalaa keessatti Afaan Oromoon fayyadamuun dhaabbilee/bu'aalee omishaaf afaan kamiin maqaa akka moggaasaniifi barreessan, akkasumas qajeelfamni Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa akka ta'uuf waggaa 27 dura mirkaneeffame attamiin itti hojjetamaa akka jiruufi hanqina hojiirra ooluu dhabuu qajeelfamaan umameen walqabatee miidhaan eenyummaa afaan hawaasicha irra gahaa jiru ilaalchisee Argannoo muldhate akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

5.2. ARGANNOO

Ragaa odeeffannoo irraa ka'uun qorannoo kana keessatti xiinxala taasfameen maaltu akka bira ga'ame, gaaffilee bu'uura qorannichaa hundeeffachuudhaan argannoowwan ifa ta'an akka armaan gadiitti kaa'amani jiru. Argannoowwan kunniinis Bulchiinsa Sabbataafi Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti haala itti faydama Afaan Oromoo dhaabbilee omishaafi raabsitoota bu'aa omishaa magaalota lamaan kana keessatti afaan kamiin dhaabbata isaani akka moggaasaniifi barreessan, akkasumas seerrii mirga Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa akka ta'uuf waggaa 27 dura mirkaneeffame ittiin hojjetamaa jiru ilaalchiseeti.

5.2.1. Afaan Ittiin Moggaafatan Ilaalchisee

- Dhaabbileen daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Bulchiinsa Magaala Buraayyuu keessatti argamani, dhaabbata isaaniifi bu'aalee omishaa isaanii beeksifachuuf maqaan isaan ittiin moggaasan Afaan Amaaraa, Afaan Ingiliiziifi Afaanoota addaa addaan walmakaa malee, Afaan Oromoo akka hintaane adda baheera.
- Abbootiin qabeenyaa baayyee muraasni kanneen Afaan Oromoon dhaabbata daldalaa isaanii maqeesuuf yaalan, afaan walmakaa addaa addaa walkeessa fayyadamuu

isaaniin kan ka'e, maqaan sun ergaan isaa jijjiiramee, maqaa Afaan Oromoo irraa kan maqe ta'ee argamee jira.

- Abbootiin dhaabbile omishaafi raabsitoonni bu'aalee omishaa, dhaabbata isaaniis ta'e bu'aa omisha isaanii beeksisuuf, maqaa dorgomaafi hawaasa baldhaa ta'e biratti fudhatama qabuun moggaasanii fayyadamuun bu'aa guddaaf ofqopheessuurratti, muuxannoo ga'aa ta'e dhabuu.
- Omishaalee irratti, bakki omishaalee bifa ifa ta'een ta'uu dhabuu isaatiin, bakka itti omishaman adda baasuun maqaalee kana qaamni to'atu xiyyeeffanno keessa akka hingalchine gochuun isaa hubatammeera.
- Saayinsii moggaasa maqaa dhaabbilee/omisha daldalaa irraa maquun, hedduminaan maqaa nama dhuunfaa ykn maqaa abbaa qabeenyaan dhaabbata isaanii waan moggaasaniif, afaan maqileen kun ittiin moggafaman xiinxaluufis ta'e to'achuuf qaama to'atuuf rakkoo guddaa akka ta'e adda baheera.
- Dhaabbileen gurguddoo sadarkaa 'A' keessatti haammataaman hedduun isaanii "eeyyama keenya Federaala irraa baafanne; gibiras Federaalaaf kamfalla." kan jedhuun golgamani, Afaan Oromoon maqeessuuf, waan isaan dirqisiisu akka hinjirretti amanuun isaanii bira gahameera.
- Abbootiin qabeenyaa gurguddoo omishni isaanii alergee ta'e hedduun, bu'aalee omishaa isaanii "Afaan Ingiliffaan yoo moggaasen irra caalaatti gabaa adunyaatti dorgomaa ta'a." yaada jedhu tarkaanfachiisuu isaaniitiin, maqilee Afaan Oromoon fayyadamuuf fedhii kan hinqabne ta'uun bira gahameera.

5.2.2. Barjaa/Omisharratti Afaan Ittiin Barreessan Isaanii Ilaalchisee

- Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti yeroo dhiyoo irraa eegalee, dhaabbilee daldalaa hedduun maqaa isaanii barjaalee irratti Afaan Oromoo, Afaan Amaariffaafi Afaan Ingiliffaan walduraa duubaan barreeffatanii kan jiran yoo ta'u, omisha isaaniifi konkollaattoota bu'aalee omishaa raabsan irratti Afaan Amaariffaafi Afaan Ingiliffaan malee, Afaan Oromoon kan barreeffatan tokkollee kan hinjirre ta'uun bira gaahamee jira.
- Barreeffamoonni beeksisaa barjaalee irratti maxxanfamanii jiran, hedduun isaanii afaanoota sadiin haabarreeffamaniyyuu malee, barreeffamoota Afaan Oromoorratti: hanqina qubeessuu (dheeressuun, gabaabsuun, jabeessuun, laaffisuu), jijjiirraa hiika

jechootaa, fayyadama tartiiba caaseffama Afaan Oromoofi hanqina Afaan Oromoo jalqaba irratti guddisani barreessuu akka qabu adda bahee jira.

- Abbootii qabeenyaa biratti, beeksisni maqaa dhaabbata daldalaa/omishaa tokko, adeemsa qubeessuu sirriin yoo hinbarreeffamne, ergaan isaa guutummaatti jijjiiramuun tajaajilamaa omishaa biratti iftoomina dhabuun gabaa xiqqeessuu akka danda'u hubannoon gahaa dhabuu.
- Dhaabbilee daldalaa keessatti dhimmoota addaa addaaf kan dhimma itti bahamu unkawwaniifi dokumentiiwwan barreeffamoota garaagaraa, hojiirra oolaa kan jiran, Afaan Amaaraafi Afaan Igiliziin qofaan kan barreeffaman ta'uun adda baheera.
- Maqileen dhaabbilee omishaafi raabsitoota omishaa tokko tokko gabaajeeewwan hiikni isaanii ifaan hinteenyeen waan moggaafamaniif, yeroo barjaa irratti Afaan Oromoon barreeffamu, Afaan Ingiliffaa ykn Afaan Oromoo ta'uun isaa adda bahuu kan hindandeenye ta'uun bira gahamee jira.

5.2.3. Qajeelfama Moggaasa Maqaa Dhaabbilee Daldalaa Daangessufi Barreeffamoota Beeksis Afaan Oromoo Ilaalchisee Jiru Fayyadamuurratti

- Qajeelfamni akka Mootummaa Naannoo Oromiyaatti bahe kan maqilee dhaabbilee daldalaa daangessu jiraachuu isaa irraatti, qaamoolee to'annoo gaggeessaniin abbootii qabeenyaaf hubannoo gahaa uumuun kan hinjirre ta'uun bira gaahamee jira.
- Qajeelfamni barreeffamoota beeksisaaifi moggaasa maqilee dhaabbilee daldalaa ilaalchisee bahee jiru bu'ura saayinsii ka'umsa godhatee qopha'uu dhabuun isaa, akkasumas barjaa qofa osoo hintaane bu'aalee omishaas giddugaleessa kan godhatu akka ta'e ifatti ta'uu dhabuun isaa, qaama dhimma akana to'atuufi abbootii qabeenyaa birattis iftoominni gahaan akka hinjiraanne hanqina uumuun isaa adda bahee jira.
- Eeyyamni sadarkaa Federaalaatti kennamu yeroo gara naannootti dhufu seera kamiin akka keessuma'uu qabu, akkasumas mirgaafi dirqamni dhaabbata sanarraa eegamu maal akka ta'e qajeelfama keessatti ifatti ta'uu dhabuun isaa to'annaaf qaawwa cimaa kan uume tokko akka ta'e bira gahamee jira.
- Qajeelfama jiru bu'ureffachuun dhimma kana irratti qaamooleen mootummaa hojiin isaanii walitti dhidhataa ta'e (Waajjira Aadaafi Turizimii, Waajjira Investimentii, Waajjira Daldalaa) biratti, qindoominni jiraachuu dhabuun isaa, fayyadama afaaniirratti dhaabbilee daldhalaa to'achuuf rakkoo guddaa akka ta'e adda bahee jira.

- Dhimma moggaasa maqaa dhaabbilee daldalaatiis ta'ee omishaalee irratti qajeelfamni akka safuufi aadaa ummataatitti hinbuune jedhu jiraatu iyyuu, aangoon wanta kana sirreessuufi tarkaanfii fudhachuu danda'uu garuu kan hinjirree ta'uun bira gahameera.

5.2.4. Dhiibbaa Gama Enyummaa Afaanii Irraan Gahe Ilaalchisee

- Maqaaleen dhaabbilee daldalaa akkuma jiruun, Afaan Amaariffa, Afaan Ingiliffa, afaanoota addaa addaan walmakatee moggaafamuufi baldhinaan gabaa keessatti beeksifamaa jiraachuun isaa guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaa guddaa qaqqabsiisaa kan jiru ta'uun bira gahamee jira. Kana malees Afaan Oromoo afaan daldalaa ta'uun, babaldhachuun, afaan hojii Federaa ta'uuf filatamuu irratti dhiibbaa fiduu kan danda'u ta'uun bira gahamee jira.
- Dhaabbileen omishaafi Raabsitoonni bu'aa omishaa hedduun dhaabbata isaanii maqaa nama dhuunfaafi biyya irraa dhufan beeksifachuuf jechoota isaan moggaafataniin eenyumma biro baldhinaan ijaaraa kan jiru ta'uun bira gahamee jira. Kana malees jechoonni kun barreeffama Afaan Oromoon qubeessuuf rakkoo uumaa jiraachuun isaa, guddinaafi dudhaa eenyummaa Afaan Ummata Oromoo irratti dhiibbaa guddaa qaqqabsiisaa akka jiru adda bahee jira.
- Abbootiin qabeenyaa Afaan Oromootiin maqaa dhaabbata/omishaa moggaafatanii yoo beeksifatan, hawaasni baldhinaan achi jiraatu, qabeenyicha jaallatee akka eeguufi baldhinaan akka itti fayyadamu gochuu akka ta'e, akkasumas guddina afaan hawaasa sanaafiss tumsaa kan jiran akka ta'e yaaduu dhabuufi of fayyaduu dhabuun akka jiru adda baheera.
- Afaan tokko afaan daldalaa yoo ta'e, guddina afaanichaa keessatti tumsa inni qabu baayyee ol'aanaa ta'uun isaa, qaamoolee mootummaa dhimma kana to'atan biratti hubannaa gahaa kan hinjirree ta'uun adda bahee jira.

5.3. GUDUUNFAA

Qorannoon kun, magaalota naannoo Oromiyaa magaalaa Finfinneetti marsanii jiran keessaa, Sabbataafi Burayyuu irraatti xiyyeeffachuudhaan Dhaabbileen Omishaa maqaa dhaabbata/omisha isaanii afaan maaliin akka moggaasan, barreessan, akkasumas, daangaa seeraa ittiin ooggan qabaachuufi miidhaa gama dudhaa Afaan Oromoo irratti qaqqabu ilaalchisee ragaa bifa afgaafiin

qaamolee hawaasaa keessaafi ogeeyyii toorichaa, akkasumas maree gareetiin qindaa'e, bifa gurmaa'een qaacceeffamee, haaluma argannoon qorannichaa mulliseen gaaffilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'uun kaa'amee jira.

Akka ragaan Qoranniichaa mullisuttis, Afaan Oromoo moggaasa maqaa dhaabbilee omishaafi raabsitoota bu'aalee omishaa keessatti, haala qajeelfamaan hojiirra oolaa kan hinjirre ta'uufi barreeffama irrattis hanqinaaleen guddaa gama qubeessuun, caaseffamaafi jijjiirraa hiika jechootaan muldhachaa kan jiru ta'uun ilaalamee jira. Kunis eenyummaa guddina afaan hawaasichaa irratti dhiibbaa guddaa qaqqabsiisaa jiraachuun isaa bira gahamee jira. Kanaaf, argannoowwan eeraman kana irratti hundaa'uun yaada yaboo armaan gadiitti kaa'ammee jiru qaamni ilaallatu hundi dirqama gahee bahuu guddina Afaan Oromoof qabuun ofitti fudhatee toora hojii isaa keessatti akka itti gargaaramuuf yaadicha akka armaan gadiitti tarreessuuf yaaleen jira.

5.5.YAADA YABOO

Qorannoo kana keessatti ragaa qinda'ee qaacceeffameen argannoo eeraman irraa kau'dhaan yaadni yaboo qaamolee hojii godhatanii irratti hojjechuu malaniif bifa gabaabaa ta'een akkaataa armaan gadiitti kaa'uuf yaalamee jira.

- Afaan Oromoo akkaataa heddummina dubbataa inni qabuun daran cimsanii guddinaaf ceesisuuf xiyyeefatamee irratti hojetamuu qaba. Kanaaf Waajjiraaleen Aadaafi Turizimii moggasa maqileefi barreeffamoota beeksisa daldalaa irratti xiyyeeffannoo ol'aanaa itti kennuun abbootii qabeenyaaf hubannoo uumuu irratti yoo hojjetan gaarii ta'a. Dabalataanis yeroo rakkoon uumamau qofa irratti duulamuun hojetamuun osoo hin taanee, kalatti hojii qaama hundaa ta'uun qaamoolee mootummaa dhimmi ilaallatu kanneen biroo waliin qindoominaan yoo irratti hojjetame gaarii ta'a.
- Qajeelfamni barreeffamoota beeksisaan walqabatee akka naannootti bahu, bu'aalee omishaas kan ilaallatu ta'uun ifatti ta'uu dhabuun isaa burjaaja'insa uumaa jira. Kana malees eeyyamni sadarkaa Federaalaatti kennamu mirgaafi dirqama naannoo waliin akkamiin walsimee deemuu akka qabu ifa gochuu dhabuun isaa abbootii qabeenya hedduu biratti burjaaje'iinsa kan biraa uumaa jira. Kanaaf fayyadama afaanichaa

ilaalchisee haala ifa ta'een abbootii qabeenyaaf qajeelfamaafi dambiilee garaagaraa irratti baasuun ibsuun barbaachisaadha.

- Akkaadaamiin Qoranno Afaan Oromoo tokko wiirtuu tokko irraa kan Afaan Oromoo ilaalchisee jechoota waaltineessuufi moggaasa maqaaalee gurmeessee moosaajii Afaan Oromoo qopheessuun, jechoota tamsaasuun, jechoonni maqilee dhaabbilee daldalaa sadarkaa Federaalaatti moggaafamanii dhufan jijjiirraa hiika isaaniif kan bakka bu'u achirraa argachuun itti fayyadamuu nama dandeesisu yoo hin ijaaramne, rakkoo qoratanii dhiheessuun qofti furmaata ta'uu waan hindandeenyeef irratti hojjechuun barbaachisaadha.
- Qaamoleen addaa addaa bu'aa qorannoo kanaa bu'uureffachuun hojiitti jijjiiruuf adeemsa hubannoo uumuu keessatti gama baasiin deeggarsa kennuun guddina afaan kanaaf bu'aa buusuu qabu. Akkasumas, hawaasichi seenaafi afaan isaaf quuqamuun rakkoolee mul'atan qaama dhimmi ilaaluuf eeruun rakkooleen kunneen akka beekkamaniifi furmaata argatan gochuu qaba.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa.Yaad-rimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Meeggaa.
- Akindede,D.(2011). *Linguistic Landscapes as Public Communication: A Study of Public Signage in Gaborone Botswana*: Published by Canadian Center of Science and Education.
- Ayub Esmael .(2008). “*Language Use of the Jamican and Rastafarian Community in Shashemene A Sociolinguistical Study*”MA Thesis AAU.
- Appel, R. & Muskey, P. (2005). *Language Contact and Bilingualism*. Amsterdam: Amsterdam university press.
- Backhaus, K., J. and Büschken, M. Voeth. (1996). *Internationales Marketing*.Stuttgart: SchäfferPoeschel .
- Backhaus, P. (2005) *Signs of multilingualism in Tokyo: A linguistic landscape approach*. PhD thesis, University of Duisburg-Essen.
- Backaus, P. (2007). *A comparative study of urban multilingualism in Tokyo*, Clevedon: Multilingual Matters.
- Barni & Machetti. (2015). *Linguistic landscape theory in language learning*. Università Per Stranieri di Siena ,Italy
- Ben-Rafael (2004).*Linguistic Landscape and Multiculturalism: A Jewish-Arab Comparative Study*. Tel Aviv: Tami Steinmetz Center for Peace Research.
- Ben-Rafael, E. (2009). *Linguistic Landscapes: A Sociological approach to the study of linguistic landscape*, in Shohamy, E., & Gorter, D. (eds), 40-54.
- Bernstein, D. (1974).*Creative Advertising*.London: Longman.
- Biiroo Aadaafi turiizimiii Oromiyaa . (1998) .*Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa*. Finfinnee: Mana Maxxansa Birhannaa Salaam.
- Business Names Registration Act (Cth). (2011).
- Booranaa Nugusee .(2016). “*Qaaccessa Barjaa Magaala Gaango’aa Hiika Jijjiirraa Jechoota Afaan Oromoo Irratti Xiyyeeffachuun*” Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffa (MA), Yuunvarsitii Addis Ababaa, kan hinmaxxanfame

- Caples, J.(1994). *Tested Advertising Methods* . Englewood: Prentice-Hall.
- Cf. Kotler, P. (1991). *Marketing Management* 7th edn. Englewood Cliffs: Prentice Hall.
- Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Coche,O., Cadieux,A., and Ronson,J.(2012). *Ofcial Language Policies of the Canadian Provinces*. Canada.
- Cook, G.(1992). *Discourse of Advertising*.London: Routledge.
- Cooper.R.(1976).Government Language Policy.In:Bender,ML.etal.(eds),*Language use in Ethiopia*,187-1901.London:Oxford University Press.
- Creswell, J. W. (2003). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approaches* (2nd ed.).
- Crystal,D .(1989). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambrige University press.
- Crystal, D. (1997). *English as a global language*.Cambridge: Cambridge University Press.
- Daangaa Bayeechaa. (2018). “*Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa:Magaala Sulultaa*” Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa (MA), Yuunvarsiiiti Addis Ababaa, kan hinmaxxanfamne
- Dastaa Dassaalanyi. (2013) .*Bu’uura Qorannoo*.(Max. 2ffaa), Far East Trading PLC.
- Edawars, J. (2009). *Language and Identity*. UK: Cambridge university press.
- E. Kuzelewska.(2016). *LANGUAGE POLICY IN SWITZERLAND*. University of Bialystok: Poland.
- FDRE. (1995). *The constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia*. Addis Ababa: BerhanenaSelam Printing by far East Trading PLC.
- Ferguson, C. A. (1968). *Language Development*. In: J. A. Fishman, C-. A. Ferguson and J. Das Gupta (eds.), *Language Problems of Developing Countries*.New York, Wiley.
- Fishman, A.J.(2004). *Handbook of Language and Ethnic Identity*. New York: oxford university press.
- François Grin1. (1998). *Language Policy in Multilingual Switzerland: Overview and Recent Developments*.

- Gorter, D. (2005). *Three languages of instruction in Frysla^n*. International Journal of the Sociology of Language 171, 5774.
- Gorter, D. (2006). *Linguistic Landscape: New Approach to Multilingualism*/edited by Includes bibliographical references. Printed and bound in Great Britain.
- Gorter,D. and Cenoz,J. (2017). *Language Awareness and Multilingualism*. Third Edition; Springer International Publishing Switzerland.
- Hamer, F.J. & Blancs, H.A. (2000).*Bilinguality and Bilingualism* (2nd ed). Cambridge: Cambridgeuniversity press.
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994.(2008). Finfinnee.
- Holt, D. B. (2003).*Brands and branding*. Boston: Harvard Business School Publishing, No. 9-503-045.
- Kothari,C,R. (2004). *Research Methodology*. Methods and Techniques, 2nd (edt.), India:New Age International Ltd. Publishers.
- Kreutzer, R., (1990).*Global Marketing* .Wiesbaden: Deutscher Universitäts-Verlag.
- Landry, R. and Bourhis, R.Y. (1997).*Linguistic landscape and ethnolinguistic vitality: An empirical study*. Journal of Language and Social Psychology 16, 2349.
- Lanza, E., & Woldermariam, H. (2009).*State ideology and linguistic landscape: Language Policy and globalization in a regional capital of Ethiopia*.
- Linton, R. 1945. *The Cultural Background of Personality*. New York: Appleton-Century.
- McNeal, J. U. and Zeren, L. M. (1981).*Brand Name Selection for Consumer Products*. MSU Business Topics (1981): 35-39.
- Mehl,M.(2003). *Psychological aspect of natural language:Ourwords ourselves*.Austin: Univesity of Texas.
- Milkeessaa Midhaagaa. (2015).”*Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa 1855-2015*.Finfinne,Oromiyaa.
- Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Kattaa.Oogummaa barreessuu*. Finfinnee Oromiyaa.
- Navin Kumar Sing. (2012). *Globalization and Language Policies of Multilingual Societies: Some Case Studies of South East Asia*:

- Norton, B. (1997). 'Language, Identity and the ownership of English', *TESOL Quarterly* 31 (3): 409–29.
- Reh, M. (2004) *Multilingual writing: A reader-oriented typology with examples from Lira Municipality (Uganda)*. International Journal of the Sociology of Language.
- Registrar of Companies Commission of Malaysia.(2017). Guidelines on Company Names.
- Robertson,K. (1989). *Strategically Desirable Brand Name Characteristics*.Vol.6 No. 4.
University of Auckland, New Zealand.
- Sarantakos,S. (2005).*Social Research*. Beiljing:Palgrave Macmillan Ltd.
- Scott, W. and Deirdred, D. J. (2009).*Research Methodology for everyday life*.
Sanfransisco: Jossey Bass Publisher.
- Shohamy, E., Ben-Rafael. (2001).*Linguistic landscape and multiculturalism: A Jewish-Arab comparative study*. Unpublished paper, Tel Aviv University.
- Shohamy, E. (2006). *Language policy: Hidden agendas and new approaches*. New York:Routledge.
- State of Michigan.(2014). Choosing a Business Name www.michigan.gov/corporations.
- Stewart, G. (1967). *Name of the Land.A historica Account place naming in the United States*.
Boston: Houston Milton Company.
- Stephen A. Bahry. (2012). *Language in Afgahanistan's Education Reform: Sense Publishers*.
All rights reserved.
- Stockwell, P. (2002). *Sociolinguistics:A Resource book for Students*. London and New York:
Routledge.
- Wardough, R. (1986). *An introduction to Sociolinguistics*. Oxford: Blackwell.
- Xahaa Maammaa. (2008). “*Qaacceessa IttiFayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Ajaarfaa*” Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa (MA), Yuunvarsitiitii Addis Ababaa, kan hinmaxxanfamne
- Yule, G. (1996). *The study of language*. Cambridge: Cambridge University Press.

DABALEEWWAN 1^{ffaa}

Maqaa Dhaabbilee Daldalaa Bulchiinsa Magaala Buraayyuu

Gabatee B.1. Kanneen A.Ofi Walmakaa Jechoota Ergisaan Dhaabbilee Isaanii Moggafatan

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Keenyaa PP	Pvc
2	Keenyaa Pilaastikii	Pilaastika
3	Olirra Agro Industry	-
4	Kongoo Rayyaa Jimmaa	Qophe

Gabatee B.2. Kanneen A.Afi Walmakaa Jechoota Ergisaan Dhaabbilee Isaanii Moggafatan

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Alam Qibaa	Dibata rifeensaa
2	Yaamrot Food Complex	Nyaata
3	Liradaa Pilastic	Plaastika
4	Ababaa Baltinna	Nyaata
5	Faasil kongoo	Kophe
6	Kokab Zayit	Zayita nyaataa
7	Adey Abeba Zayit	“
8	Absiniyaa Bank	-
9	Maharii Karamela	Karamellaa
19	Lemel Food Complex	Nyaata
11	Bamilak Tireding plc	-
12	Absiniyaa Baltinna	

13	Xiraat Bilooket	Omisha Bilookeeta
14	Genaa Mogos Industir PLC	-
15	Xenawu Alehiny/mabexeriya	Qulqullessa midhanii
16	Fiqer leather war/lethare	Huccuu gogaa
17	Yehibreet Food Complekisi	Nyaata
18	Adis Transformar	-
19	Fikat Giranayit	-
20	Inniyi Investment	-
21	Helen karamella	Karameellaa
22	Habesha siminto	Simintoo
23	Hibirat bank	

Gabatee B.3. A.I tiin Moggaafatan

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Top Karamella	Karamella
2	Few using	Plasitkaa
3	High Level	Omishaa Shiboo elektirka
4	Nile source	Salixii
5	Joy water	Bishan
6	Gang Investiment	-
7	New flower	Isonj
8	Radical pepar	Waraqaa
9	Delta	Bishaan
10	Aqua Addis	Bishaan

11	Triangle Industry	-
12	Solar energy production	-
13	Name power manu	-
14	Gold tsyoon	plastika
15	You Rv sop plasitcas	-
16	House ware mart	-
17	Popular kondate factory	-
18	True Light PLC	-

Gabatee B.4. Maqaa Nama Dhuunfaatiin

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Ali-Qamar	Daakuu
2	Biruk Tariku	Pilaastika
3	Biniyam Xilahun	“
4	Alamituu Raferaa	Muka baqaqsu
5	Mulunee Damalish	Festaala
6	Aliyaa Abbat	Zayita nyaataa
7	Mominaa Daawud	“
8	Argaawu Mulataa	Pilaastika
9	Dinqu Construion	Abaaboo
10	Faleke Indashaw Garment	Huccuu
11	Astu Injeeraa plc	-
12	Ababaa Baltinaa	Nyaata
13	Alamtsahy mulugetaa	Feestaala
14	Zaharaa Yaasinw	Zayita nyaataa
15	Shamibal Mangasha	Salixa qulqulessuu
16	Almaaw Bakalaw	-

	Exp&Imp	
17	Ganbor Abebe	Soolii kophee
18	Amanu'eel Abbaaba	Salixa qulqulessuu
19	Saraa Fiqire	Plaastika
20	Musxafa plc	
21	Halimaa Faayisaa	Zayita nyaataa
22	Taraqaanyi Kasaa	“
23	Mastawat Malikamuu	“
24	Nurit Mokonniniwar	“
25	Lidyaa Badiru kosimotkis	Dibata addaa addaa
26	Bogalaach Aliyeewar	Uffata
27	Amare plastic	Pilaastika
28	Mintasinoot Asarat	“
29	Shafii Mahmud &family	Daakuu
30	Siyuum Dafar	“
31	Kaasuu Asaffaa	Pilaastika

Gabatee B.5. Gabaajee fi Hiika-
Dhabeessa

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	W/ kalsii UL	Plaastika
2	KEF Plastic	“
3	AGP Poveitari plc	-
4	SSN PLC	-
5	TAD-FAM Marble	-
6	UZHNI plastic PLC	plastika
7	ASSH Bottled water factory	
8	ZACH Iindustry plc	Ijaarsa
9	AGP poveitari plc	Nyaata lukku
10	Kaalsii B.M.K	Kaalsii
11	Kompileksii Nyaataa K.O.JJ	Nyaata
12	DK manufacturing w/Huucu	Huccuu
13	A- Z Trading /import&Eport/	-
14	SIK Manufachiring	
15	MsGZ dlour factor /w/dakuu	
16	F. Z	Albuda Iminabradii
17	HJHTE PLC	Pilaastika
18	Sonatik Indu.plc	-

19	S A S A plastics factory	Plastika
20	R Bmd Electrical PLC	-
21	Esd mafc.plc /W/Abayi qalami/	Dibata manaa
22	Z-F plc	-
23	M.S.G.Z.plc /Itiyo dakuu/	Daakuu nyaataa
24	KAF W/plastika	Plastika
25	MDV plastic factarare	Pilastika
26	WRY Businass	Meeshaalee Electroniksi
27	karaamella NB PLC	Karameellaa
28	EI Genereting plc	
29	Eeoen WRYBusinass	Meeshaalee Electroniksi
30	Al- Ahel Treading	Bilookeeta

Gabatee B.6. Afaanoota Biroo

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Pilastikaa Zamraa	Pilaastika
2	Herna Qibat	Dibata rifensa
3	Samakaa ston	Albuuda
4	China Wo YI co-LTo	-
5	Birdilibsii Yowedaad	Uffata
6	Alef Business I.G.M	-
7	Hime Internationl pp	-

8	Minitu R/O/of/mabxariya/	-
9	Yufoo Plastic	Plastika
10	Jank Constraction	Ijaarsa
11	Koker Qibat	Dibata rifensaa
12	Hong Div manufacture	-
13	Tedfam Marble	-
14	Kebrom Foom	Firaashii
15	Pilastikaa Zamraa	
16	Mashoobiyaa /daakuu	Daakuu nyaataa
17	Daakuu Al-Hamduu	“
18	Kompileksii Nyaataa BOOEZ	Gosa nyaata addaa addaa
19	Pilastikaa Joing Feng Hang	Pilastika
20	Hufeng PLC	-
21	Gang Investiment	-
22	Jank Constraction	Ijaarsa
23	Laoyon Plastic	Plaastika
24	Helewo PLC	Karamellaa
25	Alisha Maining PLC	-

26	Ispoonjii Paaboonii	Ispoonjii
27	karameellaa Halayoo	Karamellaa
28	Fuzng w/ plasitikaa	Plastika
29	Garbal waar/minxafii	Afata lafaa
30	Akilasii Alumniyam fi dawutii	Albuuda
31	Alnur Export & Inport	-
32	Yabok Plasticil Factory	Pilaastika
33	Bafirkoot Baltina	Nyaata
34	Warshaa daakuu Aagaappee	Daakuu nyaataa
35	W/sha Daakuu Al- hamdu	
36	Kelarm jibsamii	Albuuda /jibsamii

Maqaa Dhaabbilee Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa

Gabatee S.1. Kanneen A.Ofi walmakaa jechoota ergisaan Dhaabbilee Isaanii Moggafatan

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Laftoo roses PLC	Abaaboo
2	Kuniis Barii Water Bottling	Qaruuraa
3	Boni food complex	Nyaata
4	Biiraa Meettaa Abboo PLC	-
5	Gulallee Plastic PLC	Pilaastika
6	Marsi moyii industry p.l.c	PVC

Gabatee S.2. Kanneen A.Afi walmakaa jechoota ergisaan Dhaabbilee Isaanii Moggafatan

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Selam flower	Abaaboo
2	Addis katama factory	Karamellaa
3	Zermulaa Inter.	Huccuu
4	Makab (Zalash)	Dibata rifensaa
5	Taqwaam trading plc	Ijaarsa
6	Ayikaa Addis	Huccuu
7	Fresenbet PLC	-
8	Aklile PLC	Pilaastika
9	Tasfaazer PLC	Pilaastika
10	Hibret bank PLC	-
11	Wagash construction	Ijaarsa
12	Birhaan cosmetices	Dibata addaa addaa
13	Bisraat PIC	-

Gabatee S.3. A.I tiin moggaafatan

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Reconstruction & dev. Inter	Abaaboo
2	Eth-Highland	Abaaboo
3	Trans world	Juusii
4	Capital Cement	Simminttoo
5	Eco – plastic	Pilaastikii
6	Emerald De/vt	Zayita
7	Oxford Amalgamated	Waraqaa
8	Oxford Amalgamated	Qaraciitii
9	Oxford Amalgamated	Industrii
10	Nail Food & Fac.	Nyaata
11	Tirans World PLC	Jirbii
12	Capital Bus. PLC	Waraqaa
13	West paper relyching	Waraqaa
14	King of the road PLC	Ijaarsa
15	Petra P.L.C	Saamunaa
16	He king shoe	Kophee
17	Tracon Trading PLC	Buna qophessuu
18	Petra PLC	Jusii

19	Tech-Agro Ethiopia	Juusii
20	Mars food complex	Biskutii
21	Ker Pilaastik	Pilaastika
22	Royal Foom	Fiiraashii
23	Unique water	Bishan
24	Origin water	Bishan
25	Promise Water Pasfik Industry	Bishaan
26	One water	Bishan
27	Ok-spring water	Bishaan
28	Nova water	Bishan
29	Yes Brand & Bev	“”
30	Silver Star	Distii
31	Best Plastic	Pilstika
32	Sand M –ogle	-
33	Family Modern tread.	Pilaastika
34	Vir General trading PLC	Industry
35	Business Bay GNS PLC	Huccuu gogaa
36	Bright PLC	Steel Melting
37	Bright Vision	Kaartoonii

Gabatee S.4. Maqaa Nama
Dhuunfaatiin

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Husen Imnabarad	Imnabaradii
2	Andu'alem Abara	Bilokeetii
3	Adam Ummar	Ijaarsa
4	Abbaa Hawaa trading	“
5	Amaan Waraqee	“
6	Almaaz Waqawayyaa	“
7	Abdurahiman Bahaaru	Pilaastika
8	Alamayoo Nigusee	Qorqoroo
9	Abaayina Tsigee	Permuzii
10	Bahaaruu Abiraaham	Laastika bishaanii
11	Biruuk Mabiraatu	Pilaastika
12	Akiikoo Siyuum	Huccuu
13	Baqaaluu Beezaw	Dibata addaa addaa
14	Baharuu Abraaha	Plaastika
15	Faasiil Makuriyaa	Biskutii
16	Habtamika'el PLC	Ijaarsa
17	Indaala Tasfaaye	Pilaastika
18	Indaashaw	Pilaastika

	Taaddasaa	
19	Indaashaw Mollaa	Sibilaafi pilastika
20	Jamaal Awal	Industiry
21	Jamaal Nagaash	Industiry
22	Kindiyaa G/gorgis	Hojii mukaa
23	Kadir H/Haasen	Flour
24	Mohammad Shiikuri	Ijarsa
25	Muluqan Wayinuu plastic	Pilastika
26	Mulugeeta Araddaa	Industiry
27	Miftuh Abdulgaafar	Manuf.
28	Mohammad waraaqee	Industiry
29	Sisaay Tasfayee	-
30	Sisaay Tasfayee	Pilaastika
31	Sa'id Hasan	Huccuu
32	Tufaashayii fi ijolee isa	kophee pilastikaa
33	Usmaan Mahaammad	Waraqaa
34	Umar Huseen	Waraqaa
35	Warquu Shiraggaa	Industry
36	Zawudinash Taaddala	Kophee
37	Zannaba Fireew	Mismaara

38	Taqwaam trading plc	Indusrtly
39	Saaraa Abarraa	Garment
40	Biniyam Xilahun	Plalsitiki
41	Mikaa'el Takilee	Manuf.
42	Sintaayoo Tasfayee	PP wover bags
43	Jafar fi muzayen Con.	Industiry
44	Saahilee Siyyuum	Garment
45	Andu'allam Abaraa	Blocks
46	Warqinaa Wainu damboba	Industry

47	Wudinash Shimaket Ayida	Industry
48	Mangistuu Baayisaa	Manuf.
49	Indaashaw Mangistu	Garment
50	Tsagaayee G/maanas	Marble product
51	Takkaliny Hundee	Garment Factory
52	Musiliyaa sanii gen.Tir	Tea procissing

Gabatee S.5. Gabaajee fi hiika-dhabeessa

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	DES general trading	Metal
2	BMG PLC	Leather
3	ESF PLC	Plastic
4	ET general Imp. PLC	Furniture
5	Family Modern trad.	Plastic
6	GM PLC	Furniture
7	HESA international	food comlex
8	GUO peiyum	Sanitary
9	Orchid business	Car assembly

10	BMS trading PLC	-
11	ABM Indus. PLC	cooling system
12	Eco- safe	Laundry
13	A.E.A P.L.C	Industry
14	2MN Gen.Tireding	PVC
15	A.E.A P.L.C	Industry
16	BMET Cable	Cable
17	HNM PLC	Modes
18	KAKI PLC	Car asepe.
19	S.G.A. 2000 PLC	Almuniam profile
20	AFTCO	plastic packing

21	SAZ General Trad.	Gar.facto
22	3F PLC	Plastic
	23. Xiong	Shaanii

Gabatee S.6. Afaanoota Biroo

T.L	Maqaa Dhaabbilee	Omisha
1	Ashibaat PLC	Alumunim
2	Jjiahong wang textile f	Textile
3	Pankach Kumar	Cosmetics
4	Patel vinay kumar	Manufacture
5	Labora int. trading PLC	Medical equipment
6	Inkor Hotel	Hotel
7	Mahavir ind. pLC	Textile
8	lotus plastic factory	pet performs
9	Hong tian hong	Reastic roducors
10	Bazkam Agro- ind. Plc	Industry
11	Muawia Ecberier	“
12	Markaant Indus. PLC	“
13	Obadi International	Industry
14	Hadmas Hotel	-
15	Roha Pack put LTD	Industry
16	Rambbeko PLC	Industry

17	Ramzii Ibrahiim	Industry
18	lotus plastic factory	car body
19	Hua Huahong Textile factory	Textile
20	Kaynak Ed medical service	Scholl
21	Jiadong wang tex.	Textile fac.
22	Saron agro farm PLC	Flower farm
23	Yalkonah flower	flower
24	Hardim plc	melting metal
25	Amal trading PLC	Seeds & Pulses
26	Waliyaa Steel Industirii	Waliyaa Steel Industirii
27	Ayiman Duket	Ayiman Duket
28	Heng Sen Lumber Man.	Lumber
29	Al-entisar Ge. PLC	-
30	Orchid Bus.Gr.PLC	-
31	Kurtu International PLC	-
32	Selewaa PLC	Karamella
33	Yong Xu	Plastic
34	pengifie Wood Manufacturing	chip wood
35	Atina Plastik	Plastic
36	Shaorang Furniture	Furniture
37	Mabr fowd PIC	Plastic

DABALEEWAN 2^{ffaa}

1. Omishaalee Bishaan Dhugaatii




2. Dhaabbata tajaajila Nyaataafi Dhugaatii, Omishaalee Gosa Nyaataafi Dhugaatii



3. Kanneen Pilaastika, Firaashii, Huccuufi Waraqaa Adii Omishan





4. Kanneen Meeshaalee Ijaarsaa Omishan





5. Dibata Rifeensaa



DABALEEWWAN 3^{ffaa}

Dabalee-Afgaaffii

Moggaasni maqaalee dhaabbilee/omisha daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Sabbataafi Buraayyuu keessatti maal akka fakkaatu ilaaluuf, qaamoolee dhimmisaa ilaallatu adda addaatiif kaayyoo qorannichaa ibsuun gaaffiin afaanii dhiyaateefii jira. Haaluma kanaan abbootii qabeenyaaf gaaffiileen kudhan (10) Waajjira Aadaafi Turizimiitiif, gaffiileen saddeet (8) Waajjira Inestimentiif gaaffilee shan (5) Waajjira Daldalaatiif gaaffiilee shan (5) kan dhiyaate yoo ta'u, walumaagala gaaffiileendigdamii saddeet (28) dhiyaatanii jiru.

DABALEE- 3.1

Yuunvarsitii Finfinnee

Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

I. Afgaaffii Abbootii qabeenyaa/bakka bu'ota dhaabbilee daldalaa Magaalaa Sabbataafi Buraayyuuf Dhiyaate

Maqaan koo-----jedhama. Kanan dhufe Yunivaristii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo, Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta'u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree "Xiinxala Maaalee Dhaabbilee Daldalaa" jedhurrattan hojjechaa jira.

Kaayyoon Qorannoo Kootiis, abbootiin qabeenyaa, dhaabbilee daldalaaf, akkasumas omishaalee isaaniif yeroo maqaa moggaasan Afaan Oromooti fayyadamuu ilaalchisee hanqinoota jiranifi maqaa moggaasan sana immoo omisha irratti ykn barjaa irratti afaan akkamii fayyadamanii akka barreessan addan baasuun, hanqinoonni muldhatan maddi rakkoo isaanii maaliiraa akka ta'e bira gahuudha waan ta'eef, deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galateeffachaa, deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa waan qabuuf, odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabaja guddaan isin gaafadha.

II. Odeeffannoo Waliigalaa

1. Iddoo jireenyaa. Magaalaa, _____ Ganda _____
2. Umrii, _____ Dhi _____ Du _____
3. Sadarkaa barnootaa, _____
4. Gahee hojii _____
5. Maqaa dhaabbilee daldalaa _____

III. Gaaffii Biroo

1. Maqaa dhaabbata keessanii akkasumas maqaa omisha keessanii afaan kamiin moggaastu? Sababni isaawoo?
2. Omisha keessanifi tajaajila kennitan beeksisuuf Barjaaleefi omisha irratti afaan kamiin barreessitu?
3. Maqaa dhaabbataaf akkasumas omisha keessaniif yeroo moggaastan qajeelfama bu'ureffattan qabdumoo fedhuma keessaniin moggaastu?
4. Afaan hojii naannoon fayyadamuu ilaalchisee labsiifi qajeelfamni akka jiru beektuu?
5. Dhimma kanarratti waajjira aadaafi turizimii waliin qindoomina akkamii qabdu?
6. Afaan Oromootiin yoon omishakoofi tajaajilakoo beeksise bu'aa guddaa naaf fida jettanii yaaddanii beektuu?
7. Barreeffama dhaabbileefi bu'aa omisha keessanii kana isintu barreessee gara mana maxxansaa geessa moo afaaniin worra mana maxxansaatti itti himtanii isiniif barreessuu?
8. Rakkoolee ijoo fayyadama Afaan Oromoon walqabatee hojii daldalaa keessatti isiin muudate jiraa? Maal fa'a?
9. Barreeffama beeksisaaf barjaa irratti maxxanfaman keessatti rakkoon gamafayyadama Afaan Oromoon mul'atu kun maalirraa madda jettanii yaaddu?
10. Adeemsa hojii daldalaa keessatti itti fayyadama afaanii irratti yaadni fooyya'uu qaba jettanii yaaddan maali?

Deeggarsa Naaf Kennitaniif BaayyeeUlfaadha!

DABALEE- 3.2

Yuunvarsitii Finfinnee

Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

I. Afgaaffii Waajjira Aadaafi Turizimii Magaalaa Sabbataafi Buraayuuf Dhiyaate

Maqaan koo-----jedhama. Kanan dhufe Yunivaristii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo,Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta’u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree “Xiinxala Maaalee Dhaabbilee Daldalaa” jedhurrattan hojjechaa jira.

Kaayyoon Qorannoo Kootiis,abbootiin qabeenyaa, dhaabbilee daldalaaf, akkasumas omishaalee isaaniif yeroo maqaa moggaasan Afaan Oromooti fayyadamuu ilaalchisee hanqinoota jiranifi maqaa moggaasan sana immoo omisha irratti ykn barjaa irratti afaan akkamii fayyadamanii akka barreessan addan baasuun, hanqinoonni muldhatan maddi rakkoo isaanii maaliiraa akka ta’e bira gahuudha waan ta’eef, deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galateeffachaa, deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa waan qabuuf, odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabaja guddaan isin gaafadha.

II. Odeeffannoo Waliigalaa

1. Iddoo jireenyaa. Magaalaa,_____ Ganda_____
2. Umrii, _____ Dhi_____ Du_____
3. Sadarkaa barnootaa,_____
4. Gahee hojii_____
5. Maqaa dhaabbilee daldalaa_____

III. Gaaffii Biroo

1. Magaala kana keessatti moggaasni maqaalee dhaabbilee/omisha daldalaa hawaasa Oromoo naannoo kanaa nicalaqqisiisaa?
2. Abbootiin qabeenyaa magaala kanaa dhaabbata, omisha, tajaajila kennan beeksisuuf Afaan Oromootiin ni barreessuu?
3. Qajeelfama moggaasaafi barreeffama beeksisaa dhaabbilee daldalaa ittiin to’attan qabduu?
4. Waajjira keessanitti qaamni kana to’atuufi dhimma labsiifi qajeelfamaa irratti abbootii qabeenyaaf hubannoo uumu jiraa?

5. Barreeffama beeksisaa abbootiin qabeenyaa barjaafi omisha irratti maxxanfatan waajjirri keessan nigulaalaa?
6. Namoota yookiin dhaabbilee daldala Afaan Oromootiin hin fayyadamne irratti tarkaanfiin fudhatamu kan akkamiiti?
7. Waajjira Investimentiifi Daldala waliin dhimma fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee qindoominaan nihojjettuu?
8. Rakkooleen gama fayyadama Afaan Oromootin Magaala kana keessatti muldhatu guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaa akkamii fida jettanii yaaddu? Dudhaafi eenyummaa Saba Oromoo irrattiwoo?

Deeggarsa Naaf Kennitaniif BaayyeeUlfaadha!

DABALEE- 3.3

Yuunvarsitii Finfinnee

Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

I. Afgaaffii Waajjira Daldalaa Magaalaa Sabbataafi Buraayuuf Dhiyaate

Maqaan koo-----jedhama. Kanan dhufe Yunivaristii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo,Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta’u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree “Xiinxala Maaalee Dhaabbilee Daldalaa” jedhurrattan hojjechaa jira.

Kaayyoon Qorannoo Kootiis,abbootiin qabeenyaa, dhaabbilee daldalaaf, akkasumas omishaalee isaaniif yeroo maqaa moggaasan Afaan Oromootti fayyadamuu ilaalchisee hanqinoota jiranifi maqaa moggaasan sana immoo omisha irratti ykn barjaa irratti afaan akkamii fayyadamanii akka barreessan addan baasuun, hanqinoonni muldhatan maddi rakkoo isaanii maaliiraa akka ta’e bira gahuudha waan ta’eef, deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galateeffachaa, deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa waan qabuuf, odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabaja guddaan isin gaafadha.

II. Odeeffannoo Waliigalaa

1. Iddoo jireenyaa. Magaalaa,_____ Ganda_____
2. Umrii, _____ Dhi_____ Du_____
3. Sadarkaa barnootaa,_____
4. Gahee hojii_____
5. Maqaa dhaabbilee daldalaa_____

III. Gaaffii Biroo

1. Abbootii qabeenyaaf eeyyama daldalaa yeroo kennitan maqaa dhaabbata isaanii afaan kamiin galmeessitu?
2. Eyyama daldalaa yeroo kennitaniifi yeroo galmeessitan daldaltoonni Afaan naannichaatiin fayyadamuun dhaabbata isaaniifi omisha isaanii beeksifachuu akka qaban ni ibsituu?
3. Qajeelfamni fayyadama Afaan Oromoo maqilee dhaabbilee daldalaa/barreeffamoota beeksisaa keessatti maal ta’uu akka qabu ibsu jiraachuu isaa beektuu?

4. Dhimma kana irratti Waajjira Aadaafi Turizimii magaala keessanii waliin qindoominaan nihojjettuu?
5. Hanqinni Afaan Oromoo beeksisa daldalaa keessatti fayyadamuu waliin walqabatee muldhatu dhiibba inni hawaasa Oromoo magaala kanaa irratti qaqqabsiisu maalfaadha jettanii yaaddu?

Deeggarsa Naaf Kennitaniif BaayyeeUlfaadha!

DABALEE- 3.4

Yuunvarsitii Finfinnee

Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

I. Afgaaffii Waajjira Investimentii Magaalaa Sabbataafi Buraayuuf Dhiyaate

Maqaan koo-----jedhama. Kanan dhufe Yunivaristii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo,Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta’u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree “Xiinxala Maaalee Dhaabbilee Daldalaa” jedhurrattan hojjechaa jira.

Kaayyoon Qorannoo Kootiis,abbootiin qabeenyaa, dhaabbilee daldalaaf, akkasumas omishaalee isaaniif yeroo maqaa moggaasan Afaan Oromootti fayyadamuu ilaalchisee hanqinoota jiranifi maqaa moggaasan sana immoo omisha irratti ykn barjaa irratti afaan akkamii fayyadamanii akka barreessan addan baasuun, hanqinoonni muldhatan maddi rakkoo isaanii maaliiraa akka ta’e bira gahuudha waan ta’eef, deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galateeffachaa, deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa waan qabuuf, odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabaja guddaan isin gaafadha.

II. Odeeffannoo Waliigalaa

1. Iddoo jireenyaa. Magaalaa,_____ Ganda_____
2. Umrii, _____ Dhi_____ Du_____
3. Sadarkaa barnootaa,_____
4. Gahee hojii_____
5. Maqaa dhaabbilee daldalaa_____

III. Gaaffii Biroo

1. Abbootii qabeenyaa lafa investimentii fudhachuuf eeyyama qabatanii gara keessan yeroo dhufan afaan kamiin maqaa dhaabbata/omisha investimentii isaanii galmeessitu?
2. Abbootii qabeenyaaf lafa investimentii yeroo kennitan Afaan naannichaatiin fayyadamuun dhaabbata isaaniifi omisha isaanii beeksifachuu akka qaban ni ibsituu?
3. Qajeelfamni fayyadama Afaan Oromoo maqilee dhaabbilee daldalaa/barreeffamoota beeksisaa keessatti maal ta’uu akka qabu ibsu jiraachuu isaa beektuu?
4. Dhimma kana irratti Waajjira Aadaafi Turizimii magaala keessanii waliin qindoominaan nihojjettuu?

5. Hanqinni Afaan Oromoo beeksisa daldalaa keessatti fayyadamuu waliin walqabatee muldhatu dhiibba inni hawaasa Oromoo magaala kanaa irratti qaqqabsiisu maalfaadha jettanii yaaddu?

Deeggarsa Naaf Kennitaniif BaayyeeUlfaadha!

DABALEE- 3.5

Yuunvarsitii Finfinnee

Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

I. Qabxii Gaaffii Maree Xiyyeeffanoo

Maqaan koo-----jedhama. Kanan dhufe Yunivaristii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo,Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta’u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree “Xiinxala Maaalee Dhaabbilee Daldalaa” jedhurrattan hojjechaa jira.

Kaayyoon isin waliin mariyachuu barbbadeef, dhaabbilee daldalaa magaalaa kanaa keessatti dhaabbataafi omisha isaanii beeksisuu irratti rakkooleen gama fayyadama Afaan Oromootiin muldhatan dhiibbaa inni afaan, aadaafi eenyummaa saba Oromoo nannoo kanarraan gahu maal ta’uu akka danda’uu mariidhaan addaan baafachuufi magaalii kun dur irraa eegaltee hundeeffamni ishee maal akka ture sochii daldalaa waliin walqabatee haalli qabatamaa amma jiru immoo maal akka fakkaatu addaan baasuufi. Kanaaf deeggarsaafi fedhii marii gaaffii koo irratti hirmaachuuf qabdaniif duraan dursee isinan galateeffachaa, yaada qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa waan qabuuf, odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniifi marii gaarii akka taasisnu kabaja guddaan isin gaafadha.

II. Gaaffii Marii

1. Haala Hawaa Oromoo naannoo kanaa jiraataa turefi hundeeffama Magaalaa kanaa ilaalchiess naa ibsaa mee.
 - 1.1.Qomoon as jiraachaa turan eenyu fa’aadha. Naa tarreessaa mee.
2. Mogaasa Maqaa dhaabbata daldalaa amma argitan, sirna moggaasa maqaa aadaa Oromoo waliin wal bira qabdani waa naa ibsuu dandeessuu.
 - 2.1.Moggaasi kun eenyummaa Oromoo irratti miidhaa maalii qaba jettu, attamiin ifas. Mee sirriiti wal bira qabuun naa ibsaa.
 - 2.2.Dhuma irratti yoo itti dabalame jettanii waan yaaddan yoo jiraate dubbachuu ni dandeessu.

Raga odeef-kennitootaa marii garee irratti hirmaatan

T.l	Maqaa guutuu	korniyaa	Umurii	Ganda	Sadarkaa Barnootaa
1					
2					
3					
4					
5					
6					
7					
8					
9					
10					

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaakootii ta'usaafi kitaaboolee qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii haala seeraqabeessa ta`een fudhadhee wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneeesseera.

Maqaa Qorattuu _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Ani Dr. _____ waraqaa qoraannoo kun haala seera qorannoo eegee kan kan qopha'e ta'uu isaafi ofittisuuf muummeef galuu kan danda'uuta'uu, mallattoo kootiin mirkaneeesseera.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____